# QAACCESSA ERGAA FAARUU HAADHA DEESSUU MULLISAN:AANAA ADA’AA BARGAA

**WUBAAYYOO OLAANIITIIN**

**YUUNIVERSITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

# QAACCESSA ERGAA FAARUU HAADHA DEESSUU MULLISAN: AANAA ADA'AA BARGAA

**QORATTUUN: WUBAAYYOO OLAANII**

**GORSAAN: XILAHUUN TALIILAA(PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVERSITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

**YUUNVARSIITII ADDIS ABABAA**

**DHAABBATA DIGIRII DURAA BOODDEE**

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofo ogbarruu barsiisuun Guuttachuuf Wubaayyoo Olaanii Mata Duree: "Qaaccessa Ergaa Faaruu Haadha Deessuu Mullisan: Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ada'aa Bargaa" Jedhuun qophaa'e,Sadarkaa Yuunivarsiitiin kaa'e Guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa______________________________Mallatoo______Guyyaa______

Qoraa______________________________Mallatttoo______Guyyaa_____

Gorsaa______________________________Mallattoo______Guyyaa____

---

Itti Gaafatamaa Muummee yookiin Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

## Axereera

*Qorannoon kun ergaa faaruuwwan Oromoo haadha nama deesse ibsan irratti xiyyeeffata. Kaayyoon guddaan qorannichaas ergaa faaruu haadha deessuu mul'isan:Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ada'aa Bargaa keessatti dhimmoota haadhaan walqabatanii ibsaman qaaccessuudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf maddi ragaa qorannoo kanaaf odeeffannoon irraa funaaname madda ragaa tokkoffaa yemmuu ta'u, isaaniis, hawwan, jaarsolii Aanaa Ada'aa Bargaa keessa jiraataniifi ogeessota waajjira aadaafi tuuriizimii kanneen waa'ee faaruu haadhaa kana gadifageenyaan beekaniidha. Mala iddatteessuu miti carraa keessaa iddatteessuu akkayyoofi darbaa dabarsaa gargaaramuun filatamaniiru. Meeshaalee funaansa ragaa qorattuun itti fayyadamtees,afgaaffii, daawwannaafi marii gareetiin dhimma bahuun funaanamera. Gosti qorannoo kanaas qorannoo akkamtaa yemmuu ta'u, ragaaleen argamanis mala ibsaatti fayyadamuun haala yoomessaafi ergaa isaaniitiin qaacceffamanii dhiyaataniiru. Argannoowwan qorannoo kanaa akka ibsanitti, Faaruun haadhaa kallattii adda addaatiin dhimmoota haadha waliin wal qabachuun ibsaman af walaloofi yeedaloon dhiyaatee falaasama hawaasichaa kan mul'isuufi tokkummaa hawaasaa kan cimsudha. Safuu hawaasichaa ni barsiisa. Akkasumas hojiif wal kakaasuf, wal qeequuf, amala gadhee dhuunfaafi gareen mul'atu to'achuuf qooda guddaa akka qabu qorannoo kanaan bira ga'aamee jira. Faaruuwwan waa'ee haadholii ibsan kunneenis dubartoonni hawaasa keessatti hawaasummaa, kabaja, jaalala, ogummaafi ga'ee olaanaa qabaachuu isaaniif odeeffannoo qarannoo kanaaf walitti qabaman ragaa ba'aanii jiru. Kana malees, haadholiin hawaasa bal'aafi maatii isaaniin jaalatamoofi kabajamoo ta'uu isaanii qorannoo kana keessatti eeramee jira. Akkasumas haadholiin hawaasa keessatti akka lafee dugdaatti murteessoo akka ta'aniifi fakkoommiin akka ibsaman xiinxallii afoola garagaraa bu'uura godhachuun mul'ateera. Kanaafi kanneen kana fakkaataniif waan fayyaduuf ergaa faaruu haadhaa akka duriitti deebisuun yoo dadhabamellee, barreeffamaan ol kaa'uun hawaasichi akka irraa baratu gochuun barbaachisaadha.*

# GALATA

Hunda dura gorsaa koo nuffiifi dhibaa'ummaa tokko malee beekumsaafi muuxannoo qabu otuu hinqusatiin qorannoon kun bifa kana qabatee akka qophaa'uuf jalqabaa hanga dhumaatti na deeggare Dr. Xilahuun Taliilaa galanni koo onneerraa madde isa haaqaqqabu. Kana malees, yeroon qorannoo kana gageessaa turetti yeroo isaanii aarsaa gochuun kanneen ragaalee naaf gumaachan maanguddoota Aanaa Ada'aa Bargaatiif galatni koo guddaadha.

Itti aansuun, barnoota kana akkan baradhuuf yaada jajjabinaa naaf kennitee, yeroon dhiphadhu na faana dhiphattee, yeroon dhukkubsadhu nafaana dhukkkubsattee, akka hadhaas akka abbaas taatee nuffe otuu hinjedhiin na gargaartee sadarkaa kanaan na geesse obboleettiikoo Daadhii Olaanii galata argadhu! Sin kabaja; sin jaalladhas! Akkasumas, yeroo isaa baay'ee dhiphaa osoo naaf hin mararfatiin yaada, muuxannoofi jajjabina naaf kennuun kan na cina dhaabbate obboleessakoo Waaqwayyaa Olaaniif galannikoo guddaadha. Akkasumas, abbaa manaakoo Balaay Tasammaafi hiriyyoottan koo yaadaanis ta'e gochaan gumaacha guddaa naaf taasisan Hinseenee Gammachuu, Warqinesh Qeruu, Baaccuu Lammeessaafi Suutumaa Nagaasaa galanni koo onneerraa madde bakka jirtanittiisin haa qaqqabun jedha.

## Jibsoofi Hiika Jechootaa

Jechoonni tokko tokko haala galumsa isaaniitiin hiika gara garaa qabaachuu danda'u.Jechooonni armaan gadii qorannooo kana kessatti hiika laatameef kana akka qaban dubbistoonni qorattuu kanaaf haahubatan.

Abaayyee……………………….. harmee,aayyoo

Boosoo…………………………. dubartii kaamettii hin taane

Coora………………………… . Qomoo Galaan

Dalaguu………………………… jeekkaruu ykn faarsuu

Dilbii……………………………Midhaan yeroo dheeraaf kuufame

Guura ………………………… Gosa

Haadhoo………………………Angafa (bu'ura waan hundaa)

Hoboo………………………… Qomoo Bachoo

Ilka…………………………… kan akka qubeelaatti quba harkaatti naqatamu

Jagna…………………………. ilmoo

Jagnakee………………… …. Ilmaankee

Jila…………………… …..Guyyaa kabaja dhimma tokkoof qophaa'u

Lagoo…………………………yeroo hunda kan nama biraa hin dhibamne

Lichee…………………………Ulee loon ittiin tiksan

Madaala………………………Qabee

Maggala………………………Naanna'a, deemsa bareedaa ibsuuf

Masoo…………………………Maqaa jaalalaa ykn maqaa manaa

Muuduu……………………….. Dhadhaa dheedhii ykn dhaddaanoo adda horiitti dibuu

Qooqaan natti aggaami………….Afaaniin natti dubbadhu

Saddeeta……………................ Kutaa, gaabii jirbiirraa arbi dhooftuun tolfamee abbaan manaa uffatee boonu.

Samaa…………………………Dhadhaa urgooftuun sukkuumamee urgaa'eefi kuufame

Shaattaa……………………………Meeshaa lolaa goraadeefi kan akka gaachanaa fa'a.

Sifa…………………………………Nyaatamee namaa tola (sifaaya)

Singiggittii…………………………Kan gochaan ishee hawaasa biratti fudhatama hin qabne.

Sissiqxittii………………………… Sagaagaltuu

Waancaa……………………………Meeshaa buquriin dhibaayyuu itti dhiyaatu

Wadaroo……………………………Haada(funyoo), foo’aa

Wandaroo…………………………Dhangaa ateetee looniirratti dhiyaatu.

## BAAFATA

**QABIYYEE** **FUULA**

Axereera ........ i
Galata ........ ii
Jibsoofi Hiika Jechootaa ........ iii
Boqonnaa Tokko: Seensa ........ 1
1.1 Seenduuba ........ 1
1.1.1 Ibsa Naannoofi Moggaasa Maqaa Aanaa Ada’aa Bargaa ........ 3
1.1.2 Haala Argamaafi Teessoo Aanaa Ada’aa Bargaa ........ 4
1.1.2.1 Haala Qilleensaafi Bakkeewwwan bebbeekamoo ........ 5
1.1.2.2 Baayyina Uummataa Haala Amantiifi Afaan Uummata Aanichaa ........ 6
1.2 Ka’umsa Qorannichaa ........ 6
1.3 Kaayyoo Qorannichaa ........ 8
1.3.1 Kaayyoo Gooroo ........ 8
1.3.2 Kayyoo Gooree ........ 8
1.4 Barbaachisumma Qorannichaa ........ 9
1.5 Daangaa Qorannichaa ........ 9
1.6 Hanqina Qorannichaa ........ 10
1.7 Qindaa’ina Qorannichaa ........ 10
Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu ........ 12
2.2 Fookiloorii ........ 12
2.3 Gosoota Fookiloorii ........ 13
2.3.1 Afoola ........ 13
2.3.1.1 Amaloota Afoolaa ........ 15
2.3.1.2 Faayidaa Afoolaa ........ 16
2.3.1.3 Gosoota Afoolaa ........ 17
2.3.1.3.1 Af-walaloo ........ 17
2.3.1.3.2 Gooroowwan Af-walaloo ........ 18
2.3.1.3.3 Faayidaa Faaruu ........ 20
2.3.1.3.4 Gosoota Faaruu ........ 20
2.3.1.4 Eebba ykn Abaarsa ........ 22

2.3.2 Duudhaa Hawaasaa (Social Custom) ........ 22
2.3.3 Meeshaalee Aadaa (Material Culture) ........ 26
2.3.4 Aartii Duudhaa (Sochii Qaamaa) ........ 27
2.4 Yaadiddamoota Qorannichaa ........ 27
2.5 Sakatta'a Qorannoowwan Wal fakkii ........ 29
Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Mala Qorannichaa ........ 32
3.1 Saxaxa Qorannichaa ........ 32
3.2 Madda Ragaa ........ 33
3.3 Mala Iddattoo ........ 33
3.4 Adeemsa Funaansa Ragaalee ........ 34
3.4.1 Daawwannaa ........ 34
3.4.2 Af-Gaaffii ........ 35
3.4.3 Marii Garee Xiyyeeffannoo ........ 35
3.5 Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 36
3.6 Mala Qoqqoodinsa Ragaalee ........ 36
3.7 Naamusa Qorannichaa ........ 37
3.8 Muuxannoo Hojii Dirree ........ 38
3.8.1 Hojii Dirreen Duraa ........ 38
3.8.2 Wayitii Hojii Dirree ........ 38
3.8.3 Hojii Dirreen Booda ........ 39
Boqonnaa Afur: Qaaccessa Odeeffannoo ........ 40
4.1 Faaruu Haadhaa Yeroo Miixuu ........ 40
4.1.2 Faaruu Haadhaa Garee Hoboofi Cooraan Dhiyaatu ........ 44
4.1.2.1 Faaruu Deessuu Keessatti Yeroo Maseena Ittiin Faarsan ........ 46
4.1.2.2 Faaruu Dhabduudhaaf Dhala Gaafachuu yookiin Kadhachuuf Faarfatamu ........ 48
4.1.2.3 Faaruu Dhabduun Deessuu Ittiin Komattu Gaafa Dhaqna Dhiqaa Deessuu ........ 50
4.2 Faaruu Haadhaa Yeroo Ayyaana Loonii (Ateetee Loonii) ........ 51
4.3 Faaruu Haadhaa Yeroo Daboo ........ 54
4.4 Faaruu Haadhaa Kabaja Ayyaana Foollee Keesatti ........ 56
4.5 Qabiyyeewwan Faaruu Haadhaa ........ 57
4.5.1 Hawaasummaa ........ 57
4.5.2 Diinagdee ........ 58

4.5.3 Ogummaa yookaan Cimina ........ 60
4.5.4 Fakkoommii Haadhummaa ........ 63
4.6.3.1 Faaruu Haadhaa Maareetti Fakkeessuun ........ 63
4.6.3.2 Faaruu Biyyaafi Lafa Haadhatti Fakkeesssuun ........ 64
4.6 Faaruu Haadhaa Bifa Mararootiin yeroo Cidhaa Dhiyaatu ........ 66
4.6.1 Nagaa Dhaammachuu ........ 67
4.6.2 Haadha Duute Ittiin Yaadachuuf Guyyaa cidhaa Faaruu Dhiyaatu ........ 69
4.7 Faayidaa Faaruu Haadhaa ........ 70
4.7.1 Leellisuuf yookiin Jajuuf ........ 70
4.7.2 Kabaja Haadhaa Mul'suuf ........ 70
4.7.3 Gadda Ibsachuuf ........ 72
4.7.4 Qeequuf ........ 73
4.7.5 Eebbisuuf yookaan Abaaruuf ........ 74
4.8 Sababoota Dagatamaa Deemuu Faaruu Haadhaa ........ 76
4.8.1 Amantii ........ 76
4.8.2 Saayinsiifi Teeknoloojii ........ 77
Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo ........ 78
5.1 Cuunfaa ........ 78
5.2 Argannoo ........ 79
5.3 Yaboo ........ 81
Wabiilee ........ 82
Dabaleewwan
Dabalee "A" Af-gaaffii
Dabalee "B" marii Garee xiyyeeffannoo
Dabalee "C" gaaffiilee mul'istuu (cheekliistii)
Dabalee "D" Maqaa Od-himtoota Af-gaaffiifi Marii Gareen Odeeffannoo Kennan
Dabalee "E" Suuraa Namoota Af-gaaffiin irraa Argame
Dabalee "F": Suuraa Yeroo Gareen Mari'atan Agarsiisu
Dabalee "G": Af walaloowwan funaanaman keessaa muraasa
Waraqaa Mirkaneeffannaa

## Baafata Caatoo

Caatoo 1: Hidda Latiinsa Jiraattota Aanaa Ada'aa Bargaa Baxterfaa (1996) kaa'aan........ 4

## Baafata Kaartaa

Kaartaa 1: Kaartaa Aaanaa Aada'aa Baraa……………………………………………...…5

## Baafata Suuraawwanii

Suuraa 1 Dubartoota Ollaa Deessuu gaafa nafa dhiqaa Marqaa nyaatan………………… 42

Suuraa 2 Dubartoota nyaata booda Hobishee Coorishee sirbaa jiran…………………..…. 44

Suuraa 3 Dubaroota Ayyana Looniirratti Haadha faarsan……………………………….. 52

Suuraa 4 Namoota Daboorratti Haadha manaa faarsaa jiran…………………………….. 55

Suuraa 5 Dubaroota Cidharratti Haadha Faarsaa jirani…………………………………… 66

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1 Seenduuba

Hawaasni naannoo tokko jiraatu akkuma jiraachuu eegaleen afoola mataasaa uummachuun dhimmoota garagaraaf oolfachaa ture. Afoolli kunis, gosoota garagaraatiin kan kalaqameefi hawaasichi yaada yookaan ergaa adda addaa akka ittiin dabarsatudha. Haaluma kanaan gammachuu, gadda, jaalala, jibba, bal'ina, rakkinaafi kan kana fakkaatan ittiin ibsachaa ture. Ammas ittumaan ibsata.

Afoolli umurii dheeraa kan qabuufi uummata Oromoo biratti beekamaa kan ta'edha. Osoo sirni barreeffamaa hinjalqabamiin seenaasaa, falaasama, gammachuufi gadda isaa og-afaaniin ibsachaa kan tureedha. Dabalataanis afoolli ibsituu aadaafi calaqqisiistuu eenyummaa uummataati. Zarihun (1992:28) akka ibsutti gosoonni afoolaa baay'eedha; isaan kunis bifa holooloofi walalootiin kan dhiyaatanii yoo ta'an, gama Af walalootiin waa'ee gammachuu, gaddaa, amantii ibsu. Akkasumas faaruu haadhaa, faaruu loonii, weedduu jaalalaafi kan kana fakkatan afoolaan ibsamaa ture.

Akkuma beekkamu og-afaan gosa og-barruu keessaa isa tokko ta'ee kan afaaniin dhalootaa dhalootatti darbu akka ta'ee hayyoonni hedduun irratti waliigalu. Afaaniin dhalootaa dhalootatti darbuun kunis og-afaan akka amala jijjjiiramummaaf saaxilamu isa godhe. Yaaduma kana ilalchisee Finnegan (1970:7) yommuu ibsitu, "There are also the cases when the performer introduce variation an older price of even totally new forms in terms of the detailed word in structure or the content" jetti. Kunis kan ibsu og-afaan dhalootaa dhootatti kan darbu afaaniin waan ta'eef fageenya yeroo irraa kan ka'e jijjiramni irratti mul'achuu danda'a jechuudha.

Ogafaan seenaa hawaasa tokkoo keessatti haalli geeddaramsa jiruufi jireenyaa, dhiibbaa saayinsiifi teeknooloojii, siyaas diinagdee, amantiifi hawaasummaan mul'achuu danda'a. Sababoota kanaan hawwaasni aadaa mataa isaa dhiisee kan biroo faana dhahuu jalqaba. Kun ammoo geeddarumsa ogafaaniif sababa guddaa ta'uu ibsa (Asaffaa 2009:27).

Akkasumas ogafaan haala yeroo wajjin jijjiiramuu danda'uu isaa agarsiisa. Tokkoffaan barnoota saayinsiifi teeknoloojiin kan dhufu yoo ta'u, inni lammaffaa immoo hirmaattonni raawwii

ogafaanii yeroo ammaa aadaa duraan ture dagatanii isa keessa jiranitti of fakkeessuun haalaafi yeroodhaan kan jijjjiiraman ta'uu ibsa (Okpewho, 1992:39-41).

Afoolli calaqqee jiruuufi jireenya hawaasaa ta'ee kan hojii kalaqaa qabuun afaaniin dhalootaa dhalootatti darbuudha. Kana malees ogafaan kan hawaasni eenyummaa, aadaa, amantaa, duudhaa dabalees seenaa isaanii ittiin ibsatan afaaniin labataa labatatti daddarbaa dhufe dha. Misgaanuu (2011:10) irratti akka ibsutti "Afoolli saba tokkoo dhalli namaa naaf haa ta'u jedhee qooqa isaatti fayyadamuun eenyummaa isaa, aadaa, amantaa, duudhaa, mo'uufi mo'amuu isaa deeggarsaafi diddaa isaafi kan kana fakkaatan dhalootatti kan ittiin dabarsaa ture umurii dheeraa kan qabu qabeenya uummataati.

Og-afaan dameewwan garaagaraa kan of keessaa qabuudha.Dameewwan kunneenis kan akka hibboo, mammaksa, sirba jaalalaa, faaruu, geerarsaafi kan kana fakkaataniidha (Masfin 1995:48). Halaluma kanaan gosa og-afaanii keessaa tokko kan ta'ee faaruun uummata Oromoo biratti wantoota jaalatan yookiin faayidaa irraa argatan tokko ni faarsu waan ta'eef baay'ee beekamaadha. Jiruufi jireenyi hawaasa tokkoo kan ibsamu karaa afoola isaati. Keessumaa immoo hawaasni ogbarruun isaa hanga barbaadamu hinguddanne, aadaa, beekumsaafi seenaa isaa kan ibsatu karaa afoola isaatinidha.

Afoolli uummata tokkoo, garee hawaasa sanaaf gaaffilee bu'uuraa ta'an nideebisa. Jireenya isaa keessatti bu'aa ba'ii, gidiraa, dadhabbii, mukuu, abdii kutannaafi kanneen kana fakkaatan yoo mudatan illee maddi humna jabina isaa afoola isaati (Misgaanuu 2011).

Duudhaan hawaasaa immoo amala hawaasni waliin qooddatu ilaallata. Akka Dorson (1972:3) barreessetti duudhaan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaarra xiyyeeffannaa kan itti godhu hariiroo yookiin walitti dhufeenya gareerraattidha. Duudhaan hawaasaa gosoota garaagaraa kanneen akka kabaja ayyaanaa, qoricha aadaa, taphoota adda addaa, waaqeffannaafi amantooleefi sirna gadaa ofkeessatti hammata. Kanneen keessaa qorannoon kun sirnoota hawaasni itti kabajatuufi waaqeffatu keessaa Ateeteefi ayyaana nafa dhiqaa irratti xiyyeeffata. Dirribiin (2012:120) barreessetti hordoftoota amantaa Waaqeffataa biratti Ayyaanni Ateetee ayyaana Maaram ishee sanyiifi hormaata qajeelchitu kabajuuf ayyaaneffatama. Ateeteen, ayyaanni Maaram kun dubartootaan kan kabajamudha. Gamtaa dubartootaa jajjabeessee mirga dubartootaa eegsisa.Ateeteen dubartiin akka deessu, loon akka horan gochuuf dubartoonni callee


mormatti naqatanii, huccuu haaraa uffatanii, nyaata garaagaraafi dhugaatiitiin kan Waaqa itti kadhatanidha. Kanuma bu'uura godhachuun qorannoon kun raawwii Ateetee looniifi sirna dhaqna dhiqaa deessuu irratti hundaa'ee ergaa qabiyyee Faaruu haadhaa xiinxaluurratti kan xiyyeeffatedha. Uummanni Oromoo waan jaalatu nifaarsa. Faaruun kunis gosoota garaagaraa of keessaa qaba. Isaanis: faaruu loonii, faaruu uruursa daa'immanii, faaruu waaqaa yookiin faaruu amantii, faaruu haadhaa, faaruu midhaanii, faaruu abbaafi kan kana fakkaataniidha (Geetaachoo, 2005: 12).

Faaruu haadhaa uummanni Oromoo akkuma tasaa kan faarfatu yookiin faarsu osoo hin taane yoomessaafi dhimma faarsufillee ni qaba. Kunis hawaasni Oromoo marartee, kabajaafi jaalala haadhaaf qabu faaruudhaan ibsachaa ture ibsachaas jira. Yaaduma kana ilaalchisee hayyuun Dirribii (2012:7) waa'ee haadhaa yommuu ibsu, "Haati daa'ima deessee, nyaachiiftee obaaftee, balaa irraa eegdee, dadhabe osoo hin jenne qomaafi dugdatti baattee kan nama guddiftu waan taateef hawaasa Oromoo biratti jaalalaafi ulfina qabdi" jedha. Kunis kan ibsu haati hawaasa Oromoo birratti dandeessuu waa maraa waan taateef kabajamtuu akka taateedha. Dabalees, ulfoodha yaada jedhu ibsa.

Kanuma bu'uura godhachuun qorannoon kunis gosoota afoolaa jiran keessaa faaruu irratti xiyyeeffachuun mata duree "Qaaccessa ergaa faaruu haadhaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ada'aa Bargaa" keessatti maal akka fakkaatu ibssuuf yaalee jira.

### 1.1.1 Ibsa Naannoofi Moggaasa Maqaa Aanaa Ada'aa Bargaa

Aanaan Ada'aa Bargaa godina Shawaa Lixaa keessatti argaman keessaa ishii tokko. Aanaan kunis, maqaa kana kan argatte gosa Ada'aa jedhamu kan aanaa kana keessa jiraatuufi laga aanaa kana keessa jiru "Laga Bargaa" kan jedhamun walitti fiduun bara mootummaa gonfoo Minilik keessa bara 1910-1992ti. Aanaa kana keessa oomiisha ga'aa oomishuudhaan beekamaniifi haala mijaawaa oomishaafi oomishtummaa guddisuudhaaf gargaaran hedduu qabdudha. Roobaafi qilleensa baramaa misooma midhaaniitiif ta'uu danda'an baay'inaan keessatti argamu. Qilleensa mijaawwaa misooma belladaafi dammaatiif ta'u niqabdi. Carraalee abbootii qabeenyaafi hoji-dhabdoonni irratti bobba'anii misoomsuu danda'an albuudni adda addaa bal'inaan keessatti argama. Aanaa Ada'a Bargaa keessa gosti baay'inaan jiru hortee Bachoo keessaa tokko kan ta'e Ada'aadha (Baxterfi kanneen biroo 1996).





**Caatoo 1: Hidda Latiinsa Jiraattota Aanaa Ada’aa Bargaa Baxterfaa (1996) kaa’an.**

### 1.1.2 Haala Argamaafi Teessoo Aanaa Ada’aa Bargaa

Aanaa Ada’aa Bargaa Liixa biyyattitti Godina shawaa Liixaatti argamti.Finfinnee irraa Km 64, Magaalaa Amboo irraa Km 114 fagaattee argamti. Aanittin gandoota Baadiyyaa 34fi magaala 3 qabdi.Aanaaleen daangessanis kallattii bahaan Aanaa Muloofi Yaayyaa Gullallee, dhihaan Meettaa Roobiifi Meettaa Walqixxee, kaabaan, Kaaba Shawaafi Meettaa Walqixxee, kibbaan Aanaa Walmaraafi Ejereedhaan marfamtee argamuu ishii ragaa waajjira Aadaafi Turizimii aanichaarraa argamerraa hubachuun danda’ameera.

Bal’inni lafa aanichaa heektaara 79, 835 yoo ta’u, kana keessa haalli itti fayyadama lafa ishii qonnaa ooluu kan danda’u, hek 37085, Lafa dheedichaa hektaara 13, 523, lafa bosonaafi micciree hek 11, 199, lafa magaala hek. 2167, lafa dhagaahek. 2663, bosona namni dhaabe hekttaara. 2184. Lafa bishaanii fi caffeen uwwifame hek. 45, kan biro hek. 10969 yoo ta’u,

Haalli teessoo Lafa ishiiBu’aa ba’ii % 25,  dirree % 25, Hallayyaa % 15,  Tulluu % 30,  kan biroo % 5,  yoo ta’uu,




**Kaartaa 1: Aanaa Aada’aa Bar**

### 1.1.2.1 Haala Qilleensaafi Bakkeewwwan bebbeekamoo

Akka odeeffannoon waajira Qonaa aanaa Ada’aa Bargaattirraa argame ibsuttti Baddaan % 29, Badda Dareen % 34fi Gammoojjiin % 37 nita’a jedhamee ni tilmaammama. Kanaaf alii gala haalli qilleensa ishee kan baay’ee namatti toludha.

Olka’insi sirii irra Galaanaa olitti 1371 Masl hanga 3169 masl, Ho’insi aanaa keenya $^{0}$C 10 hanga $^{0}$C 25, fi Rooba gidugaaleessaan 918-1450 mm akka ta’e ragaaleen adda addaa ni ibsa /mul’isa/ Misooma midhaan:- Midhaan biilaa (qamadii, xaafii, garbuu), Midhaan agadaa (boqqoolloo fi mishinggaa), Midhaan dheedhii (Baaqeelaa, Atara, Bolooqee, Shumburaa, Misiraa fi Gaayyoo ), Midhaan Zayitaa (Nuugii, talbaa, saalixaa fi sanyii raafuu) ni argamu.

**Qabeenya Uumamaa** ishiin qabduu gurguddoo keessa kan akka lageewwaan laga Mogar, laga Roobii, laga Warqee, laga Bargaa fi laga leemman gurguddoo keessatti kan argamuu yoo taatuu,

**Misooma Beelladaa** kan akka; Horii Gaanfaa 162, 076, Kottee duudaa 25, 373, Hoolaa 55, 960 Re'ee 29602, Lukkuu 86, 856, Kannisa/Gaaguraan 36, 803, Horii Faraanjii 1, 612 Warshaalee Baay'ina Warshaalee Gosaan :Warshaa Simmintoo Daangotee, Warshaa Simmintoo Mugar, Warshaa Simmintoo Bedrook kanneen jedhamadntu aanicha keessatti argama.

#### 1.1.2.2 Baayyina Uummataa Haala Amantiifi Afaan Uummata Aanichaa

Akka gidduu galessa Istaatistiiksiin lakkoofsa uummataa biyyatti bara 1999 mullisuutti, baayyiinnii uummataa 143, 392 yoo ta'u kanneen keessaa 84757 dhiira, 84, 803 dubartoota. Akka guddiinnii uummataa waggaa waggaan dhibbantaa 2.9n akka dabaluu tilaamameen baayyiinnii uummataa yeroo kanatti 169560. Kanaanis dhiirrii 84757 yoo ta'u 84803 dubartoota ta'uutu tilmaamama. Aanaa kana keessatti amantiin argamus amantii Ortodoksii, Pirotestaantiifi Waaqeffataati. Amantiin baay'inaan aanaa kana keessati argamus amantii Ortodoksiidha. Aanaa kana keessa sabni jiraatu saba Oromoofi Amaaraa yoo ta'u, baay'inaan saba Oromootu caala.

### 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Sabni Oromoo ilaalchaafi amantaa waa'ee korniyaa irratti qabu afoolaan ibsata.Afoola kanneen keeessaa ammoo faaruun isa tokkodha. Huseen (2004) akka ibsetti, "Gender ideology is chiefiy perpetuated in symbols and rituals, patterns of verbal expressions." Yaanni kun amantaan waa'ee koorniyaa hawaasaa gadi fageenyaan mallattoolee dubbii afaaniifi gochaalee gara garaan ibsachaa turaniiru.

Akkuma beekamu og-afaan damee fookloorii keessaa isa tokko ta'ee dameewwan garaagaraa of keessaa kan qabuudha. Dameewwan og-afaanii kana keessaas faaruun haadhaa isa tokko yoo ta'u, faayidaalee garaagaraa qaba. Kana malees jiruufi jireenya hawaasaa keessatti dhimmoonni inni tuqu heedduudha. Hawaasni jireenya isaa keessatti wantoota isa mudatan, waan qeequu barbaadu, jajuuf, kakaasuuf, mararfachuufi kan kana fakkaatan faaruutti fayyadamuun dhaloota dhufuuf dabarsa. Akkasumas ta'iiwwan yeroodhaa gara yerootti dalagaman keessatti faaruudhaan dhimma bahuun ergaa dabarfata.

Afoolli Oromoo madda beekumsaafi kan ittiin haawaasni jiruufi jireenya isaa ittiin ibsatu ta'uu Esheteen (2007:16) yoo ibsu, "Oromo Oral tradition is a store house of knowledge capable of yielding great riches if it is critically studied and properly treated," jedha. Yaada kanarraa wanti hubatamu afoolli Uummata Oromoo otuu gadi fageenyaan qoratamee kuusaa madda beekumsaa

ta’uu isaati.Aadaafi duudhaa hawaasa tokkoo irratti qorannoo gaggeessuun falaasama, barsiifata, ilaalcha, ogummaafi seenaa hawaasichaa beekuuf ga’ee olaanaa qaba.

Kanumaan wal qabatee qorannoon kun ergaa faaruuwwan haadhaa qaaccessuu irratti xiyyeeffata. Qorannoowwan kallattiin mata duree kana irratti hojjetaman jiraachuu baatanis hojiiwwan dhimmoota kanaan wal qabatan wayitan dubbisu sababa qorannoon hojjetame hin jirreef mata duree kanarratti akka gaggeessituuf qorattuu kakaaseera. Dhimmoota garaa garaatiif haadhaan walqabatee kan faarfamuu ni jira. Dhimmoonni hawaasaa kunneenis yommuu haati nama jalaa duute seenaa ishee yaadachuf, jaalalaafi kabaja haadhaaf qabaan ibsachuuf, dhaqna dhiqaarrtti, (faaruu deessuuu), shamarran yeroo heerumaaf ka'an bifa mararootiin haadha isaaniif seenaa dhaamuu, faaruu ateetee loonii, faaruu urursa daa’immanii,ciminaafi ogummaa haadha manaa ibsuuf, faaruu hojii (daboo), galateeffannaafi safeeffsnnaa mul’isuuf faaruu amantiifi kan kana fakkaatan irratti uummanni Oromoo aadaafi seenaa boonsaa qabu kana afoolaan ibsachaa tureera. Oromoon akkaataa itti haadhasaa, abbaasaa, lafasaa, biyyasaa, firaafi lammiisaa jedhee faarfaatu qaba. Faaruu kanaan duudhaa hawaasa isaa ittiin guddifachuuf, eeggachuuf, kunuunfachuufi ittiin barsiifachuuf itti tajaajilamaa tureera.

Haa ta'u malee, yeroo ammaa kana og-afaan laafaa, harca’aafi badaa deemaa jira malee guddachaa hinjjiru. Kunis sababoota adda addaa irraan kan ka’e ta’uu mala. Dhiibbaalee kanneen keessaaas dhiibbaa amantii, dhiibbaa siyaasaafi qaroominaan wal qabsiisuu irraan kan ka’e xiyyeeffannoo dhabuun afoolliifi aadaan uummata kanaa akka hin qoratamne waan dhorkamee tureef dagatamaa jira. Gariin ammoo badeetu jira. Yaada kana Dirribiin (2012:19) yoo ibsu “Afaan Oromoo waggoota dheeraaf afaan barreeffamaa hin turre. Kunis dhiibbaa cunqursitoonni nafxenyaa irratti gaggeessaa turan irraan kan ka’edha” jedha. Akkasumas qorannoowwan kanaan dura afoolaafi aadaa uummmata Oromoorratti gaggeeffamanis gahaa miti. Afoolli kalaqaafi qaroomina dhalootaa kan ittiin hubannu daawitii aadaa yoo ta’u (Wasanee, 2000:5), aadaafi duudhaa laafaafi dagatamaa dhufan keessaa afoolli isa tokkodha. Aadaan kun yoo hafe, seenaan uummata Oromootis keessatti hafa waan ta’eef afoola kana deebisuufi tursiisuuf, kanneen dagataman yaadachiisuufi badiirraa hambisuuf qorannoo kana akka irratti hojjettu qorattuu kakaaseera. Afoolli Oromoo kan akka faaruu haadhaa (deessuu), faaruu Ateetee, faaruu loonii, faaruu biyyaafi kan kana fakkaatan qorannoo cimaa barbaadu. Kanaaf uummanni Oromoo faaruu haadhaa kana dhimma maaliif akka faarfatu, yoomessa akkamii keessatti akka faarfatamu, ergaa

akkamii akka qabu (gama falaasama hawaasichaan, diinagdeenfi hawaasummaan qabu),haala jijjiiramaafi itti fufiinsa yeroo ammaa irra jiruufi fayidaa inni jiruufi jireenya hawaasichaaf qabu hubachuu dhiisuu danda'a. Kanumarraa ka'uun qorattuun kun faaruwwan uummata Oromoo keessaa ergaa faaruu haadhaa irratti qorannoo kana gaggeessuun raawwii ayyaana ateetee loonii keessatti, kabaja sirna dhaqna dhiqaa deessuu keessattti, sirba doboofi kanneen biroo keessatti faaruu haadhaa badaa jiru kana qorachuun faayidaa inni jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qabu hubachuun dhaloota dhufuuf qabiyyee, ergaafi yoomessa isaa qabatee itti fufiinsaan akka darbuuf yaadamee kan qoratamedha. Haaluma kanaan qorannoon kun gaaffilee akka mala dhahiinsaatti dhiyaatan gaafilee armaan gadii bu’uureffachuun qorannichi adeemsifameera.

- Afoola hawaasa aanichaa keessatti, haati haala kamiin faarfamti?
- Faaruun haadhaa yoomessaan yoomessa akkamii keessattti raawwatama?
- Akka afoolli ibsutti, ilaalchi hawaasaa haadha maalitti fakkeessa?
- Qabiyyeen faaruu haadhaa haala kamiin qoqqoodamee ilaalamuu danda’a?
- Bu’aa faaruun haadhaa hawaasa Oromoof qabu maal maali?
- Haalli jijjiiramaafi itti fufiinsa faaruu haadhaa yeroo ammaa maaliirra jira?

### 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun faaruu haadhaa qaaccessuu keessatti kaayyoo gooroofi gooreedhaan qoqqoodamaniin bu’uureffatee kan hojjetamedha.

#### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa ergaa faaruu haadhaa godiina Shawaa Lixaa Aanaa Ada’aa Bargaa qaaccessuudha.

#### 1.3.2 Kayyoo Gooree

Kaayyoon gooree isaa ammoo qabxiiwwan armaan gadii hammata:

- Afoola hawaasa aanichaa keessatti haalatti haati faarfamtu ibsuu.
- Faaruun haadhaa yoomessa akkamii keessatti akka raawwatu ibsuu.
- Afoola keessatti ilaalchi hawaasaa haadha maalitti akka fakkeessu ibsuu.
- Qabiyyeewwan faaruun haadhaa mul’isu qoqqooduun addeessuu.

- Bu’aa faaruun haadhaa hawaasa Oromoo keessatti qabu agarsiisuu.
- Haala jijjiiramaafi itti fufiinsa faaruun haadhaa yeroo ammaa irra jiru ibsuu.

### 1.4 Barbaachisumma Qorannichaa

Qorannoon kun “Qaaccessa ergaa faaruu haadhaa mul’isan” irratti kan gaggeeffame yoo ta’u, hawaasa Oromoo Aanaa Ada’aa Bargaa sadarkaa duraatti fayyaduu ni danda’a. Akkasumas qaamoleen adda addaa irraa fayyadamoo ta’uu nidanda’u. Seenaa aadaafi duudhaan uummata Oromoo akka hin bannnetti dhaloota dhufuuf akka darbuuf, qabiyyeewwan faaruu haadhaa akaakuu fookloorii faarucha keessatti mul’ataniifi dhaamsa isaan qaban hubachuuf akka madda oodeeffannootti nigargaara. Guddina og-barruufis waan gumaachu qaba. Kanumarraa ka'uun barbaachisummaan qorannoo kanaas:-

- ✓ Dhaloonni ammaa qorannoo kana dubbisuun akka irraa baraan karaa ni saaqa.
- ✓ Barattoonni mana barnootaa keessatti argannoowwan qorannoo kanaa qabiyyee barnootaan walqabsiisanii ergaa faaruu haadhaa gadi fageenyaan xiinxaluu akka danda'aniif ni gargaara.
- ✓ Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Ada’aa Bargaatiif akka madda ragaatti ni fayyada.
- ✓ Faaruun haadhaa kun yeroo ammaa sadarkaa maaliirra akka jiru dubbistootatti agarsiisuuf ni fayyada.
- ✓ Namoonni biroo dhimma kanaan wal fakkaatu irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif akka ka’umsatti ni gargaara.

### 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun qabiyyeefi bakkaan kan daanga’edha. Sababiin isaas yeroofi baajeta qorattuu irratti hundaa’uudhaani. Qorannoon kun dameewwan afoolaa hedduu keessaa faaruu Oromoo qofaarratti xiyyeeffata. Faaruu keessaa immoo ergaa faaruu haadhaa ishee nama deesseefi kanneen fakkoommii haadhaa mul’isan kan Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ada’aa Bargaa irratti xiyyeeffachuun hojjetame. Qabiyyen daanga’uun isaa odeeffannoo haala salphaan sassaabbachuuf waan gargaaruufi. Aanaa kanatti daanga’uun isaa immoo aanaa kana keessatti qoraattuun muuxannoo yeroo dheeraa jireenya hawaasummaa dabarsiteen faaruu haadha mul’isan namoonni baay’een akka itti hin fayyadamne waan hubatteef akkasumas aadaafi afoola hawaasichaa itti dhiyeenyaan argachuuf, sirna dhaqna dhiqaa deessuu irratti, yeroo ayyaana

loonii kabajan, yeroo daboo sirbanii, sirna gaa'elaa, ayyaana foolleeirratti eebbaafi kadhannaa adda addaa irratti argamee duukaa bu'uun odeeffannoo ishii gargaaran suuraa kaasuun, viidiyoo waraabuufi yaadannoo qabachuun namoota odeeffannoo irraa guurratte baasii guddaa haala hin gaafanneen baajeta humna ishii gituun qulqullinaan akka hojjettu gargaaree jira.

### 1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu sadarkaalee adda addaa keessa darbuun kan raawwatamu ta'a. Qorannoon kunis, yemmuu adeemsifamuu rakkooleen garagaraa mudachuun isaa hin oolle. Hanqinoota qorattuu mudatan keessaa tokko qorannoon bal'inaan sadarkaa digirii tokkoffaattis ta'e digirii lammaaffaatti faaruu haadhaa irratti kan adeemsifame dhabamuu ture. Haata'u malee kanneenuma al kallattiidhaan dhimmoota haadhaan walqabatanii qorataman ka'umsa godhachuun rakkoon kun furamuuf yaalamee jira. Rakkinni biroo immmoo namoonni dhimma kana beekan hedduun isaanii amantaalee garagaraan waan liqimsamaniif faaruuwwan haadhaa kunneen sadarkaa dagatamuurra darbee baduurra ga'eera. Kanaafuu qixa sirriin odeeffannoo argachuu hin dandeenye. Ta'us tattaaffii qorattuun taasisteen namoota muraasa ayyaanota sirna kabaja ateetee looniifi dhaqna dhiqaa deessuu kabajan irraa, odeeffannoo funaanuun akkasumas akkuma idattoo jalatti ibsame mala darbaa dabarsaa fayyadamuun namoota faaruu haadhaa beeekan argachuun ragaaleen barbaachisoo ta'an funaanamuun qorannoon kun galma ga'ee jira. Kitaabilee wabii waa'ee faaruu haadhaa ibsu bakka dhabametti, interneetii fayyadamuun fala taasisteetti. Kana malees namoonni tokko tokko odeeffannoo kennuudhaaf eeyyamamoo ta'uu dhabuun isaanii rakkoolee mudatan keessaa isaan muraasa. Namoota kanas obsumaan suuta jettee amansiisuun qorannoon kun fiixaan bahee jira.

### 1.7 Qindaa'ina Qorannichaa

Qorannoon kun Ergaa faaruu haadhaa qaccessuu irratti kan xiyyeffatudha. Qrannichis boqonnaalee shan ofjalatti kan qabate yoo ta'u, tokkoon tokkoon boqonnaalee kanaas qabxiilee garagaraatti qoqqoodamee dhiyaateera. Haalumma kanaan boqonnaa tokkoffaan seensa yoo ta'u, Ariirrata irraa kaasee mata dureewwan ittiin galumsa ta'an kan akka ka'umsaa, kaayyoo, Faayidaa fi k.k.f qoranichaa irratti xiyyeeffata. Boqonnaan lammaffaan immoo yaada adda addaa hayyoonni dhimma kana ilaalchisee barreessan sakatta'uun bakkkatti wal duraa duubaan dhiyaatudha. Boqonnaa sadaffaan malaafi adeemsa qorannichaa kan qabatu yoo ta'u, boqonnaan afur ammoo ragaalee jiran dhiyeessuu, qaaccessuufi ibsuudha. Boqonnaan shanaffaan cuunfaa,

argannoofi yaboo ofkeessatti hammata. Gara dhumaatti wabiileen kan dhiyaatan yemmuu ta'u, isaanitti aansuun kan barreeffamee argamu dabaleedha. Dabalee jalatti gaaffilee af-gaaffii, daawwannaa, marii gareefi suuraalee odeef kennitootaafi faaruuwwan dirreerraa funaanaman dhiyaatanii jiru.

## Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

Boqonnaa kana keessatti yaadiddamoota qorannoo kanaaf gargaaran yookiin mata duree qorannoo kanaan wal qabatanii barreeffamaniifi kitaabota gara garaa irraa argamantu sakatta'amee dhiyaata. Isaanis: yaad rime qorannichaa, maalummaa fokloorii, gosoota fookloorii, yaadiddamoota qorannoo afoolaa, maalummaa afoolaa, faayidaa afoolaa, amaloota afoolaa, gosoota afoolaa, af walaloo, faayidaa af walaloo, gosoota af walaloo, faaruu, gosoota faaruu haadhaa kanneen jedhamantu boqonnaa kana keessatti dhiyaata.

### 2.1 Yaadrimee Qorannichaa

Faaruu haadhaa uummanni Oromoo akkuma tasaa kan faarfatu yookiin faarsu osoo hin taane yoomessaafi dhimma faarsufillee ni qaba. Kunis hawaasni Oromoo marartee, kabajaafi jaalala haadhaaf qabu faaruudhaan ibsachaa ture ibsachaas jira. Yaaduma kana ilaalchisee hayyuun Dirribii (2012:7) waa'ee haadhaa yommuu ibsu, "Haati daa'ima deessee, nyaachiiftee obaaftee, balaa irraa eegdee, dadhabe osoo hin jenne qomaafi dugdatti baattee kan nama guddiftu waan taateef hawaasa Oromoo biratti jaalalaafi ulfina qabdi" jedha. Kunis kan ibsu haati hawaasa Oromoo birratti dandeessuu waa maraa waan taateef kabajamtuu akka taateedha. Dabalees, ulfoodha yaada jedhu ibsa.

Kanuma bu'uura godhachuun qorannoon kunis gosoota afoolaa jiran keessaa faaruu irratti xiyyeeffachuun mata duree "Qaaccessa ergaa faaruu haadhaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ada'aa Bargaa" keessatti maal akka fakkaatu ibssuuf yaalee jira.

### 2.2 Fookiloorii

Qorannoon fookloorii bara 1770 namoota Grimm Brothers jedhamaniin jaarraa 18$^{ffaa}$ keessa hayyoota fiiloolojii biyya Ingiliziin akka eegalamee ni himama. Jechi 'folklore' jedhu bara 1846 nama biyya Ingilizii William John Thomson jedhamuun akka moggaafame Filee (2016:31) ibsee jira. Sana booda, fookloorii ilaalchisee hayyoonni gara garaa hiika adda addaa itti kennaa turaniiru. Isaan keessaa Ben- Amos (1982:430) yemmu ibsu, "Folklore is aspher of interaction amirror of culture, apperspective screen of personality" jechuudhaan ibsa. Yaanni hayyuu kanaa fooklooriin walquunnamsiiftuu hawaasaa, ibsituu aadaafi eenyummaa akka ta'e addeessa. Kanarraa ka'uun afoolli eenyummaafi maalummaa aadaa hawaasaa waliin hidhata guddaa akka qabu hubachuun ni danda'ama.

Hayyoota hiika fooklooriitiif kennan keessaa tokko kan taate, Leach (1996:264) Waterman wabeeffachuun yoo ibsitu "folklore is that art form, comprising various types of stories, proverbs, spells songs incantations and other formulas which employs spoken language as its medium" jechuun lafa keessi. Akka yaada kanaatti fooklooriin aartii ta'ee wantoota akka oduu duii mammaaksa, jechamoota, faaruuwwan, qoricha adda addaa kan hammatuufi afoolaan kan dadarbu ta'uu isaa hubachiisa.

### 2.3 Gosoota Fookiloorii

Dorson (1972:1-2) fookloorii bakka afuritti qoodee dhiyeese. Isaanis afoola, wanta aadaa, duudhaa hawaasaafi artii sochii qaamaa jechuun kaa'a. kanneen bakka gurguddoo afuritti qoodaman kunis of jalatti qoqqoodii xixiqqoo biraa akka qaban dubbata. Fakkeenyaaf afoolli af walaloo, durdurii, mammaaksa, af-seenaa, hibboo, geerarsa, faaruu looniifi k.k.f. dudhaan hawaasaa immoo qorichaa aadaa, jilawwaan bashannanaafi taphoota, amantaalee duudhaa fa'a hammatanii argamu. Wanta aadaa jalatti immoo meeshaalee aadaa, ogummaa harkaa, diizaayinii aadaafi k.k.f. akkasumas raawwii artii sochii qaamaa sirba aadaa, shubbisa sochii diraamaa k.k.f. of keessatti qabata. Qoqqooddii dorson kana irraa afoolli dhimma hawaasaa baay'ee bal'aa ta'e akka hammatu hubachuun ni danda'ama. Qabiyyeen afoolaa hanga kana bal'achuun isaa immoo qorannoon afoolaa akka bal'atuufi kallattii adda addaan ilaaluun akka danda'amu taasisee jira.

Yaada armaan olii kana irraa wanti hubatamu jechi "Folklore" jedhu waan hammatuun yoo ibsame damee beekumsaa mala saayinsaawaa ta'een afoola, meeshaalee aadaa, ogummaa sochii qaamaafi barsiifata hawaasaa qoratu ta'uusaati. Qorannoon kunis gooroowwan fookloorii armaan olii kana bu'uura godhachuun haala armaan gadiitiin dhiyaateera.

#### 2.3.1 Afoola

Akka Okpewho (1992:4) Nandwafi Bukegna (1983) wabeeffachuun barreessetti maalummaa afoolaa "Oral literature may be defined as those utterances, whether spoken, recited or sung, whose composition and performance exhibit to and appreciable degree the artistic characterstics of accurate observation vivid imagination and indigenous expression" jedha.

Yaada armaan oliitti ibsamerraa wanti hubatamu, afoolli haasaa namootaa, walaloo afaaniin kan dubbatamu yookiin sirbamu kan amala muuziqaa of keessaa qabu, kan dinqisiifatamuu, sirriitti kan daawwatamu, yaada cimaa kan of keessaa qabuufi miira uumamaa kan of keessaa qabu ta'uu

isaati. Bukegnafaa (1994:.85) immoo afoola akkas jechuun ibsa. “Oral Literature is the heart of people’s ways of life: it is the very soul of their culture. As the reservoir of a people’s values, it expresses a given society’s world view and gives them a spting board from which their day-to-day existence is propelled”jedha. Akka yaada kanaatti afoolli haala jireenya hawaasa tokkoo kan murteessuufi beekumsi hawaasaa akka cimaa deemu kan godhudha. Hawaasni afoolasaatiin muuxannoo jiruufi jireenyaa, duudhaa, rakkina jireenya keessatti isa mudate kan ittiin ibsatu ta’uu isaati.

Akka Finnegan, (1970:179) barreessitetti afoolli duudhaawwan afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarban keessaa tokko ta’ee baroota dheeraaf sammuu namootaa keessaa burqee himamudha. Afoolli yoomessa murtaa’e keessatti kan qindaa’ee raawwatu akka ta’e ibsiteetti. Yaadni kun kan inni hubachiisu afoolli kalaqa sammuu dhala namaa ta’ee yoomessa mataasaa kan qabuufi dubbii afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbu ta’uu isaati.

Finnegan (1970:12) barreessitetti gooroowwan afoolaa haala itti dhiyaataniin garaagara haata’an malee hundi isaanii dhoksaa gadi fagoofi falaasamoota hedduun kan badhaadhanidha. Kana malees, adeemsa dhalootaa dhalootatti darbaniinis walitti akka dhiyaatan ibsiteetti. Yaada kana irraa wanti hubatamu gooroowwan afoolaa bifa seenessuu yookiin walalootiin haalli ittiin dhiyaatan adda adda yoo ta’an illee hundi isaanii ergaa dabarsan kan mataasaanii qabu. Gooroowwan afoolaa kunniinis adeemsa isaan dhalootaa gara dhalootaatti taasisan immoo walitti dhufeenya isaanii kan ibsudha.

Fedhasaa (2013:33), Misgaannuu (2011)fi Geetachoo (2008) wabeeffachuun afoolli kalaqa sammuu keessatti qindaa’ee afaaniin kan himamuufi baattuu seenaa eenyummaa, falasama, ilaalcha, duudhaa, safuu, dinagdee, amantii, siyaasa, beekumsaafi muuxannoo dhala namaa ta’uun dhalootaa dhalootatti kan darbuufi artii jecha yookiin ogbarruu dubbii jedhamee akka waamamuu danda’u eera.

Akka waliigalaatti, yaadota armaan oliirraa wanti hubatamu, afoolli haala jiruufi jireenya hawaasaa dhalootaa dhalootatti himamsa afaaniin daddarbaa kan dhufeefi kan darbudha. Afoolli qaama fookloorii keessaa isa tokko ta’ee muuxannoofi mudannoo akkasumas qabeenya hawaasaa kan ta’an kanneen akka oduu durii, sheekkoo, eebba, abaarsa, makmaaksa, hibboo, qoosaa, faaruu, sirbaafi kan kana fakkaatan ofkeessatti hammata.

#### 2.3.1.1 Amaloota Afoolaa

Afoolli Uummata tokkoo haala jiruufi jireenya hawaasaa ibsuun ergaa barbaadame tokko dabarsuuf amaloota garaagaraa qabaachuu nidanda'a. Abarraa (1995:154) keessatti ibsanitti afoolli amaloota adda addaa qaba. Amalootasaa keessaa lufummaa, hurruubummaa, jijjiiramaa fi yoomessaa kan jedhaman ni argamu. Isaanis haala armaan gadiin ibsamaniiru.

**Lufummaa:** Afoolli baroota dheeraadhaaf turuufi dhalootaa dhalootatti daddarbuun isaa amala lufummaa isaa ibsa. Lufummaan afoolaa daangaa ce'ee hawaasa tokkorraa hawaasa biraatti makamuu isaatiin illee ibsamuu nidanda'a. Afoolli deeggarsa jechaa malee gocha (sochii qaamaa) qofaan daddarbu hinjiru. Fakkeenyaaf, eebbaafi abaarsa, makmaaksa, sheekkoofi kanaafi kanneen kana fakkaatan jechaan kan darban yommuu ta'u, shaggooyyee, Ateetee, faaruun deessuu,faaruu hojii, ragadni, geelloon, geerarsaafi kanneen kana fakkaatan jechaan deeggaramanii gochaan darbu.

**Hurruubummaa:** Amaloota afoolaa keessaa hurruubummaan isa tokkodha. Hurruubummaan afoolli lubbuu akka horatuufi miidhagina akka qabaatu taasisa. Akka Finegnan (1970) ibsitetti afoolli hubatamuu kan danda'u qabatamaan nama waan sana raawwataa jirutti kan hundaa'eefi nama jechoota sana qindeessee haala murtaawaa tokko keessatti dhiyeessu ta'uu isaati. Maalummaa hurruubummaa Sims (2005:96) yommuu ibsitu hurruubummaan yeroo hedduu kan hinmul'anneefi hinqabatamne, amantaaleefi ilaalchonni akka mul'ataniifi qabatamaa akka ta'an kan godhu ta'uu isaati. Akkasumas hurruubummaan yoom akka raawwatame, eessatti akka raawwatame, haala itti raawwate, kallattii xiyyeeffannaa, akkasumas sochii yoomessa sana keessatti raawwatamu, haala hawaasummaafi kan kana fakkaatan kan walitti qabate ta'uu ibsu.

Amaloota afoolaa keessaa hurruubummaan isa tokko ta'uu Zarihuun (1992:22) barreessetti afoolli akka lubbuu horatu kan taasisudha. Hurruubummaan afoolli akka jiraatuuf, haalli uumamasaas ta'e adeemsi lufummaa isaa kan ittiin mirkanaa'udha. Afoolli hundi yoomessa mataa isaarratti hundaa'ee hurruubdotaan jamaa yookiin namoota duratti hurruubame akka ta'e ibseera.

**Jijjiiramummaa:** Jijjiiramni afoolaa jijjiirama fedhii hawaasaa yeroo yerootti taasifamu wajjin walsimachuuf uumama. Hawaasni immoo yeroo mara gama seenaa, aadaa, falaasama, jireenya, teknoolojii, dinagdee, amantiifi kanaafi kanneen kana fakkaataniif jijjiirama keessa jira.

Sababootni kunniinis jijjiirama afoolaaf kanneen bu’uuraati (Misgaanuu 2011). Jijjiiramichis gama qabiyyee ykn ergaa, jecha, gaalee, hima, tartiibaafi qooddattootaatiin mul’achuu danda’u.

**Yoomessa:** Qorannoon afoolaa haala hawaasummmaaa dhuugaa afoolicha keessatti raawwatamuufi faayidaa inni walitti dhufeenya hawaasummaaf qabu irratti xiyyeeffachuu qaba (Amos, 1982:20). Yoommessi dhugaa qindeeffama afoola hedduu jiran hunda osoo ilaalamee, hundumtuu bakkaafi yeroo itti raawwatamu kan mataa isaa ni qaba (Dorson, 1972).

### 2.3.1.2 Faayidaa Afoolaa

Afoolli jiruufi jireenya hawaasa tokkoo cimsuufi guddisuu keessatti bakka olaanaa qaba. Kana ilaalchisee Feqaade (1991:17) afoolli sirna barnootaa guddisuufi miidhagina itti dabaluuf gahee olaanaa akka taphatu ibsee jira. Akka inni jedhutti afoolli jiruufi jireenya hawaasa tokkoo cimsuu bira darbee gama barnootaatiin qooda guddaa qaba. Kunis barumsa kennamu irratti miidhagina dabaluun fudhatamummaa isaa guddisa. Faayidaa afoolaa inni lammaffaan faayidaa cimsuufi dhaabuuti. Kunnis aadaa isaanii keessatti gochaalee dhalootarraa hanga du’atti raawwatan kan akka guyyaa dahumsaa, dhaqna qabaa, gaa’ela, jagnummaa, du’aafi kkf akka hin bannee gochuufi dha. Gochaaleen kun itti fufiinsa akka qabaatan gochaaf afoolaan fayyadamuudhaan cimsanii dhaabuun dhalootatti darbu. Feqaade (1991) fi Okpewho (1992) yaada kana deeggaruun bal’inaan ibsaniiru. Akkasumas, Addunyaa (2018:169) “Afoolli tajaajila hedduu qaba. Isaan keessaa muraasni haala yeroo ibsuuf, honnachiisuuf, ta’iinsota kuusuu, hir’inaafi cimina qeequuf, barsiisuufi miliqsuudha. Kana malees afoolli jechaafi gochaan raawwatamuuf bakkaafi yeroo barbaada.

Adeemsa hawaasummaa keessatti, uummanni kamuu afoola ittiin of ibsu kan mataa isaa qaba. Bukegnafaa (1994:85) akka ibsanitti og-afaan gama bu’aa uummataa eegsisuufi mul’isutiin ilaalcha waliigalaa uummatichi addunyaa keessa jiraatuuf qabu ka’u. Egaa afoolli duudhaa uummataa faayidaa bal’aafi hiika gadifagoo qabaatuyuu beekkamtiifi bakka argachaa hin turre.

Finnegan (1970) yaada armaan olii kana yoo ibsitu, muuxannoo jiruufi qorannoolee erga waa’een afoolaa qoratamuu eegalanii jiran irraa kan hubatamu, danqaa dur ture sana mara cabsuun afoolli labataa labatatti lufaa tureefi ammas jirudha. Kanaaf hiika yookaan ergaa gosoota afoolaa hubachuuf haalawwan qabatamoo isaan hawaasicha itti tajaajilaniin beekuu qabna. Gabaabumatti afoolliifi hawaasni kan adda ba’anii ilaalaman miti. Afoolli hawaasa malee,

hawaasnis afoola malee jiraachuu kan hin dandeenye ta'uu isaati. Walumaa galattti faayidaan afoolaa: eenyummaa hawaasa tokkoo ni ibsa; hambaa dhalootaa dhalootattti ni dabarsa; Akkasumas dhaloota darbeefi kan har'aaf riqicha ta'ee wal quunnamsiisa; wal dhabbii hiikuun jireenya tasgabbii gonfachiiuun bu'aa guddaa buusa.

### 2.3.1.3 Gosoota Afoolaa

Gosoota yookiin gooroowwan afoolaa hammana jedhanii murteessuun rakkisaadha. Haata'uutii akka (Misgaanuu 2011:41) qoodetti og-afaan bifa af-walalootiin dhiyaatan faaruu loonii, weedduu hojii, wedduu jaalalaa, wedduu ateetee, sirba, geerarsa, mararoo, wedduu dhimmoota siyaasaa, weedduuyookiin faaruu urursa daa'immanii, weedduuwwan seenaa, tapha ijoollee, wedduu amantii, weedduuwwan ajjeesaafi k.k.fdha. Kanneen bifa holooloo yookiin seenessuutiin dhiyaatan immoo (sheekkoo, durdurii, baacoo af-seenaa…), unkaalee gaggabaaboon kan dhiyaatan (hibboo, mammaaksa,…) fa'i.

Gama biraan Okpewho (1992) afoola Afriikaa gosoota gurguddoo sadiitti qoode. Isaanis af – walaloo (oral poetry), seeneffamota afoolaa (oral narratives) fi Qarreeyyii (witticisms) jechuun qoqqoode. Akka inni ibsutti afwalaloon kanneen amala walaloon guutamani dha. Seeneffamoonni ammoo warreen jaargocha dhangala'aan himaman yemmuu ta'an, qarreeyyiin kanneen jechoota gaggabaaboon himamaniidha. Haalumma kanaan qorannoon kun dameewan afoolaa keessaa faaruuwwan bifa af walalootiin dhiyaatan keessaa ergaa faaruu haadhaa ibsan irratti xiyyeffatamuun kan gaggeeffamedha.

#### 2.3.1.3.1 Af-walaloo

Walaloon afoolaa (oral poetry) afoola (oral literature) jalatti ramadama. Barreessitoonni biyya keenyaa hedduun waa'ee walaloo afoolaaf hiika yemmuu kennan;kan afaaniin uumamu, hurruubamuufi dhalootaa dhalootatti daddarbuudha jechuun ibsu. Qorattoonni tokko tokko immoo kana hin fudhatani; Fekede (1999:84)fi Dorson(1972) George List eeruun kan kaa'e, haala kanaan hiika kennuun dogoggora akka ta'e ibsa sababni isaas walaloon afaaniin qofa osoo hin taane wantoota adda addaa waliin uumama.

Fedhasaa (2013:49) ibsetti "Walaloon afoolaa waa'ee wanta tokkoo bifa walalootiin qindeessee kan himuudha".Walaloon afoolaa aadaa Oromoo keessatti durii kaasee waa'ee ogummaas ta'e

bu'aa ba'ii jireenyaa walaloodhaan waan ibsatuuf, kunis waltajjii dhimma hawaasummaarratti hurruubamuun waan dhugoomuuf hedduu akka jaalatamu addeesseera.

### 2.3.1.3.2 Gooroowwan Af-walaloo

Finnegan (1970:109-119) gooroowwan af walaloo kanneen ta'an:- Amileessaa (patronage), faarsaa (pacor praise), Booyicha (elegiac), Amantaa (religious), af-walaloo adda addaa (special purpose) miiroo (iyric) siyaasa (topical political)fi urursa daa'imaanii (children's songs) jechuun iddoowwan garagaraatti qooddi. Dabalataanis gosootni walaloo afoolaa bakka garaa garaatti qoodamuu nidanda'u. Akka Fedhasaa (2013:.49) barreessetti "Walaloon afoola Oromoo bakka guguddoo toorbatti qoodamuu danda'a. Isaanis: geerarsa, weedduu, sirba, faaruu, eebbaafi abaarsa, gumgummiifi tabaallii fa'i. Isaan kunniin hawaasa Oromoo keessatti maqaalee kanaan beekamanis daangaan hubannoo gidduu isaanii jiru akka hinbeekamnes dabalee ibseera. Gosoota walaloo jiran keessaa itti dhiyeenya qorannoo kana waliin qabaniin haala armaan gadiitiin kan weedduu, sirbaafi faaruu kaasuun dhiyaataniiru. Kanneen keessaa qorannichi faaruu irratti keessumaayyuu faaruu haadhaa yeroo dhaqna dhiqaa deessuu,yeroo Ateetee Loonii facaafatan, yeroo daboo sirban, yeroo haati duunaan seenaashee himaniifi kadhannaafi eebba keesatti haalatti fakkoommiidhaan haadha faarsan irratti waan xiyyeeffatuuf ibsi itti kennameera.

#### *2.3.1.3.2.1* Faaruu

Hayyoonni waa'ee faaruu, weedduufi Sirbaa jedhu gidduu falmii adda addaa balballoomsu. Misgaanuu (2011:7) dhimma kana ilaalchisee akka kanaan ibsa. "Faaruu, weedduufi sirba yaad rimee jedhu gidduu falmiitu jira. Yaadni faarsaa jedhu weedduufi sirba waan of keessatti qabatu fakkaata. Akka yaada kanaatti faarsaadhaan keessoo miira keenyaa yeroo ibsannutti, weedduus ta'e sirba of keessaa hin dhabu.

Oromoon akkaataa itti haadhasaa abbaasaa, lafasaa, biyyasaa, firaafi lammiisaa jedhee faarsu qaba. Haaluma kanaan weedduu ilaalchisee, kan safara gabaabaa of keessatti qabu yoo ta'u, faaruun immoo uummanni miiraafi dhageettii, hubannaa yeroo darbee, haala yeroo ammaa dhaloota haaraa ittiin barsiisuuf kan ooludha.

Faayidaa afoolaa armaan olitti ka'an bu'ura godhachuudhaan faaruu haadhaa qorannoo kana keessatti qaacceffaman faayidaa isaan hawaasicha keesstti qaban ilaaluuf yaallameera.

Faaruun gosa afoolaa keessaa tokko yoo ta'u, gosa afwalaloo jalatti ramadama. Maalummaa afwalaloo ilaalchisee (Nagarii, 1993:63), "Faaruun afoola Oromoo walaloodhaan dhiyaatu keessaa isa tokkoodha," jedha. Dabalataanis, Innumti, Winterod (1975:20) waabeffachuun yoo ibsu, "Faaruun bifa walalootiin dhiyaata; akka walalootti immoo qindaa'ina jechootaa, dubbii haalawaa, wal simannaa sagalootaatiin kuulamee dhiyaata," jedha. Yaada kanarraa hubachuun akka danda'amutti, faaruun afoola bifa miidhagina qabuun dhiyaatu akka ta'ee nu hubachiisa.

Faaruun haala kanaan bifa miidhagina qabuun dhiyaatu immoo waan mul'isu qaba. Faaruun calaqqee qaba. Innis, aadaa, duudhaa, seenaa, jiruufi jireenya hawaasaati. Faaruun callisee kan faarfatamuu miti; ergaa qaba. Kunis, aadaa, beekumsa, ilaalchaa, fedhii, falaasama jireenyaafi amantii hawaasaa faarfatu sana kan of keessatti qabatuudha. Akka ibsa Winteroditti, faayidaan faaruu ummata itti dhimma bahuuf kennu yoo ibsu, faaruun nibarsiisa, nigorsa, nigootomsa, aadaa duudhaa, dhugeeffannaafi falaasama abbootii dhaloonni haaraan akka hubatan godha jedha. Walumaa galatti yaada armaan olii ka'an irraa hubacuun kan danda'amu faaruu hawaasni tokko faarfatu gadifageenyaan qorachuun waa'ee hawaasa sanaa waa hedduu beekuuf kan gargaaru ta'uusaati. Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti gosa faaruu keessaa tokko kan ta'e, faaruu haadhaa hawaasni itti dhimma bahu sanaaf faayidaa kennuufi ergaa dabarsuun adda qoodamee dhiyaatee jira.

#### 2.3.1.3.2.2 Weedduu

Weedduun akaakuu walaloo afoolaa keessaa isa tokko ta'ee bifa garaagaraan kan dhiyaatudha. Isaanis: weedduu gootaa, daboo, sirbaa, jaalalaa, siyaasaa, cidhaafi kan kana fakkaatan akka ta'an Abarraafi kanneen biroo (1995) ni'ibsu. Weedduun walaloo afaanii dhimma garaagaraarratti qindaa'ee meeshaa muuziqaatiin walsimsiifamee kan dhiyaatu akka ta'e barreessitoonni ogbarruu ni'ibsu. Akka Fedhasaa (2013:51) ibsetti, "Weedduun walaloo aariidhaan guutamee jirudha."Kunis namni tokko hawaasa keessatti jaallatee dhabuu, waan tokko barbaadee gufuun itti baay'achuu danda'a. Yeroo kana aariidhaan guutamee xiiqiidhaan weeddisuu akka danda'u ibsee jira.

#### 2.3.1.3.2.3 Sirba

Sirbi yaada yookiin miira ofii bilisaan karaa ittiin ibsatan ta'ee kalaqa ittii fayyadama afaaniitiin unka gabaabaafi ifa ta'een lafa kaa'a. Sirboonni yaada beekumsaafi kanaafi kan kana fakkaatan

ibsuudhaaf, miira namaa kakaasanii bilisa akka taasisan cimsitee ibsuufidha. Dafaa (1983:37) akka barreessetti, sirbi si'aayinaan hojii hojjechuuf, wal mararsiisuuf barbaachisaa ta'uu isaafi akka ispoortiitti dhaqna namaa jajjabeessee kan cimsu ta'ee walaloo hojjechuuttis kan nama kakaasu akka ta'e ibsa.

**2.3.1.3.3 Faayidaa Faaruu**

Faruun kan hawaasni tokko miira isatti dhaga'amu kanneen akka gammachuu, marartee, gaddaa, aariifi kan kana fakkaatan ittiin ibsatan waan ta'eef hawaasa Oromootiif faayidaa guddaa qaba. Kunis jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti waantota mul'atan faaruutti dhimma bahuun ibsata.

Finnegan (1970:270) faayidaa faaruu yoo ibsitu, "Song can use to report and comment an current affirs, for political pressure, for propaganda and to reflect and muld public opinion" jetti. Yaadni kunis kan ibsu faaruun waan haala yeroo keessatti ta'u gabaasuufi yaada irratti kennuuf dhiibbaa siyaasaan namarra gahe ittiin ibsachuuf, akkasumas yaada hawaasaa ittiin calaqqisiisuuf yookiin ittiin qeequuf kan gargaaruudha. Mee faayidaa faaruu hayyonni hedduun kitaaba isaanii keessatti eeran armaan gaditti ilaalla.

- Faaruun dhimmoota hawaasicha ilaallatan hunda keessa galuun ergaa dabarsa.
- Duudhaa kabachiisuuf waan gumaachu qaba.
- Ogafaan hawaasichaa guddisuuf ga'ee olaanaa taphata.
- Yaada bal'aa bifa af walalootiin gabaabsee dhiyeessuuf nu gargaara.
- Ergaa dhokataafi quuqaa qabdu bifa waan birootti qabuun dabarfachuufi k.k.f. ni fayyada.

**2.3.1.3.4 Gosoota Faaruu**

Gosoonni faaruu Oromoo hedduutu jiru. Isaanis faaruu ateetee, faaruu amantii, faaruu loonii, faaruu biyyaa, faaruu urursa daa'immanii, faaruu loonii, faaruu ateetee, faaruu deessuu, faaruu haadha manaafi kan kana fakkaatan yoo ta'an marti isaaniiyyuu ergaa, yoomessaafi haala itti raawwataman, akkasumas hirmaattota mataa isaanii ni qabu. Kanneen keessaa faaruun ateeetee galgala kan raawwatuufi dubartootaan kan raawwatamu yoo ta'u, kadhaa adda adddaa mul'isuuf kan gaggeeffamudha. Faaruun amantii mana amantiitti saala lachuun kan faarsamu qaama waaqqeffannati. Yeroon isaas daanga'aa miti. Faaruun looniis loon jajuufi mararsiifachuuf kan

faarsamu yoo ta'u, yeroo loon tiksan dirreerratti raawwata. Haaluma kanaan faaruun haadhaas saala lamaaniinuu kan faarsamuu danda'u ta'ee, faaruun haadha mararsiifachuu, jajuu, dhaadachuu, galateeffachuufi kan kana fakkaatan mul'isuuf dhiyaata. Weedduun yookiin faaruun jaalalaa miira mararfachuun guutamee kan jirudha. Namni tokko waan faarsu sana jaalatee mararfata. Wanti faarsamu sun haadha, biyya, lafa, abbaa, hiriyaa, looniifi k.k.f.dha. Kana ilaalchisee galmeen jechootaa Afaan Oromoo akka jeddhutti faaruun hawaasa Oromoo loon faarsuuf, gocha gaariidhaan maqaa dhahuuf ykn kaasuuf faayidaa irra kan ooludha. Innis sagalee galataan mararfachuu" akka ta'e ibsa. Haala wal fakkaatuun Warquunfaa (1993:63) weedduun yookiin faaruun "jajachuu ykn mararfachuu" akka ta'etti lafa kaa'u.

**A Faaruu Haadhaa**

Faaruun haadhaa gosa faaruu Oromoo keessaa isa tokko ta'ee hawaasa Oromoo biratti beekamaafi jaalatamaa kan ta'edha. Uummanni Oromoo kabajafi jaalala haadha isaaf qabu faaruudhaan ibsachaa tureera; Ibsachaas jira. Maammoo (2002:159) waa'ee haadhaa yemmuu ibsu, "Sanyiin tokko ofii baddee sanyii ishee haaraa uumuuf akka of dabarsitu haati garaatti baattee ciniinsifattee da'uun qaama ishee kan ta'e harma hoosisuun itti fufiinsa ilmaan namaaf dirqama uumamaan irraa eegamu ba'uu dandeessi" jedha.

Uummata Oromoo biratti ilaalcha gama haadhaafi abbaatiin jiru irratti garaagarummaan ni mul'ata. Keessumattuu yeroo baay'ee ijoolleen abbaa isaaniirra haadha isaanii caalsifatu. Yaaduma kana ilaalchisuun Okpewho (1992:158) yoo ibsu, "For whom there is a much deeper feeling of attachment mother than father" jedha. Kunis kan ibsu eenyuyyuu dhalli namaa abbaa caala haadha akka caalsifatudha. Sababiinsaas kunuunsuufi guddisuu ijoollee keessattu haati gahee guddaa kan qabduu taatee haaluma kanaan immoo ijoolleen abbaa caalaa haadha waliin walitti dhiyeenyaan kan guddatan ta'uu isaati.

**B Faaruu Aadaaa**

Hayyoonni adda addaa faaruu aadaatiif hiika garagaraa kennu. Faaruun aadaa kan muuziqaafi haasawa of keessaa qabudha. Faaruun aadaa dameewwan af walaloo kan yeroo dheeraaf jiraatu ta'ee, kan argamu, kan baratamu, kan maaatiifi garee hawaasa murtaa'aa biratti bal'inaan argamudha. Akkasumas, faaruun gocha yookiin olmaafi dandeettii "Maaram"wajjin kan wal qabateedha. Maaram kan jedhamtu kun bakka hundatti kan argamtu, dubartoota yookiin

haadholii da'umsarratti gargaruuf mana tokko irraa gara mana birootti deddeemuudhaan kan gargaartudha. Dhugeeffannoo kana irraa kan ka'e dubartoonni ateetee faarsu. Yaada kana deeggaruun Dirribiin (2012:81) Waaqa, Mana, Ijoollee, Loon, jireenya gaarii nagaa waliin isaanii kenne galateeffataa Maaram ayyaana dubartii, looniifi deesssuu faarsaa oolanii buulu jedhu. Kanaafuu af walaloon bifa walalootiin dhiyaatan keessaa faaruu gosa adda addaa kan akka faaruu haadhaa (deessuu), faaruu ateetee loonii, faaruu waaqaa ykn amantii, faaruu gootaa, faaruu hojii, faaruu dacheefi biyyaa ni argamu.

**C Faaruu Daboo ykn Hojii**

Afoolli yookaan sirboonni hojii yeroo baay'ee bakkeewwwan teeknooloojiin hammayyaa hin babal'atiinitti kan dhiyaaatu yoo ta'u, dhuunfaanis ta'e gareen sirbamuu kan danda'udha. Yeroo baay'ee garuu gareen sirbamu. Namoonni dhuunfaanis ta'e gamtaan hojii baay'ee dadhabsiisaafi ulfaataa ta'e yeroo hojjetan nuffii tokko malee si'aayinaan akka raawwataniif gaheen afoolli hojii qabu olaanaadha. Dhimma kanas Zarihun (1992:46) akka ibsutti, yeroo baay'ee uummanni baadiyyaa gamtaanis ta'e dhuunfaan hojii tokko yeroo raawwatan hojicha haala si'aayina qabuun hojjechuuf kan isaan gargaaru walaloo tarreessuun ni faarsu yookiin ni sirbu jedha.

### 2.3.1.4 Eebba ykn Abaarsa

Eebbi sirna nafa dhiqaa, Ateeeefi Foollee keessatti faaruu haadhaan wal qabatee dhiyaatu baay'een isaa dhimma hormaataan wal qabata. Deessuun akka hortu, dhabduun daa'ima akka argatttu, loon akka horaniifi sanyii akka baay'ifatan eebbisu. Abaarsi gocha badaan yeroo hawaasa keessatti raawwatamu itttiin namoota hamtuu goote qolachuuf raawwattama (Fedhasaa, 2013:55).

### 2.3.2 Duudhaa Hawaasaa (Social Custom)

Duudhaan aadaa hawaasaa keessaa tokko waan ta'eef osoo maalummaa duudhaa hawaasaa hinhiikiin dura maalummaa aadaa hawaasaa ibsuun barbaachisaadha. Maraman (2010:4) akka ibsetti aadaan walxaxaa waan ta'eef yaada akka salphaatti hubatamu miti jechuun eera. Barreessaan kun itti fufee maalummaa aadaa yeroo ibsu aadaan karaa jireenya hawaasa tokko, akkasumas, karaa namni tokko, gochaa isaa, walitti dhufeenyaafi jireenya isaa keessatti murteessuun akka danda'amu kan namatti agarsiisidha. Duudhaan haala nyaataa, uffataa,

hamaafi gaarii yaaduu, kabaja ayyaanaa, amantaafi kanneen kana fakkatan akka of keessatti hammatu eera.

Duudhaan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaarra xiyyeeffannaa kan inni godhu hariiroo yookiin walitti dhufeenya gareerrattidha. Dorson (1972:3) akka jedhutti duudhaan hawaasaa meeshaalee aadaatiin baay’ee walitti dhiyaata. Kana malees, duudhaan waan hawaasni tokko barsiifataan qabu, yaadaan waliif qooduufi dabarsudha. Gosootni duudhaa hawaasaa kanneen akka kabaja ayyaanotaa, sirna gadaa, haala amantaa, haala uffannaa, haala Waaqeffannaa, haala fuudhaafi heerumaafi kanaafi kanneen kana fakkaatan ofkeessatti hammata.

Mata dureen qorannoo kanaas haala raawwii dhaqna dhiqaa deessuu, Ateetee Loonii, Sirna gaa’elaa, Sirba daboofi Ayyaaneffannaa yookiin waaqeffannaa keessatti faaruuwwwan haadhaa dhiyaatan ergaa isaanii qaaccessuu waan ta’eef, afoolaa aadaafi ayyaana kan ilaallatudha. Akka Dirribiin (2012:11) barreessetti “Ayyaanni waan hedduudha. Guyyaadha, carraadha, milkiidha, Ayyaanni kan namoonni guyyaa addaan baasanii guyyoota kaan irraa addatti kan kabajan, yookiin kan ittiin uumaa isaanii galateeffatanidha” jedha.

Akka Dirribiin, (2012:120) barreessetti hordoftoota amantaa waaqeffataa biratti ayyaanni ateetee ayyaana maaram ishee sanyiifi hormaata qajeelchitu kabajuuf kan dubartoonni dukkana gannaa nagaan nu baasi jechuuf, fayyaa namaatiifi horiitiif, hormaata horiitiif, oomisha quubsaa argachuufi nageenya maatiif jecha kadhatu. Kun immoo gamtaa dubartootaa jajjabeessee mirga dubartootaa eegsisa. Dubartoonni kunneen yeroo ateetee kabajan aadaafi seenaa aayyoofi abboo isaaniirraa dhaalan bu’uura godhachuuni. Kabaja sirna ayyaana ateeteef barbaachisan callee mormatti naqatanii, uffata aadaa biddiqqoo uffatanii siiqqee qabatanii, marga jiidhaafi nyaataafi dhugatii aadaa qopheessuun walitti dhufanii ateetee dhaabbatanii facaafatu. Gosti ateetee kun bakka tokko tokkotti jaarii kormaa ykn gannii loonii jedhama.

Ayyaanni ateetee waggaatti si’a lama kabajama. Kunis ateetee galaanaafi ateetee birraa jedhama. Haata’u malee haati ateetee ayyana ateetee kan kabajju waggaatti altokko qofadha. Akaakuuwwaan ateetee sadiitu jiru. Isaanis: ateetee Amajjii (Ateetee Maaram furmaa), Ateetee Hagayyaa (Ateettee Maaram hagayyaa), Ateetee Sadaasaa (Ateetee Loonii) jechuun qooda. Gama biraatiin immoo akka yaada Itteenesh (2009) waraqaa qorannoo irratti ibsitetti, haala kadhannaafi kaayyoo isaa irratti hundaa’ee ateeteen bakka sadiittti qoodama: ateetee deessuu,

ateetee looniifi ateetee haadha duulaa ykn ajjeesaa jedhamu. Haaluma kanaan qorannoon kunis barsiifata hawaasaa keessatti akaakuuwwan ateetee armaan olii keessaa ateetee deeessuufi ateetee loonii keessatti faaruuwwan dhiyaatan kanneen jaalalaafi kabaja haadhaa mul'isan qaaccessuurratti xiyyeeeffate.

Barsiifanni hawaasaa akkaakuuwwan fookiloorii keessaa isa tokko yoo ta'u, amaleeffannaa ykn gocha baramaa hawaasni yeroo adda addaatti jila walfakkaataa ta'e irratti haala wal fakkaataan raawwatu kan agarsiisu yoo ta'u, duudhaa, dalaga, safuu fi k.k.f kan ittiin dabarfataniidha. Barsiifanni hawaasummaa walitti dhufeenya garee hawaasa tokkoo, hirmaattota sirna da'umsaa, cidhaa, awwaalchaa, jiloota amantaafi alamantaa kan hammatuudha. Faqaadee (1991:13) barsiifata hawaasummaafi qabiyyeewwan achi jalatti ilaalamuu danda'an damee afuriin qoqqoodee kabaja ayyanaa (jila), tophoota dirree bashannaana, qoricha aadaafi amantii duudhaa jechuun kanneen namoonni gareen hirmaatani kaa'a. Haaluma kanaan jilli wanta hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti barachaa deemu ta'a.

**Maalummaa Jilaa**: yaad-rimee jila jedhu kana hayyoonni adda addaa hiika itti kennaniiru. Hayyoonni afoolaa akka ibsanitti, maalummaa jilaafi gahee jilli hawaasa tokkummeessuuf qabu ni addeessu.

> *Jilli haala qindaa'aafi toora isaa eeggateen bifa miidhagina ykn qulaqullina qabuun bakkaafi yeroo murtaa'aa keessatti raawwatama akkasumas irra deddeebi'amee bifa fedhii namaa hawwatuun kan dhiyaatuudha. Kunis garee hawaasaa tokko walitti hidhuufi fedhii isaa kallattii tokko irratti eeguu keessatti gahee guddaa kan taphatuudha* (Delessa 2008:17).

Jilli tokko adeemsa mataa isaa qaba. Akkasumas, yoomessa keessa socho'u niqaba. Kunis yoo qophaa'u iddoofi yeroo murtaa'aa ta'e keessatti kan adeemsifamu ta'ee haalaan kan qindaa'uufi fakkoommiin achi keessatti mul'atanillee hiikaafi ergaa dabarsuu kan qabu akka ta'e dubbata. Yeroo hundaatti kan ta'u, bakka hundattis kan ta'u miti; itti yaadamee bifa ulfina qabuun kabajama.

**Akaakuuwwan jilaa** Jilli damee lama of keessaa kan qabuudha. Isaaniis: jila amantaafi alamantaati. Jilli amantaarratti xiyyeeffatu irreecha, dhibaayyuu dhibaaffachuu, ateetee facaafachuu, mana amantaa deemanii waaqeffachuu, mana ayyaanaatti kan godhamuu fi k.k.f.

amantaa hawaasichi qabuun walqabatee kabajaafi qophii addaatiin kan qajeelfamuudha. Karaa biroon jilli alamantaa; daboo hojii walgargaarsaa, yeroo cidhi taasifamu, yeroo gaddaa, loon dhaabbachuu, gugsii fardaa, jila buttaa qaluu, kabaja sirna da'umsaa, moggaasa maqaafi k.k.f. amantiin alatti waanuma kabajamurratti xiyyeeffata. Kanaaf, qorannoon kun kabajni ateetee looniifi waaqeffannaan amantii jila amantaarratti xiyyeeffatu yoo ta'u, kabajni sirna da'umsaa, daboo hojii, yeroo cidhaa, yeroo gaddaa jila mataa isaanii danda'an ta'anii alamantaa jalatti kan ramadamaniidha. Isaanis qoqqooddii fookiloorii keessaa Duudhaa hawaaafi barsiifata hawaasaa keessatti kan argamandha. Kutaa kana keessattis yaadrimeen kabaja sirnoota kanneenii keessatti ergaan faaruu haadhaa maal akka ta'e kan ilaallu ta'a.

Jilawwan alamantaa keessaa tokko kan ta'e, da'uun akka yaada galmee jechoota Afaan Oromoo irratti ibsametti gocha mucaan yemmuu ji'i isaa gahu garaa keessaa dhiibanii yookiin miixatanii baasan ta'a. Haaluma kana irraa ka'uun, dubarri tokko heerumtee dhala argachuun kennaa dubartoonni uumamaan qabanidha.

Kabajni sirna da'umsaa jila mataa isaa danda'e ta'ee al-amantaa jalatti kan ramadamuudha. Jilli kun kan adeemsifamu akka aadaa Oromootti kabaja inni deessuu tokkoof qabuufi jaalala inni daa'imaaf qaburratii hundaa'unn yaadaafi gammachuu isaa ibsuuf yoomessa isaa eegee kan raawwatamuudha dubartiin mucaa tokko baatii sagal guutuu garaatti baattee nagaan hiikamuun ishee gammachuu guddaa waan ta'eef hawaasa keessatti sirna addaatiin kabajama (Hayiluu, 1997:19)

Jilli kun kan adeemsifamu akka aadaa Oromootti kabaja inni deessuu tokkof qabuufi jaalala inni ijoolleef. (daa'imaaf) qaburratti hundaa'uun yaadaafi gammachuu isaa ibsuuf yoomessa isaa eegee kan raawwatamuudha.

> *Aadaa uummata Oromoo keessatti dubartii deessuun kabaja guddaa qabdi. Kan isheen deessu fuuldurratti biyya bulchuu danda'a jedhamee waan tilmaamamuuf kabajaan ishee hawaasa keessatti guddaadha. Gama kaanin immoo dubartiin mucaa tokko baatii sagal guutuu garaatti baattee nagaan hiikamuun ishee gammachuu guddaa waan ta'eef hawaasa keessatti sirna addaatin kabajama. (Hayiluu Bantii, 1997:19).*

Kanumarraa ka'uun jilli kun yeroo dubartiin deessu kan raawwatamu yoomessa addaan bahe keessatti addaan qoqqoodamee kan ta'uudha. Kana yoo jedhamus kabajni sirna kanaa sababaa fi guyyoota raawwaturratti hundaa'uun shanan baasuu jedhamuun beekameetu gaafa guyyaa shanii itti geggeeffama. Kun eega aadaa Oromoo keessatti sirna hoo'aan kan ta'uudha. Deessun yoo isheen deessu sababa isheen nagaan hiikamteef galata waaqaaf kan itti kennan mucaa dhalates gammachuun kan simatan keessaa, miira isaanii baasanii kan irratti ibsataniidha. Jila kanarrattis firiiwwan afoolaa kan ta'an marti isaanii keessatti ni argamu. Jila tokko kan jila isa taasisu kan akka dalaga sirba dahaa, hirmaattoota, meeshaale aadaa, dooyaan bakki itti geggeeffamu, weedduu ykn faaruun garaagaraa, nyaanni, uffannaan aadaa, qophiin addaa keessatti ni argamu. Kanumaan wal qabatees, yeroo dubartiin tokko deessu dubartoonni wal gahanii dalagu. Dalagni kun egaa kan bara durii dubartoonni ittiin wal faarsanii maaram jedhanii maaramiin waammatanii ittiin dubartii deesseefi ilmoo ishee faarsan. (Kumsaa Booroo, 2009: 391).

Yaada armaan oliirrattis kan ibsamu dalagaafi gochaaleen sirnicha miidhagsan akka jiruudha. Qabiyyeen isaas deessuufi dhabduu ittiin faarsuu, Maaramiin jajachuufi ilmoo dhalate ykn dhalatte kan ittiin faarsan of keessatti qabaata. Sirna kanarrattis kan hirmaatu harmoolii qofa. Gochaalee ta'an hunda keessatti gahee guddaa kan fudhataniidha. Isaanis: nyaata qopheessuu, wededduufi shubbisa garaagaraa dhiyeessuu, jalqabaa hanga dhumaatti abbummaan dhimma sana raawwatu.

### 2.3.3 Meeshaalee Aadaa (Material Culture)

Meeshaleen aadaa meeshalee hawaasni tokko beekumsa isaattii fayyadamuun hojjatee, itti gargaaramu ta'anii haalli hojii isaaniifi itti fayyadama isaanii akkasumas hiikni kabajni isaaniif kennamu bifa wal fakkaataan dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufaniidha. Dameen fookiloorii kun ogummaa bobbocaa hawaasa tokkoo kan calaqqisiisudha.

> *Meeshaaleen aadaa gosoota (akaakuwwan) fookiloorii keessa tokko ta'ee aadaa ummata isa mul'ataa kan ogummaa, haala qindoomina bobbocaa, k.k.f, haala qopheessa nyaataa, omisha ogummaalee mukaafi haaldhiyeenya haaraa kan Industirii qinda'ee dhiyaateen dura turaniidha (Melakneh, 2006: 7).*

Ibsa hayyuu kanarraa qabxiin ijoon hubatamu meeshaleen aadaa qaamaan argamuu kan danda'aniifi ogummaa, beekumsa, kalaqa, sadarkaa jireenyaafi k.k.f. hawaasni tokko qabaachaa

ture kan calaqqisiisaniidha. Kunneenis ogummaa hammayyaan dura kan turaniifi dandeettiifi muxannoo aadaa kan of keessatti hammatan ta'uu isaaniiti. Meeshaleen kun hawaasa biroo caala hawaasa abbaa qabeenyaa meeshaalee kanneenii ta'an gidduutti hiika bal'aa qabaatu. Kana jechuun meeshaaleen kunniin hawaasa beekumsa fookiloorii hawaasichaa hinqabne caalaa hawaasa beekumsa duudhaa saba sana keessatti argamanii keessatti hiikaafi tajaajila bal'aa kennu jechuudha. Isaaniis beekumsa, falasama, aadaafi duudhaa hawaasichi qabaachaa ture duubatti deebinee ittiin ilaaluun ykn qorannoo seenaatiif akka burqaa ragaatti tajaajiluu kan danda'aniidha. Kanaaf meeshaleen aadaa fookiloorii hawaasa tokkoo dhalootaa dhalootatti dabarsuufi ragaa tursuu keessatti gumaacha olaanaa taphatu.

### 2.3.4 Aartii Duudhaa (Sochii Qaamaa)

Melakneh (2006: 7) yeroo ibsu aartii duudhaa ogummaa aartii hawaasa tokkoo yoo ta'uu, gosa mul'ina fookiloorii bifa faaruuwwan duudhaa, ragada, diraamaa, tapha fardaa fi k.k.f. kanneen sochii qaaman qindaa'anii dhiyaataniidha. Aartiin duudhaa kalaqa aadaatiin kan argame yoo ta'uu, ogummaa sochii qaamaatiin qindaa'ee waan dhiyaatuuf dandeettiin fedhii nama hawwachuu isaatii cimaadha. Kanaaf, haala salphaan fookiloorii uummata tokkoo calaqqisiisuufi dhalootaa dhalootatti dabarsuu kan danda'uudha.

Dhimmoonni aartii duudhaa jalatti ilaalaman kanneen akka sirbaa ykn faaruu duudhaa, sirna boo'ichaa, gugsii fardaa, doo'ii ykn diraamaa jechaafi jecha maleefi k.k.f. yoomessa isaaniirratti hundaa'uun jila garaagaraa irratti bakka gareen ummataa walitti qabamanitti kan dhiyaataniidha.

## 2.4 Yaadiddamoota Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf yaaxxinni itti gargaaramanii qorannoo sana gaggeessan murteessaadha. Yaaxxinoota jiran keesssaa qorannoon kun yaaxxina tajaajilaa (functional theory)fi yaadiddama galumsaa irratti bu'uureffachuun kan gaggeeffamedha. Sababiin isaas faaruun haadholii ibsu kun hawaasa keessatti faayidaa inni qabu bal'inaan waan xiinxalamuufi. Kana malees faaruun haadhaa haala ittidhiyaatu qaba. Kana jechuun wanti irratti faarfatamu jiraachuufi ergaan ni ibsama. Inni kun immoo Yaadiddama galumsaa (contextual Approach)n dhimma ba'ama.

Yaaxinni tajaajilaa aadaafi duudhaa hawaasa tokkoo kan qoratuudha. Yaada yookaan amala nama dhuunfaa osoo hin taane, ilaalchaafi aadaa hawaasa tokkoo madaaluun haala jireenya

hawaasa sanaa haala dhaabbataa (stable) ta’een kan deemsisudha. Ulaagaan tajaajilaa inni guddaan, walirratti hundaa’uu namoota dhuunfaafi gareewwan hawaasa tokko keessa jiraniiti. Yaaxinni kunis walitti hirkachuu gareewwan hawaasaa xiyyeeffannoodhaan kan ilaalu yoo ta’u, gareewwan naannoo naannoodhaan qoqqoodaman wal-malee jiraachuu hin danda’ani jedha. Farley (2003) hawaasni walirrtti hirkachuu gareewwan hawaasummaa irraa kan ijaaramedha jedha; haaluma kanaan, gartuun tokko isa biraa irratti hirkachuun jiraatu jechuudha. Akka ulaagaa yaaxima tajaajilaa isa lammaffaatti ittiin bulmaata aadaafi caasaa hawaasummaa keessatti afaan, amantii, beekumsafi duudhaan bakka guddaa akka qaban ibsa.Ulaagaan biraan walqixxummaadhaan wal-hubachuufi wal-tajaajiluu jedha. Waan hunda waliigalteedhaan kan raawwatuufi wal-deeggaruudhaan waliin akka jiraatu akkasumas duudhaawwan qabu irratti akka yaada waljijjiiru kan kaasudha. Akka barruuleen tokko tokko ibsanitti, yaaxinni tajaajilaa jijjiirama hawaasaa ibsuurratti hanqina qaba jedhu.

Hawaasummaa ammayyoome keessatti, fookloorii haala afoola giddu-galeessa godhateenkan qoratuufi jijjiirama yaadrimee fookloorii kan yaada keessa galche yaadiddama galumsaa (Contextual Theory) kan jedhamudha. Kunis kan fooyya’ee dhufe yaaxima duraanii kan barruu fookloorii irratti hundaa’e irraati. Akka yaadiddama galumsaatti, taateen tokko yoomessaafi haala yeroo waliin wal-qabsiisamee barmaata hawaasa sanaa haala ittiin qophii sana waliin wal-bira qabamee ilaalamuu danda’uun madaalamuu qaba malee barruudhaan hin ta’u. Kanaaf, wantoonni yoomessa tokko keessatti dhiyaatan haala raawwii yeroo sanaatiin waraabamuun kan seecca’aman ta’a.

Haaluma kanaan, duudhaalee hawaasaafi beekumsa isaa waliin fudhachuuf yeroo qorannoo dirree (field work) dheeraa kan barbaadu ta’a. Dorson (1972) akka jedhutti, qorannoon fookloorii yaadiddama galumsaa irratti hundaa’e tokko turtii dirree irratti taasifamu bal’inaan fayyadamuun raawwata; kunis yaada dabalataa qofa argachuuf osoo hin taane adeemsuma qorannoo sanaayyu sirreessuun raawwii bu’aa hedduu argamsiisuun dudduubee dhiyeessa fookloorii tokkoo haala gaariin ibsuu ni danda’a. Yaadiddamni galumsaa kuni haala raawwiin tokko keessatti dhiyaate hunda kan of-keessatti qabatu waan ta’eef, wantoota jechaan ibsaman cinaatti galumsa adda addaa kan akka gosa qophii, dhaggeeffattoota, hirmaattota, kkf itti dabalee ni qorata jechuudha. Fakkeenyaaf, ‘sagantaa seenessaa’ tokko kan fudhatu yoo ta’e seenaa isa himamu sana cinaatti, jireenya seenessaa dabalatee haala naannoo sanaafi yeroo sana raawwatan hunda madaaluun

akkaataa galumsa isaatiin ilaala jechuudha. Kanaafuu,afoola tokko qorachuun kan danda'aamu waan raawwatee ta'eerraa utuu hin ta'iin waan raawwachaa jiru bu'uura godhachuuni. Kunis haala qabatamaan afoolli sun keessatti hurruubamu,akkaataa itti hurruubamu,wantoota yeroo hurruubbii hurruuban dhimma itti ba'aan,walumaa galatti yoomessa sana keessaatti argamuun waan afaaniifi gochaan raawwatu faana bu'uun kan geggeeffamu ta'uu nu hubachiisa.

## 2.5 Sakatta'a Qorannoowwan Wal fakkii

Bakka kanatti qorannaalee mata duree kana waliin walitti dhufeenya qaban yookiin wal fakkaatan kan keessatti dhiyaatanidha. Kanaafuu mataduree qorannoo kanaan guutummaa guutuutti kan walfakkaatanii hojjetaman kan hin gaggeeffamne ta'uusaa mirkanaa'eera.Haata'u malee, qorannoowwan muraaasni yaada dhimma qoratamu kana hanga tokko deeggaran yookiin kan itti dhiyaatan ni argamu. Haaluma kanaan qorattuun qorannoo kanaa waraqaalee qorannoo garagaraa hojjetaman sakatta'uudhaan kunneen walitti dhufeenyaafi garaagarummaa isaan qorannoo kana waliin qaban hanga tokko ilaaluun amanamuummaafi gabina yaadaa ni cimsa.

Jiksaa Kabbadaa bara 2009tti waraqaa qorannoo eebbaa digirii jalqabaa guttachuuf yuunivarsiitii Mattuutti dhiyeesseen waa'ee af walaloo haadhaafi abbaa ibsan Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Bachoo irraatti xiyyeffachuun dhiyeessee jira. Qorannoon Jiksaa kun qorannoowwan kanneen biroo caalaa gara qorannoo kanaatti kan dhiyaatu yoo ta'u, Kunis baay'inaan dhimmoota haadhaa irratti xiyyeeffachuu isaati. Hawaasni akkamitti weedduu (faaruun), geerarsaan fayyadamee miirasaa akka ibsatuufi faayidaa af walaloon kunneen hawaassichaaf qabu ibsuurratti xiyyeefata. Dhimmi qoraannoo kanaan wal fakkkaataa biroon qorataan kun kaasu kabajni dubartii deessuu (haadhaa) hawaasa keeessatti olaanaa ta'uudha. Kunis akka aadaa Oromootti haati iddoo olaanaa qabdi. Fakkeenyaaf namoota wal lolan gidduu yoo seente, dubratiin Siiqqee qabattee yoo fuuldura dhaabbatte, namoonni sun lola sana yeroodhuma sana ni dhaabu jechuun ibsa. Dabalataanis weedduufi geerarsa adda addaan dhimmoota haadha jajan, mararsiifatanfi jabina ishii iban ni kaa'aa. Kanaaf walfakkeenyi qorannoowwan lameenii akka waliigalaatti fookloorii uummmataa irratti xiyyeeffatu. Jaalalaafi kabaja haadholii ni agarsiisu. Afaan qorannoon kun ittiin gaggeeffames tokkodha.

Garaagarumman isaa kaayyoon qorannoo jiksaa af walaloowwan weedduu yeroo cidhaa, af walaloo yeroo duula deemaniifi geerarsa keesatti jaalala haadhaafi abbaa qaaccessuu irratti yoo

xiyyeeffatu, qorannoon kun garuu ergaa faaruu haadhaa afoola, aadaafi duudhaa keessatti dhiyaatan qaaccessuudha. Kanaaf qabxiilee muraasa qorannicha keesssatti ibsaman irraan kan hafe kaayyoofi qabiyyeen isaanii adda addadha. Dabalataanis iddoon qorannoowwan lameen itti gaggeeffame godina adda addaa keessatti ta’uufi qorannoon kun qabiyyeefi ergaa faaruu haadhaa adda addaa suuraan deeggaruun kan ibsame yoo ta’u, qorannoon jiksaa garuu suuraan hin deeggaramne.

Qorannoo Tashaalee (2008) mata duree “Qaaccessa Qabiyyee faaruu ateetee: Godina Wallagga Bahaa Aanaa Leeqaa Dullachaa irratti xiyyeeffate” digirii lammaffaa keesatti walfakkeenyi qorrannoo kana waliin qabu: faayidaa faruun ateetee jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qabu ibsuurratti, Qabiyeewwan faaruu ateetee dubartoota deessuuyookiin kanneen mana dhaaban kan bu’uureffate ta’uu, faaruun ateetee kabaja maareefi harmoolii kan ibsan ta’uufi kan kana fakkaatan. Akka waliigalaatti walfakkeenya qorannoowwan lamaanii: Fookiloorii uummata Oromoorratti xiyyeeffatu. Akkasumas kunuunsa dubartii deessuuf godhamu ni ibsu. Jaalala, kabajaafi kunuunsa haadholiif taasifamu ni agarsiisu. Dabalataanis Afaan qorannoowwan kun ittiin geggeeffaman tokkoodha.

Garaagarummaa Qorannoowwan Lamaanii: Tashaaleen aadaa hawaasa naannooWallaggaa Aanaa Leeqaa dullachaa irratti xiyyeeffachuun kan qorate yoo ta’u, qorannoon kun ammoo hawaasa naannoo Shawaa Lixaa Aanaa Ada’aa Bargaarrati xiyyeeffata.

Qorannoon Tashaalee sirna kabaja ayyaana ateetee keessatti faaruuwwan dhiyaatan qaaccessuu qofa irratti yoo xiyyeeffatu, Qorannoon kun garuu faaruuwwan haadhaa sirna dhaqna dhiqaa deessuu irratti, kabaja ayyaana ateetee loonii keessatti,sirba daboo keessati, foollee keessatti, ciha keessattifi k.k.f. keessatti dhiyaatan qaacceessuun wal qabata.

Qorannoo mataduree ammaa kana waliin alkallattin walsimu keessaa inni tokko Iteenash (2009)dha. Xiyyeeffannaan barreeffama kanaa seccaa qabiyyee walaloo Ateetee godina Wallaggaa, Aanaa Laloo assabii jedhamurratti yoo ta’u, dursas kan isheen ibsite maalummaa ateetee, eenyuun akka kabajamu, yoomessa inni keessatti raawwatamu hunda eertee jirti. Kabajaafi kunnuunsa harmooliif godhamu kaasuun deessuun hawaasa keessatti iddoo guddaa akka qabdu, ilmoon dhalattu sanafis jaalala qaban akkamitti weedduun akka mul’isan gad fageenyan ibsamee jira. Dhimmi walfakkaataa biroon qorattuun kun kaastu kabaja dubartii

deessuuf godhamudha. Deessuun mana namaa yoo dhaqxe dhadhaa osoo hin dibatin, aannaniis osoo hin dhugiin hin baatu, namni fardaan deemaa karaatti itti yoo dhufe farada irraa bu’ee fardarra kaa’ee manan ga’ee deebi’a. kana malees deessuu hin dhaanan, akka argan jecha jabaa itti hin dubbatan jechuun ibsamee jira.

Sirna kanarrattis nyaatni aadaa fi dhugaatiin kan akka buna qalaa, qorii, farsoo bordee, marqaa fi k.k.f. jiraachuun isaanii qorannaa kana keessatti ka’amee jira. Walaloon Ateetee fi deessuu, yoo jeekkaramu, weedduulee yeroo da’aa harmoliin fayyadamuun ittiin sirnicha geggeessan qabiyyee inni of keessatti qabatuun qoqqoodamee, ergaan inni dabarsu waliin eerameera. Innis jaalala haadha fi ilmoo kan agarsiisu, Maarees bifa ateeteetiin gochashee galateeffachuudha. Yeroo ateetee bulfatan da’umsaan wal qabatee, jiruu fi jireenya harmootii kan ilaallatu mara of keessatti hammatee barreeffama ishee kana keessatti argama. Walfakkeenya qorannoowwan lamaanii: Dhimmoota dubartootan rawwatamanfi haadholii faarsan irratti xiyyeeffachuusaatiin, weedduuleen kabaja sirna da’umsaarrattifi ateeteerratti jedhaman duudhaa sabichaa kan ibsan ta’uusaanitiin wal fakkeenya qabu. Akkasumas sadarkaa guddina fookiloorii Oromoo hanga tokko ni tarkanfachiisu.

Garaagarummaa qorannoo lamaanii: Daangaan qorannichaa gargar yoo ta’u, Iteenash aadaa kan naannoo Wallaggaa Aanaa Assabiirratti yoo xiyyeeffatu, kun immoo kan Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ada’aa Bargaarratti xiyyeeffata. Qabiyyeen isaanii adda adda ta’u malu; sababnisaas, kaayyoon qorannoo Iteenesh qabiyyee walaloo ateetee yoo ta’u, qorannoon kun immmoo kabaja ayyaana ateetee looniifi ayyaanota adda adddaa keessatti ergaa faaruu haadhaa qaaccessuurratti kan fuulleffatudha. Waliigalattii garuu qorannoowwan sadeen armaan olii kun yaada cimina qabufi gabbatoon qorannaa kana akka ragaatti kan deeggaraniidha.

# Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Mala Qorannichaa

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Boqonnaan kun malleen qorannoon ittiin adeemsifame irratti xiyyeeffata. Malleen qorannoo adeemsa qorannoo gaggeessuu keessatti iddoo guddaa qaba. Innis qorannoon kun mala isa kamiin akka qophaa'e, malleen odeeffannoon ittiin funaanaman: af gaaffii, daawwannaafi marii gareedhaani. Mala iddattoo ittiin filataman immoo, maloota jiran keessaa qorannoo kanaaf mijataafi bu'a qabeessa kan ta'e filatamuun akka gaggeeffamu ta'eera. Gosti qorannoo kanaatis qorannoo akkamtaati. Haaluma kanaan qorattuun ragaalee iddattoo irraa argatte qaaccessuuf mala ibsaa gargaaramte. Sababiin isaas odeeffannoon argame gaadifageenyaan ibsuuf filatamaa waan ta'eefi odeeffannoon guurames lakkoofsaan osoo hin taane ibsuutiin hiika kan argate waan ta'eefidha.

Qorannoo akkamtaas ta'e hammamtaa, keessatti malli ittiin odeeffannoon sassaabuufi seecca'amu murteessaadha. Qorannoo qulqulleeffataa ilaalchisee Creswell (2002:178) yemmuu ibsu, "The idea behind qualitative research is to be purposefully selected participant or sites (documents or visual material) that will best help the researcher understand the problem and the research question" jedha. Yaanni kunis qorannoo qulqulleeffataafi maddi ragaa xiyyeeffannaan filatamuu akka irra jiraatu addeessa.

Adeemsi saxxaxa qorannoo karoora hojii kan qorataan beekuu qabu, kan eessaa akka inni ka'ee eessarra akka jiruufi eessa akka inni ga'u kan murteessudha. Yaada kana Addunyaan (2011:64) kan armaan oliitti dabalee "Qorannoon tokko kan murteessu, gaaffiiwwan qorannichi deebisuuf deemu kaayyoo isaafi akaakuuwwan odeeffannoo argannuuti." jechuun kaa'ee jira. Yaadotni ogeeyyii armaan olii akkuma ibsutti, saxaxni mala qorataan qorannicha ittiin gaggeessu, akkaataa filannoo iddattootaa, tooftaalee odeeffannoon ittiin guuramuufi maal maal akka ta'e qaacceffamee jira. Kanaaf qorattuunis saxaxa qorannoo akkamtaa yookiin qulqulleeffataa ta'ee addeessaatti dhimma bahuun ergaa faaruun haadhaa mul'isu ibsuuf kallattiidhaan hawaasa keessa seenuun odeeffannoo barbaachisaafi qabatamaa ta'e funaaannattee jirti.

Akka Spraddley (1979) ibsuttis, qorannoon aadaa hawaasaa irratti gaggeeffamu waa'ee hawaasichaa qorachuurra darbee hawaasicharraa barachuurratti xiyyeeffata jedha. Qorannichi akkaataa hawaasni Oromoo aanaa kanaa faaruu haadhaa itti faarfatu, maaliif akka faarfatu,

faayidaa faaruchaa, yoomessa keessatti faarfatuufi akkaataa itti hiikkatu ilaalchisee haala jiru ibsuurratti kan hundaayedha. Qorannoon kun gosa qoannoo afoolaa jalatti haaramaadamu malee, odeeffannoon argamu aadaafi duudhaa hawaasa keessatti kabajaman keessati. Isaanis: waan jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti kabajaman sirna dhaqna dhiqaa deessuu (shananii), ayyaana ateetee loonii (tikee), daboofa’a daawwachuun, gaafachuu, waraabuunfi yadannoo gaaffilee mul’istuu qabachuun ragaalee funaanuun adeemsifameera.

### 3.2 Madda Ragaa

Qorannoon kuni madda ragaa tokkoffaa kan fayyadame yoo ta’u, mala gara qorannoo dirree bahanii, iddattoota irraa kallattiin funaannachuun kan argamedha. Namoota naannoo afoola faaruu haadhaa beekaniifi muuxannoo akkasii qaban irratti hundaa’uun bifa af-gaaffii, daawwannaafi marii gareetiin iddattoota irraa odeeffannoo argamedha. Qorannoo tokko adeemssiuuf ragaan gahaan kan argamu madda ragaa tokkoffaadhaani. Kanaaf maddi odeeffannoo hawaasa Aanaa Ada’aa Bargaa keessaa namoota kaayyicha galmaan ga’u jedhamee amanamu madda odeeffannichaa ta’anii jiru. Kana ilaalchisee Addunyaan (2011:18) maddi ragaa tokkoffaa qorataan tokko qaama dhimmi isaa ilaallatu bira dhaquun qorannoo isaa kan gaggeessudha. Kanarraa ka’uun qorattuunis odeeffannoo madda ragaa tokkoffaarraa argattu irratti dhimma bahuun ergaa isaanii waliin qaaccessuun hiika itti laatteetti.

### 3.3 Mala Iddattoo

Qorannoon kun malawwan iddattoo garagaraa ittin funaanaman keessaa kan qorannoo kana galmaan gahu jedhamanitti fayyadamuun gaggeeffame. Qorattuun hirmaattota qorannoo ishee kan filattu kaayyoo qorannoo ishee bu’uureffatteeti. Iddoon qorannoo kanaa hawaasa aanaa Ada’aa Bargaa keessaa namoota qorannoo sanaaf filataman jechuu dha. Kanas Trochim (2015:52) yoo ibsu, “The sample is the group of people who you select to be in your study.” jedha. Kanaaf, yeroo, maallaqa, humna namaafi k.k.f. qusachuuf yaadamee jamaa qoannoon sun irratti fuulleffate keessaa iddattoota filachuun adeemsifsameera. Malawwan iddattoon ittiin filatamaniifi hojiirra oolan keessaa Akkayyoo (purposive sampling)fi iyyaafannoo yookiin darbaa dabarsaa(snow boll sampling) hojiirra oolanii jiru. Haaluma kanaan qorattuun odeeffannoo argachuuf mala iddatteessuu kaayyoo keessatti namoota faaruu haadhaa irratti hubannoo qabu jedhamanii amanamaniifi kanneen kaayyoo qorannichaa guutuu danda’an akkaataa yaada murteessaniin filattee qorannicha kan gaggeessitedha.

Darbaa dabarsaa kan jedhamu immoo jamaa hedduu jiran keessaa ragaa barbaachisaa ta'e argachuuf namoota dhimmmicharratti beekumsa qaban (caalatti beeku jedhaman) bifa eerummaatiin, filuudha. Malli kunis namoota waa'ee qorannoo kanaa hubannooo gaarii qaban argachuufi odeeffannoo quubsaa ta'e funaanuuf gagaara. Malli iddatteessuu qorannoo kanaas mala miti carraati. Haaluma kanaan maddi qorannoo kanaa harki caalu daawwannaa, af gaaffiifi marii garee yoo ta'u, nomoota hubannoo faaruu haadhaa irratti qaban dubartii 20fi dhiira 12 walitti 32 irraa gosa iddatteeessuu miti carraadhaan ragaan funaanamuun gaggeeffame.

### 3.4 Adeemsa Funaansa Ragaalee

Qorannoo gaggeeffamu tokko galmaan gahuu keessatti meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanaman gahee guddaa taphatu. Adduyyaa (2011:16) qorannoo akkamtaaf mala odeeffannoon ittiin guuramu keessaa daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffatamaa fayyadamuun akka danda'amu addeesseera. Kanuma bu'uura godhachuun qorattuunis meeshaalee ragaan ittiin funaanaman keessaa daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannootti dhimma baateetti.

Adeemsa ittiin ragaaleen funaanaman ilaalcisee, irra caalaan isaa sagaleefi raawwii jiru waraabbachuun boodarra akka seecca'amu ta'a. Haaluma kanaan, odeeffannoo daawwannaa geggeessuudhaan funaanamu gaaffiiwwan mul'istuu (cheekliistii)tti fayyadamuun fudhatamanii jiru. Karaa biraa, ragaa af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannaa irraa argame haala itti iddattoonni dhiyeessaniin yaadas ta'e faaruu isaan dhageessisan waraabbachuudha. Yaanniifi faaruun waraabame sun boodarra barruutti jijjiiramuun seecca'amee qaacceffameera.

#### 3.4.1 Daawwannaa

Daawwannaan tooftaa odeeffaannoo funaanuuf fayyadu keessaa isa tokko yoo ta'u, bakka qorannichaatti argamuun qabatamaan waan dalagamu irraa odeeffanoo walitti qabuudha. Kunis gosoota faaruu sirna kabaja ayyaana adda addaa irratti hawaasni itti fayyadamuufi ergaa isaanii adda baafachuuf gargaara. Qorattuun sirna kabaja ayyaana nafa dhiqaa (shananii), sirna gaa'elaa, kabaja ayyaana foollee, sirba daboo (hojii), kabaja ayyaana ateetee loonii irratti argamuun faaruuwwan hawaasni Oromoo aanaa kanaa itti fayyadamu daawwachuun odeeffannoo sassaabbatteetti. Sirnoonniifi ayyaanonni kunneen tokkoon tokkoon isaanii iddoo yeroofi haala itti raawwataman kan mataa mataa isaanii ni qabu. Haaluma kanaan, qorattuunis yeroofi iddoo itti sirni kabaja ayyaana adda addaa kan akka dhaqna dhiqaa, ateetee looniifi daboo irratti

argamuun daawwannaa adeemsisteetti. Tooftaan daawwannaa kun dhimma qorannicha waliin walitti dhufeenya qabu waan barbaadame ittiin guutamu dursee qopheessuun yookiin yaadannoo battalaa fudhachuun kallattiin ilaaluudha. Kanaafuu qorattuunis bakka raawwiin sun gaggeffamu deemuudhaan sirna kabaja ayyaana ateetee looniirrattiifi shananii ykn dhaqna dhiqaa deessuu, sirba daboo irraatti hawaasni Oromoo aanaa kanaa faaruu haadhaa haalatti dhiyeessani galmeeffachuufi suuraan deeggaruun (viidiyoo waraabuun) waan daawwannaa irraa argame qorannicha keessatti kaawwattee jirti. Odeeffannoowwan kunneenis gaaffilee mul’istuu (ckeekliistii)dhaan fayyadamuun gaggeeffame. Kunis haala qabatamaa raawwiilee qophiiwwan kabaja ayyaana adda addaa irratti mul’atan galmeeffachuudhaani.

### 3.4.2 Af-Gaaffii

Meeshaan kun odeeffannoo barbaadamu iddattootaan fuulaafi fuulatti wal arguun kallatiin irraa funaannacuuuf kan ooludha. Yeroo baay’ee odeef kennitoonni qorannoowwan afoolaafi aadaa namoota barreessuufi dubbisuu hin dandeenyedha.Waan kana ta’eef, malli filatamaan qorannoo kanaatiif odeeffannoo funaanuudhaaf mijataa ta’e af gaaffiidha.  Kana malees, odeeffannoo caalmaan qabatamaa ta’an ittiin funaannachuuf bifa gaaffii banaatiin odeef kennaan wanta beeku akka ibsuuf karaa bana. Gaaffiin dhiyaatus miti caaseffamaadha. Sababiin isaas haala odeef-kennitootaa irratti hundaa’ee jijjiiramuu akka danda’utti; kunis odeeffannoon barbaachisaa ta’e miliqee akka hin hafneef gargaara. Hayyoonni garagaraa faayidaa mala kanaa kallattii adda addaatiin ibsu. Punch (1998:56) af-gaaffiin qorannoo akkamtaa keessatti ragaa kuusuun walitti qabuuf murteessaafi hubannoo namoonni waan tokko irratti qaban baruudhaafis ta’ee namoota biroo hubachiisuudhaaf mala cimaa akka ta’e ibsa. Qorattuunis iddattoota maanguddootaafi hawwoota xiyyeeffannoon eerummaan argaman 4 irraa odeeffannoo ittiin funaannachuuf gaaffileen kaayyoo qorannichaan wal siman 10 qopha’an. Sana booda namooota faaruuu haadhaa sirriitti beeku jedhamanii eeraman mana manatti deemuun gaaffii miti caaseffamaa ta’e gaafachuun yaada isaanii yaadannoo qabachuun sagalee isaaniimmoo waraabuun ykn suuraa kaasuun adeemsifame.

### 3.4.3 Marii Garee Xiyyeeffannoo

Meeshaan funaansa ragaa kunis,dhimmoota marii barbaachisan irratti iddattootaan kallattiin wal arguun mari’achiisuuf oolan waan ta’eef,qorattuunis iddatoota barsiisotaamana Barumsaa Incinnii sadaraa 2ffaafi Qophaa’inaarraa Afaan Oromoo barsiisan dhiira 3fi dubartoota 3 walitti

6fi maanguddota dhiiraa 3fi haadholii 3 walitti 6 yoota'u, gaaffilee af gaaffiif dhiyaatan gaafachuun akka irratti mari'atan taasifamee jira.Yaada garee lamaan irraa argame yaadannoo qabachuun odeeffannoo maanguddootarraa argame waliin walitti dhuufeenya qabaachuu isaanii mirkaneeffachuun cuunfamee qaacceffameera.

### 3.5 Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorannoo kana qaaccessuuf malli filataman mala hiikaati. Meeshaalee funaansa ragaa af gaaffii, daawwannaafi marii garee maanguddoota Oromoo faaruu haadhaa irratti hubannoo guddaa qaban irraa odeeffannoo walitti qabuun haala qulqullina qabuun qaacceffameera. Dastaan (2013:10)n odeeffannoo ykn ragaalee qorannoon akkamtaa qorattoonni haaluma isaanii mijateen kan deeman akka ta'e muli'sa. Kanamalees, Addunyaan (2011: 62-63) qaaccessa ragaa yoo ibsu malli ibsaa dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta'eefi maaltuu akka ta'aa jiru addaan baasuudhaan jijjiiramoota akkuma isaan yoomessa uumamaa keessatti argamanitti kan ibsudha jedha. Mala odeeffannoon itti hiikamu keessaa mala akkamtaa (Qualitative data analysis) fayyadame. Deebii walfakkaatan kanneen kennan yaada bu'uura fudhachuun irra deddeebii hambisuun qacceefameera. Tartiibolee armaan gadii hordofuun qacceeffamu:

- Iddattoon odeeffannoo qulqulluu kennuu isaanii adda baafachuu
- Yaadolee gaaffilee bu'uuraa adda baasuu
- Odeeffannoo kaayyoo qorannichaa waliin walitti dhufeenya qaban adda baafachuu
- Odeeffannoowwan akkaataa qabiyyee isaaniitiin qoqqooduu
- Odeeffannoowwan hin barbaachifne keessaa hambisuu.
- Ragaalee argaman seecca'uun yaada cuunfuun goolaba irra gahuu.

Ragaawwan kaayyoo qorannichaan wal hin simanneefi hir'ina qaban keessaa hir'isuun kanneen walitti qabamanis haala walitti dhufeenya isaaniifi garaagarummaa isaaniitiin ibsamaniiru. Ragaawwan argamanis bifa barreeffamaatiin qindaa'uun kaa'amaniiru. Odeef kennitoonni heedduun suuraan isaanii kaa'amee jira.

### 3.6 Mala Qoqqoodinsa Ragaalee

Faaruu haadhaa qorannichi irratti gaggeeffamu qoqqooduufi qaaccessuun barbaachisaadha. Kanaafuu qorattuun meeshaalee funaansa ragaa armaan olitti eeramanitti fayyadamuun ragaalee argaman ulaagaa adda addaa faaruu qoqqooduuf gargaaraman bu'uureffachuun qaaccessitee jirti. Haaluma kanaan mala qoqqooddii faaruu uummata Oromoo mala Sumner (1997:123)fi Van

Delo (1991:78) fayyadamuun qoqqooddee jirti. Malleen kunninis mala qabiyyee, haala qabatamaa jiruufi jireenya hirmaattotaafi unka kan bu'uureffatanidha.

Mala qabiyyee ilaalchisee, Sumner (1997:234) Akka barreessetti faaruu bifa faaruun jiru tokko qoqqooduun qaaceessuuf ulaagaan jiraachuu qaba. Ulaagaaleen faaruu hawaasa Oromoo garaagaraa walitti qabaman qoqqooduun qaaccessuuf gargaarame sadiidha. Isaanis: ulaagaa afeen (text) fayyadamuun qooduun nidanda'ama. Kunis qabiyyeewwan faaruu kanneen akka dubartii, abbaa manaa, ollaa, maaree/aayyoleefi kanaafi kan kana fakkaatan jedhamuun kanneen qoodamanidha.

Inni lammaffaa, faaruu tokko toora duraarraa ka'uun bakka unkiifi qabiyyeen isaa xiqqoo jijjiiramuu yaalerratti hundaa'uun qooduudha. Qoodinsi ulaagaa kana bu'uureffate ergaa waliin kan walqabatu (olka'insaafi gadi bu'insa sagalee) yookiin lamaan isaanii walqabsiisuun akka hariiroo unkaa, qabiyyeefi haala qabatamaa jiruufi jireenya hawaasa sanaa gidduu jirudha. Sumner (1997:67) qoqqoodinsaafi qaaccesssa faaruu Oromoo maraaf isa baay'ee filatamaafi mijataa akka ta'e ibsa.

Walumaa galatti, Faaruu Haadhaa aanaa Ada'aa Bargaa qoqqooduuf kanneen armaan olii kanatti eeraman sadan unka, qabiyyeefi haala qabatamaa jiruufi jireenya hawaasichaa gidduu jiru irratti hundaa'uun ragaalee argaman qaacceffame jira.

### 3.7 Naamusa Qorannichaa

Hojii qorannoo keessatti naamusni qorannoo gahee guddaa qaba. Neuman (2007:5) akka barreessetti seeraafi naamusa karaa seera qabeessaan eeguun qorataan icciitii irraa qoratu eeguufi hawaasa isaa qoratu kabajuun odeeffannoo barbaachisaa fudhachuuf kan adeemsisu ta'uu ibsa. Kunis qorannoo geggeeffamu keessatti icciitii hawaasichaa eeguun qulqullinaafi amanamummaa qabaachuun hawaasichaaf akka oolu gochuu keessatti qooda guddaa qaba.

Kanaafuu, qorataan ragaa kennitootaaf ofibsuufi xalayaa seeraa qorannichaa akka gaggeessuf kennameef qabachuun barbaachisadha. Kana malees, aadaa, duudhaafi saafuu hawaasa naannoofi odhimtootaa kabajufi eguun dirqamaa qorataati.

### 3.8 Muuxannoo Hojii Dirree

Hojii qorannoo keessatti muuxannoo dirreerraa argame tokko qaama waraqaa qorannoo taasisuun muuxannoo argame barreessuun olkaa'uun barbaachisaadha. Barbaachisumaan isaas waraqaan qorannoo kun carraa dubbifamuu yoo argate dubbistoonni waraqaa kanaa mata dureewwan fookilooriirratti qorannoo kan gaggeessan yoo ta'e, muuxannoo dirreerraan qorattuun argatte kana irraa wanta fayyadaman qabaachuu danda'u amantaa jedhuun qorannoo kana keessatti hojiiwwan dirree duraa, yeroo hojii dirreefi dirreen boodaa hojjetaman haala armaan gadiin dhiyaatanii jiru.

#### 3.8.1 Hojii Dirreen Duraa

Mata dureen qorannichaa qaama ilaallatuun mirkanaa'ee erga xalayaan kennameen booda bakka qorannoon itti gaggeeffamuuf filatame sana (aanaa) qorannichi irratti gaggeeffamuu sana xalayyaa yuuniversiistiin naaf kenne fudhee dhaqeen bulchinsa aanaarraa gandicha keessa akkan barbaadetti socho'uun ragaa akkan sassaabattuuf xalayaa deeggarsaan baafatte. Kanaan booda, gandoota aanicha keessa ganda xiyyeeffannoo ishee ta'e sana keessa deemuudhaan dhimma mata duree qorannoo ishee irratti ragaa isheef kennuu danda'an addaan baafatteetti. Kana malees, kabajni Ayyaana Ateetee yoom akka ta'es addaan baafatteen od himtoota ishee irraa ragaalee sassaabachuun qabdu maal akka ta'e hubannaa keessa galchuun gaafannoon qopheeffattee hojii dirreetiif qophoofte.

#### 3.8.2 Wayitii Hojii Dirree

Qorannoon kun kan inni gaggeeffame Godina Shaawaa Lixaa Aanaa Ada'aa Bargaarrattii kan gaggeeffamu ta'ee raawwileen wayitii hojii dirree kanneen armaan gadiiti. Wayitii hojii kana eegaltu ayyaanni guyyaa nafa dhiqaafi Ateetee loonii kabajamu sirni isaa kan hafaa deeme ta'uu maanguddootaafi haadha Ateetee sana irraa addaan baafatte. Kabaja sirna nafa dhiqaa irratti amma ta'e sirnichi kabajamus faaruun haadhaa yeroo dur sirnicharratti dhiyaatu garuu dagatamaafi hafaa kan dhufe ta'uu od himtoota af gaaffiifi marii gareetirraa hubachuu dandeessetti. Haata'u malee namoonni muraasni faaruu deessuu irrati hubannoo qaban waan eeramaniif sirnicharratti akka faarsaniif qindeeffame. Akkasumas haadha ateetee waliin mari'achuun haala kabaja ayyaana ateetee loonii kana irrattii hubannoo waan qabaniif akka qopheessan haala mijeessuun faaruu haadhaa sirnicharratti dhiyaatus akka faarsan erga

taasifamee booda, gaafa guyyaa 20/08/2011tti ishee beellaman. Dabalataanis yeroo daboo hojiirratti sirbaniifi yeroo cidhaa faaruun haadhaa ni dhiyaata. Hanga guyyaa kabaja ayyaanichaatti teessee otuu hineegiin gaafannoo qopheeffachuun ragaalee ishee barbaachisan mara od himtoota ishee iddatteessuu akkayyoofi darbaa dabarsaan filataman irraa walitti guurrachuun faaruuwwan guyyaa nafa dhiqaa deessuu dhiyaatanirraa, ateetee looniiirraa, daboofi cidha irraa argaman akka qaaccessaaf tolanitti qoqqooduun barreeffamaan adda baastee kaawwatteetti.

Xumurarratti, guyyoota kabaja Ayyaanotaafi sirnaa armaan oliirratti argamtee daawwannaa ishee gaggeessuun kan daawwatte sana suuraa kaasuufi Viidiyoo isaa waraabbachuun bakka ifaa hintaaneef gaaffii gaafachuun ragaalee sassaabbatte.

### 3.8.3 Hojii Dirreen Booda

Hojii dirree erga xumurtee booda ragaaleen sassabbatte gaaffilee bu'uraa irratti hundaa'uun duraa duuba isaa eeguun gara barreeffamaatti jijjiirte. Ragaalee odhimtootarraas ta'e daawwannaarraa argaman deeggarsa yeroo yeroon gorsaa ishee irraa argatteen qaaccessuun qorannoo jalqabaa kennite. Sanaan booda yaada fooyya'insaa gorsaa ishee irraa argatteen wantoota sirreessuu qabdu sirreessuun qorannoo ishee xumurteen galchitee jirti.

# Boqonnaa Afur: Qaaccessa Odeeffannoo

Boqonnaa kana keessatti ragaaleen daawwannaa, od-himtootarraa af gaaffiifi marii gareen argaman jechaan qaacceffamanii jiru.Isaanis

Qabiyyeewwan faaruun haadhaa keessatti argamu,Yoomessa Raawwii Faaruu Haadhaa, Adeemsa Faaruu haadhaa, Bu'aa faaruu haadhaafi Fakkoommii Faaruu Haadhaa yookiin haala fakkoommii haadhummaan ibsamaniifi haala jijjiiramaafi itti fufiinsa faaruun haadhaa yeroo ammaa irrattti argamufaatu qaacceffama: Jiruufi jireenya uummata Oromoo keessatti haati qixxee hin qabdu. Bu'aa, jaalala, ga'ee, kabajaafi fakkoommii haadhaa kana immoo gosa faaruu faarsaniin, qabiyyeefi ergaa, sababa farsaniif, faayidaa faarsaniifi yoomessa qabiyeeewwan faaruu haadhaa iddoowwan adda addaatti daawwatamanii jiru. Isaanis: faaruu haadhaa yeroo dhaqna dhiqaa deessuu yookiin shananii irratti, faaruu haadhaa sirna kabaja ayyaana ateetee loonii irratti, faaruu haadhaa yookiin haadha manaa yeroo daboo hojii qonnaa irratti sirban yookiin foollee keessatti bifa geerarsaan yeroo haadha faarsanfi qeeqan, cidha keessatti yeroo intalli mararoo sirbitu, faaruu haadha bakka bu'an yookiin itti fakkeeffamaniifi kanneen af gaaffiifi maree gareetiin dhiyaatantu haala armaan gadiin qaacceffamaniiru.

### 4.1 Faaruu Haadhaa Yeroo Miixuu

Akka od himtuun Kabbabush Waaqjiraa (af gaafii 20/08/2011) dubbattuttti, yeroo durii akka ammaa kana osoo saayinsiifi teeknolooojiin ammmayyaa babal'atee sirni da'umsaa mana yaalaatti osoo hin ta'iin deessuun mana manatti mala aadaatiin deessi ture. Yeroo kanas yeroo miixuun ishii jalqabu fira, hiriyaafi ollaan waamamanii bunni danfee nyaachaa dhugaa haasa'aa dhukkubbii deessuu ittiin irraanfachiisu. Akkassumas yoo miixuun itti cime bifa faaruudhaan maaree kadhachaafii haala armaan gadiin faarsu.

Hoo yaa maaree hoo, maaree hoo
Yaa maaram qoloo jaftaa
Osoon si waamuu raftaa
Haadhakoo nuu na'i maaloo
Hoo yaa maaree hoo, maaree hoo
Ittachi daraaraadha uummanni wallaalaadha
Aayyolee nuu na'i maaloo

Yaa maaram jedhee hin beekuu
Jedhee sirraa dhabee hin beekuu
Haadha koo nuu na'i maaloo

Ergaan faaruu armaan olii kanaa bifa faaruutiin saagada of keessaa qaba. Innis yeroo deessuuun ciniisuudhaan dhiphattee miixattutti tokkoon maaram haadha deessuuti waan jedhamtuuf kadhatanii garaa laaffifachuuf kan faarfatamu yoo ta'u, karaa biraatiin ammoo deessuu sana dhiphinashee ittiin irraanfachiisuuf faaruu dhiyaatudha. Faaruu walaloo sarara jalqabaa irratti "Yaa maaram qoloo jaftaa" jechuun yaa ishee uffata wandaboo dheeraa uffattuu jechuudha. Sararri lammaffaan "Haadhakoo nuu na'i maaloo" jedhu immoo haati gara laafinaan waan beekamtuuf haadha ishee nama deessetti fakkeessuun yookiin bakka buufachuun akkasumas malleen dubbii bakkoomsa fayyadamuun kan ibame yoo ta'u, garaa nuuf laafi akka isheen dafftee deessu nuu taasisi yaada jedhu dabarsa. Sarara sadaffaadhaa hanga dhuma faaruu walaloo kanaatti kan jiru immoo ergaan inni dabarsu namni cimee maaramitti yoo sagade, yoo waammate kan nama jalaa hin didneefi maaram kan hin rafne yeroo mara kan nama gargaartu ta'uu ibsa. Haa ta'u malee uummanni wallaalummaa isaa irraa kan ka'e waan isheen nammaaf gootu kana hin hubatu. Kanaaf yaa maaram wallaalummaa uummata keeenyaa nutti hin lakkaa'iin nuuf na'i ergaa jedhu qaba.

### 4.1.1 Faaruu Haadhaa ykn Deessuu Gaafa Nafa Dhiqaa

Kabajni guyyaan dhaqna dhiqaa deessuu gaafa bultii sadaffaa yookiin guyyaa shanaffaa raawwatama. Garaagarummaan guyyootaa kunniin daa'imni dhalate dhiira yookiin dubara ta'uurratti hundaa'a. Aadaa uummata Oromoo keessatti dubartii deessuun kabaja guddaa qabdi. Akka daawwannaa gaafa guyyaa 23/06/2011 gaggeeffame irraa argametti, sirni dhaqna dhiqaa erga raawwateen booda, ollaafi firri waamamuudhaan dhangaa qophaa'e marqaa, akaayiifi daabboo nyaatanii buna dhuganii booda faaruu deessuufi komii dhabduun maaramiifi deessuu irraa qabdutu akka armaan gadiitti dhiyaata.



***Suuraa 1. Guyyaa nafa dhiqaa deessuu (23/06/2011) ganda Incinniittti, hawaasa gandichaattiin.***

Sunqoo sunqoo jette maaramoo
Sunqoo barruu shan hammaarratte
Yeroo dhiphuu shan na waammatte
Dhiphuushee baanaan na irraanfattee jette maaramoo

Ulumaayewoo yaa ulumaayewoo
Qe'een deessuu natti urgaayewoo
Daadhii bookaa, waaddii coomaa natti caalewoo
Goree buluu nan kajeelewoo

Killoo bunaa killayyoo bunaa
Killoo bunaa baga hin soofinoo Shunburaa qabaa
Qe'ee maaree baga hin oodinoo kana hundaa qabayee
Killoo bunaa yaa killoo bunayee
Kan haadha bareechu ilmoo dhumayee
Deessuudhaaf jedhaa mee takkaa turaa yaa killoo bunaa

Faaruu armaan olii keessatti bo'oowwan jalqabaa sadan ergaa komii maaram deessuurraa qabdu hirmaattonni bifa faaruudhaan wal yaadachiisu. Kanaaf oolmaan maaram yeroo marayyuu dagatamuu akka hin qabneefi galateeffamuu akka qabdu ibsa. Bo'oon "Ulumaayewoo ulumaayewoo qe'een deessuu natti urgaayewoo" jedhu kan agarsiisu mukti ulumaayii kun akka aadaa Oromootti keessumaa deessuu biratti haala addaan kabajama, ni urgaa'a. Deessuunis gaafa ulumaa baatu baala ulumaa sana qabatteet baati; yookiin mana namaa deemti.

Bo'oo lammaffaa hanga dhumaatti kan jiru ammoo deessuun yeroo deessu qayya, ulumaayii, qumbiifi urgooftuu adda addaatu aarfama. Kanaaf naannoon sun ni urgaa'a waan ta'eef itti gorree nyaataafi dhugaatii caala isa nama hawwatu kana bira bulla ergaa jedhu qaba. Sararri "killoo bunaa killayyoo bunaa baga hin soofinoo shumburaa qabaa" kan jedhu ergaan isaa bunni sirnoota adda addaa irratti kan danfifamu waan ta'eefi uummata Oromoo birattis kabaja guddaa qaba. Akkasumas madda galii ta'ee diinagdeen hawaasa waan tajaajiluuf yoo soofame nii goggoga; kanaaf bagan hin soofin firii gaarii naqatee qaba kan jedhu yoo ta'u, "qe'ee maaree baga hin oodinoo kana hundaa qaba" inni jedhu immoo: maaree ishee deessuuf daa'ima kennitu kana bagan jaaladhe, bagan walii gale, bagan wal hin dhabiin ishiitu waanhunda namaaf kenna yaada jedhu dabarsa.

Sararri "kan haadha bareechu ilmoodhuma" jedhu ilmoon miidhagina haadhaa ta'uufi booda yeroo guddattus kan haadha xoortu, kan kabachiiftu ta'uu ibsaa, ittiin qabanii immoo warri hin dayiin jiran kana hubatanii akka dahan jajjabeesssuu of keessaa qaba. Sararri dhumaa

“deessuudhaaf jedhaa mee takkaa turaa” kan jedhu dhaamsi isaa ariifattanii hin galiinaa takka turaa taphadhaa faarsaa yoo sana deessuutti nitola kan jedhu nu hubachiisa.

### 4.1.2 Faaruu Haadhaa Garee Hoboofi Cooraan Dhiyaatu

Dubartoonni faaruu sirna dhaqna dhiqaa (shananii) irratti yoo boosettii taate kaamettii akka taatuuf, yoo kan safuu hin beekne taate akka safuu bartu, jireenyaafi bultoo isheef hin dhamaatu yoo ta’e, akka isheen jireenyasheef tattaafattu karaarra buusuuf ergaa ittiin dabarfatu.Akkasumas wal gahanii dalagu.

Gareen hoboofi gareen cooraa hiikaan isaanii: hoboo jechuun kanneen guura tokko ta’an yookiin qomoo firummaa warra qaban, hiddda latiinsaan kan wal ga’an yoo ta’an, coora jechuun ammoo guura garee kan biraan tokko kan ta’an yoo ta’u, garee hoboof ammoo warra alagaa ta’an ta’uu agarsiisa. Haaluma kanaan haadholiin dabaree dabareen wal arrabsaa dalagu.Yookiin wal qeequ. Arrabsoon kun garuu akka aadaatti wal gorsuufi wal barsiissuuf malee kan lola dhugaa miti. Faaruun kunis akka armaan gadiitti dhiyaata.



***Suuraa 2: Dubartoota hoobisheefi coorishee sirban/fdaarsan, ganda Incinnii***

#### A. Garee Hoboo Warra Cooraa Qeeqan

Hobishe coorishee maafan jechuu didee
Hooba abbaa warraa, coora abbaa marqaa
Maafan jechuu dide.
Habuubbii dallaatti hirkisuu nadheen hoboo
Kan dhuufuun randaa dirrisuu
Maafan jechuu dide.

Ergaan isaa sararri jalqabaa qomooko waamee maafan hin faarsu, coorammoo maafan hin qeequ jechuu yoo ta'u, sararri lammaffaan immoo Hooba kabajamaadha. Coorri garuu abbaa garaati kabaja hin qabu dhaamsa jedhu dabarsa. Sararri sadaffaa hanga dhumaatti kan ibsu hawaasicha biratti dubartiin dhuufuu dhuufuun safuu ta'uusaa nu hubachiisa. Kanaaf dubartiin cooraa ogummaa hinqabdu, safuu hin kabajju. Kun immmoo hawaasicha biratti fudhatama kan hin qabne ta'uu ibsa.

**B Garee Cooraa Warra HobooYeroo Qeeqan**

Coorishee hoobishee
Maafan jechuu didee
Coorri malkaarra didicha
Hoboon marqaa shan liqimsa
Lukkuun sadii nidhalti
Reettiin lamituu dhalti
Ammasheen maal maal jette
Afaanshee banaa sana
Meexxii lamatu marse
Soogiddi qal'aan mandureerraan bu'e
Hoboo dhungannaan sigiggoodhaan du'e
Coora dhungannaan gammachuudhaan du'e
Singiggittii sissiiqxittii warra hoboo kanaa
Manni warra hoboo eesssa hantuutan qabee itti geessa

Faaruun armaan oliis dhaamsi inni dabarsu guurri cooraa wal jajuun yoo wal faarsu, faallaa isaatiin guura hoboo ammoo ni qeeqa. Bo'oo tokkoffaa hanga sadaffaatti yaanni jiru, coora

sanyii koo maafan hin jajuu yaada jedhu yoo ibsu, toora sadaffaan “coorri malkaarra didicha” keessa ergaan jiru dubartoonni qomoo yookiin guura coora ta’an hojiidhaaf oliifi gadi fiigaa kan oolan ta’uu kan addeessu yemmuu ta’u, toorri afreffaa” hoboon marqaa shan liqimsa” kan jedhu ammoo kanneen qomoo yookiin guura hoboo ta’an immoo hojii dhiissanii golatti ol deebi’anii ishii mana jirtu nyaatanii fixuu isaanii ibsa; kanaaf warra abbaa garaa ti; hojii hin jaalatan ergaa jedhu of keessaa qaba. Walaloo toora shanaffaa hanga saddeteffaatti deebii dubartii qomoon ishee hoboo ta’e ishee cooraaf laattuu kan ibsudha. Keessumattuu toorri ja’affaafi torbaffaa dubartii qomoon ishee coora taate arrabni ishee hin danda’amtu, arrabsituudha kan jedhu dabarsa. Gama biraan ergaa inni qabu toora toorbaffaarratti “meexxii lamatu marse” kan jedhu yoo fudhannee bal’ina afaan dubartii cooraa ibsuuf kan itti gargaaraman yemmuu ta’u, afaan namaa hamma marsaa gudunfaa meexxii lamaa bal’achuu hin danda’u. Kun immoo malleen dubbii keessaa gurra guddisuutti gargaaramuu isaani nu hubachiisa. Haala kanaan dabaree dabareen ol ka’anii boojjitoo marqaa qabatanii walitti sirbu. Kun ammoo arrabsoo jibbiinsa dhugaa mul’isu osoo hin taane hawaasichi bifa faaruudhaan wal qeeqaa gara hojiitti akka wal jajjabeessan, safuu hawaasicha keessatti cabe wal yaadachiisaniifi naamusa dubartiin qabaachuun irra jiraatu faaruu deessuu, faaruu ateeteefi foollee kanatti fayyadamuun fakkeessanii wal barsiisaaf, gorsuuf, sirreessuufi wal hubachiisaa kan dhimma itti ba’an ta’uu agarsiisa.

### 4.1.2.1 Faaruu Deessuu Keessatti Yeroo Maseena Ittiin Faarsan

Akka od himtuun Hinseenee Barasaa af gaaffii 23/07/2011fi Dinqii Tolaa af gaaffii gaafa 15/9/2011 ibsanitti Faaruun haadhaa kun yemmuu walleen wellistu hirmaattonni immoo jalaa qabuun bifa deddeebisanii wal harkaa fuudhuun dessuu sana “baga hiikamtee” jechuun ishee faarsu; maarees ittiin galateeffatu. Faaruu kana keessatti deessuu jajuufi maaree galateeffachuu malees ittiin qabanii dhabduu kan ittiin qeeqan, kan ittiin maaree kadhatanii yookiin komataniifi kan maseenni ittiin komii ishee maareef dhiyeessitu ni jira. Isas akka armaan gadiitti duraafi duubaan jedhu.

Yaa maaree siillee siillee
Deessuunoo da’uu hin jiillee
Baga hiikamtee
Deessuu dhiirsi hin jaalatu

Yaa tortortitttii jedhaa
Qomoon dhirsaa in eebbisaa
Yaa bor toltittii jedhaa
Baga hiikamte.
Yaa dhabduu siree goggogaa
Yaa deessuu siree corrooqaa
Siree goggogaarraa bu'ii
Siree corrooqaarra buli.
Maseena masoo dhirsaa
Deechuu naasistuu gosaa
Yaa deechukaa deechuutu fira baay'isaa
Yaa boochukaa boochuutu dhirsa baay'isaa

Jechuun wal harkaa fuudhuun wal jalaas qabanii kan itti aanutti ce'u. Ergaan isaas maareen deesssuu nagaan hiikuushee erga galateeffatanii booda "deessuunoo da'uu hin jiillee" jechuun deessuun miixuu yeroo da'umsaa sana ni irraanfatti hinbalaaleffattu yaada jedhu yoota'u," ''dessuu dhirsi hin jaalatuu yaa tortortittii" jedhaa kan jedhu dubartiin yeroo deessuu sababa fincaan daa'imaan sireen ni jijiidha. Kanaaf dhirsi kan jibbu ta'uu, firri dhirsaa garuu kan fuulduratti isheen haadha maatii taatuufi qulqullooftee kaatu yaaduun kan ishee jaalatan akkasumas akka dabaltee ijoollee hortu kan ishee eebbisan ta'uu ibsa. Sararri gara dhumaa sadan akka walii galaatti kan agarsiisu sireen dhabduu fincaaniin hin jiine, sireen deessuu fincaaniin jiidhaa waan ta'eef atis da'iitii sireenke yaa jiidhu ergaa jedhu qaba. Akka duudhaa Oromoottis da'imti yoo siree dhabduurratti fincoofte yookiin immoo dhabduun siree daa'imti irratti fincoofterra yoo teesse ilmoo ni argatti jedhameet amanama. Dhaamsi akka walii galaatti garaagarummaa deechuufi maseenaa kan ibsudha. Innis jiruufi jireenya maatiifi hawaasaa keessatti iddoo deechuun qabdu kan mul'isudha. Kunis deechuun daa'ima hortee qomoo waan baay'istuuf sanyiin ishees sanyiin abbaa warraaa ishees yeroo ijoolleeshee argan kan gammadan, kan garaan walitti na'uufi fira kan baay'istu waan taateef baay'ee jaalatamtuufi kabajamtuu ta'uu mul'isa. Haaluma kanaan maseenni immoo kan abbaa manaa ishee kunuunsituufi of kunuunsitu waan taateef isuma qofatu ishee jaalata malee gosti dhirsaa sababa hin jaalanneef yeeroo mara kan boossu ta'u nu hubachiisa.

#### 4.1.2.2 Faaruu Dhabduudhaaf Dhala Gaafachuu yookiin Kadhachuuf Faarfatamu

Hoo yaa maareehoo mareehoo
Maaramiin araasiidha nuu na'i maaloo
Deechuun diinqa maatiidha haadhakoo nuu na'i maaloo
Hoo yaa maareehoo maareehoo
Jaldeessa gadaa bu'ee sareen agarteee laataa nuu na'i maaloo
Maseenni ilmoo baachuu maaram agartee laataa nuu na'i maaloo
Maseenni maal si gooteree boochee sitti hirquu malee
Kan deeche maal sii gooteree daaktee sii marquu malee nuu na'i maaloo
Maseena guddaa furtaa deegaaf utubaa murta nuu na'i maaloo
Maaramii yaa deessuu koo waaman owwaattuukoo nuu na'i maaloo

(Baay'isee Cuukkoo af gaaffii gaafa guyyaa 20/07/2011).

Dhaamsi faaruu armaan olii kanaa sararri tokkoffaa irratti "yaa maaree nuu na'i maaloo?" kan jeedhu garaa nuu laafi maseenaaf ilmoo laadhu jechuun maaree kadhachuu mul'isa. Lammaffaafi sadaffaan, maaramiin daa'ima araasii yookiin xinnannuu reefu dhalattu kan kennuu dandeessuu waan ta'eef itti fakkeeffamtee ibsamte." Deessuun diinqa maatiidha" kan jedhu immoo akkuma maaramiin deessuuf ijoollee hedduu laatteefii maatiin diinqa guute, maseenaafis kennuu ni daneessi ergaa jedhu dabarsa. Bo'oowwan hafan akka walii galaatti jaldeessi gadaa bu'uusaa sareenis yoo agarte hinuma buuti, wantti ishee dhowwu hin jiru. Maseenni akka ilmoo dechee baattu yoo maaram duraan dursitee argite yookiin yoo yaaddeefii wanti ishee ittisu hin jiru yaada jedhu ibsa. Dabalataanis sararri dhumaa lamaan komii maareerraa qaban faaruudhaan yemmuu gaafatan maaliif deessuufi maseena wal caalchifte? Maseenni sababa ilmoo dhabdeef sitti boossi; deessuun immoo waan ilmoo argatteef daakteet siif marqiti kan jedhu ibsa." Maseena guddaa furta" jechuun dubartii da'uu hin dandeenyeef ilmoo kennite furmaata taata. "Deegaaf utubaa murta" jechuun immoo hiyyeessa waan ittiin jiraatu dhabee rakkateef qabeenya kennuu ni dandeessa yaada jedhu ibsa. Yookiin immoo hiiroon yookiin bu'uurri manaa utubaa waan ta'eef maaram waan hundaafuu murteessituu jiruufi jireenya ilma namaa ta'uushee kan hubachiisudha. Sararri dhumaa lamaan "maaramii yaa deessuukoo" kan jedhuufi "waaman owwaattuukoo" kan jedhan ammoo maaram haadha waan taateef, haati ammoo gara laafettiifi kan yoo waaman nama jalaa owwaattu, yoo waa kadhatan namaa kennitu ta'uushee kan ibsuufi haadha ishee nama

deesssetti fakkeessuun dhiyaatee jira. Sababiin isaas gooftaa Iyyesuus Kiristoosiin kan deesse Maaran waan taateef akka dhugeeffannoo amantii hawaasichaatti haadha hunda keenyaa kan bakka buutu taatee haadholii hundaaf akka fakkoomiitti ilaalamti.

Hoo yaa maaree hoo, maaree hoo
Otuun maaramiin ta’ee
Maseeenaaf lakkuun kennaa
Haadhakoo nuu na’imee
Hoo yaa maaree hoo, Maaree hoo
Dhabduudhaaf lakkuu kenneen
Tokkichaan dharraa baaseen
Hoosisaan badduu baasa
Aayyolee nuu na’imee (Magartuu Nagaasaa af gaaffii 23/7/2011)

Dubartoonni faaruu kana yeroo faarfatan maareen maseenaaf yookiin dhabduuf dhala knnuu ni dandeessi jedhanii waan amananiif warra dhala dhabaniif ilmoo akka kennituuf maaree kahachuu isaaniiti. Haalli walaloon armaan olii kun itti dhiyaates kallattiidhaan maareen dhabduudhaaf dhala akka knnitu gaafachuu yookiin ajajuurra bira qabaadhaan fedhii qaban ibssachuun haala garaa laaffifachuun danda’amuun faarsani.

Eegaan faaruu armaan olii kanaa toora tooraan yemmuu ilaalamu toorri jalqabaa “otuun Maaramiin ta’e” jedhu Maaram jireenya dhala namaatiif murteessituu waan taateef hawwii namoonni Maaramiin ta’uuf qaban agarsiisa. Kana jechuunis humna maaram waan hunda gochuuf qabdu otuu argannee fedhii jedhu ibsa. Toorawwan lammaffaafi sadaffaa “dhabduudhaaf lakkuu kennee, tokkichan dharraa baasee” jedhan ergaa dhabduun yookiin maseenni dhala dhabdee hawwiidhaan yeroo dheeraa waan turteef isa bakka buusuufiif gumgummii garaashee gammachiisuuf haala isheen hin yaanneen daa’imni lakkuu kennameefii dharraa ishee akka baatu kan jedhu dabarsa. Toora dhumaa “hoosisaan badduu baasa” jedhu irraa wanti hubatamu daa’imni lakkuu akka kennamuuf waan yaadameef daa’imman lama alttokkotti hoosistee yeroo guddistu baay’ee miidhamniifi huqqinni irra waan ga’uuf akkuma faayidaa ilmoof hawwite, baddu baasa dharraa ishee nibaati ergaa jedhu qaba.

### 4.1.2.3 Faaruu Dhabduun Deessuu Ittiin Komattu Gaafa Dhaqna Dhiqaa Deessuu

Ya maarewoo fayyaan si kadhaa na maariyoo
Asiin gadi laloodhaa laloo tabbarraan buunee
Aniif ati haadhoodhaa hadhoo wal biraa hin duuneee
Fayyaan si kadhaa na maariyoo, ya maarewoo
Xaafii kaladoo saani hin dheeduka
Fardatu dheeda malee
Aarii garaakoo namni hin beekukaa
Situ beeka malee
Fayyaan si kadhaa na maariwoo
Akka naan jette deesssuun
golakoo hin darbiin jeettee
Mucaako hin argiin jeettee
Golasheen mooraaf miitii
Mucaassheen dhoraaf miitii
Mucaashee yaa guddiisuuf
Koo maaram yaa cubbiisuu
Fayyaan si kadhaa na maariwoo

(Warqinesh Qeruu af gaaffii 4/08/2011).

Yaada armaan olii kana irraa wanti hubatamu akka walii galaatti komii dhabduun deessuufi maaree irraa qabdu, quuqaa garaa ishee keessa jiru faaruu kanaan ibsattee jirti. Innis maareerraa abdii hin kutadhu yoo fayyaa naaf laatte gaaf tokko ilmoo nan argadha. Sababiinsaa aniifi ati obbolaadha; gargar ba'uu hin dandeenyu. Akkasumas aarii keessakoo icciitii keesssakoo si qofaattan himadha, atis akka garaa natti hin jabaanne nan beeka. Cubbuukos naaf dhiifta ergaa jedhu dabarsa.Yaanni biraan immoo deesssuun mucaa ishee ijumaan illee akkan hin ilaalleefi golahee akkan hin seenne nadhowwite. Akkan waan yoon golashee seenee hin milkoofneefii, yoon daa'imashee ilaale akkan waan jalaa huqqisuuttan ilaalame isheefis mucaanshee nagaan haa guddattuuf anaafis cubbuu narratti oolame kana naaf hubadhuutii maaloo ilmoo naaf kenni kan jedhu bifa kadhaafi komii of keessaa qabuun kan ibsamedha.

### 4.2 Faaruu Haadhaa Yeroo Ayyaana Loonii (Ateetee Loonii)

Ayyaanni loonii kan uummata Oromoo biratti iddoo guddaa kan qabudha. Sababni ayyaana kana kabajuufis hormaata horii, fayyaa beeladoota isaatiifis ni kabajama. Ayyaanni loonii ji'a sadaasaa hanga waxabajjiitti waggaa waggaan kabajama. Yeroo ayyaanni kun kabajamu gosti nyaataafi dhugaatii qophaa'u farsoo xaafii, buqurii, marqaa, qincee, daabboo, dhadhaafi k.k.f qopheesu. Mukootaafi gosa mukaa urgeessaa, lichee, ulumaayii, hidda aannannoofi k.k.f. dallaafi loonitti faayama. Kunis muka wiirtuu dallaa gidduu dhaabu. Balbala dallaa dura immoo tikeetu lichee ittiin loon eegu qabatee dhaabbata. Gaanfa sa'aa irratti hidda aannannootu hidhama.

Ayyaana loonii kan jedhamu kun maqaan baaraa yookiin gaafataa yookiin jaarii jedhama. Kana jechuunis kabaja loon sana jajachuu jechuudha. Itti aansuudhaan loon faarsuutu itti fufa. Sana booda nyaata qophaa'e coqorsatti cuubuun horiitti erga facaasanii booda dhadhaa muudaa eebbisu. ''Kormi cirrii haa ta'u, rimaan haphee haa taatu, horaa dallaa guutaa, dheedaa barbadeessaa, jabbiin isin jala haa burraaqtu, mortuun hin milkaayiin" jechuun eebbisti. Dhumarratti haati ateetee loonii dhaabbatte sun dubartoota waliin kabajjee waliin dabaree dabaree dhadhaa wal dibuun dhangaa qophaa'e nyaatanii dhuguun sirnichi raawwatama. Qorannoon kunis faaruuwwan sirna kabaja ayyaana loonii kana keessatti dhiyaatan keessaa kanneen waa'ee haadhaa mul'isan xiinxalee kan ibsamedha. Innis akka armaan gadiitti wal jalaa qabuun kan dhiyaatudha.



***Suuraa 3: kabajan ayyaana loonii  Ganda Bishaan Diimootti madda kana daawwwadheera.***

Ateetiyyoo yaa ateetiyyoo
Ateetiyoo yaa haadha loonii
Halaalatti naa bahii
Si waammadhu naa nahii
Loon gallaan galte yaa aayyoo

Jechuun erga ateetee faarsanii booda, loon jaalachuu ibsachuufi ga'ee miseensonni maatii loon sana irratti qaban yookiin itti gaafatamummaa bahachtuufii qaban ibsuuf akkasiin loon ishii haadha faarsu. Haadhoon loonii akka aadaa uummata Oromootti baay'ee jaalatamtuufi kabajamtuudha. Sababiin isaas jabbilee hortee sangaa qotu, saawwan elmaman, kan dabarsanii horaniif maddi sa'a ishii haadhoodha. Kanaaf saani haadhoon hin gurguramtu. Amma hortu hortee, amma elmamtu elmamtee yoo dulloomte, mooraa horii keessatti qalamti. Akka dhugeeffannoo hawaasichaatti yoo mooraa loonii keessatti qalamte loon sanyiishee ta'aniifi mooraa sana keessatti argaman hundi akka horaniif, akkumashee dullattii ta'anii akka qalaman, yeroo malee dhibee horiitiin akka hin dhumneef fayyada jedhanii waan amananiif.

Birraa birraa <u>dhaleera ya loon ya loon x2</u>
Yoggaa tikaa tikseet bira dhaabbataa

Lichee lama baatetoo x2
Yoggaa horaa gooftaatu hora buufataa
Saddeeta dachaasetoo x2
Yoo keessummaa giiftiitu bira maammadaa
Baksaa kana baateetoo x2
Haabaattukaa goosuun laga dhaabbataa
Loontuu kana jaalataa dhaleera ya loon ya loon x2

Eergaan faaruu kanaa walii galatti yoo xiinxallu haadha ishii deessuun kan wal fakkeessuu jiraachuudha. Innis akkuma olitti ibsame sa'attiin madda loowwan hundaa akkuma taate, haatis yookiin deessuunis madda nama hundaati dhaamsa faaruu olii tokko tokkkoon yoo ilaallu immoo "birraa birraa dhaleera ya loon ya loon" kan jeduufi sararri lammaffaan, yeroo birraa loon yoo dhalan margi sirriitti waan lalisuuf aannaniifi dhadhaan haalaan kan argamuufi loon sirriitt kan horan ta'uu kan ibsu yoo ta'u, baay'ina looniirraa kan ka'e tikseen ulee tikaa lamaan kan eegu ta'uu agarsiisa. Yaanni sarara lammaffaa kunis malleen dubbii keessaa arbeessuutti fayyadamuun ibsamee jira. Sarara sadaffaa irratti kan ibsame immoo kan agarsiisu, abbaan manaa kutaasaa yookiin gaabiisaa uffatee loon isaatti boonaa hora buufachuusaa kan mul'isudha. Bo'oon gara dhumaa "yoo keessummaa giiftiitu bira mammada baksaa sana baatteetoo" kan jedhuufi sararri dhumaa kan agarsiisu, haati manaa haadha qabeenyaa ta'uu, kanaaf keessummaan yoo dhufu loon horanii waan jiraniif dhadhaa baksitee kenniti. Keessummaanis yoo nyaatee dhugee eebbise loon kan itti gammadan ta'uu hubanna. Akkasumas haati mana sanaa keessummeessuuf olii gadi jettee kan hojjettuufi yoo hojjettus kan irraa bareedu akka ta'e nu hubachiisa.

Gaafa kabaja ayyaana nafa dhiqaas ta'e gaafa ayyaana ateetee dubartoonni irra caalaa maaree yookiin aayyolee faarsu. Yeroo ayyolee ykn maaree faarsan waan ilmoo argataniif galata galchuuf, waan milkaa'aniif, haadhummaa ishee ibsuuf, akka isheen garaa laaftuuf, waan isaan gaafatan mara raawwattuuf, akka isheen jireenya isaanii qajeelchitu waan amananiif faarsu. Yaada armaan oliifi faaruu armaan gadii kana faaruu adda addaa waajjira aadaafi Turizimiitti argamu gaafa 5/7/2011 tti odeffadheen argame.

Ilil ilil yaa maaram ilil ilil
Yaa giiftii ilil ilil yaa furtuu ilil ilil

Hojiinke raajiidhaa harkike arjaadhaa
Yaa maaram ilil ilil jedhu.

Faaruu kana keessatti kan hubannu ilil ililiin galata galfachuufi gammachuu ibsachuuf yoo ta'u, maaram immoo haadha keenya bakka buuti. Sababiin isaas haadha gooftaa keenya Iyyesuus Kiristoos waan taateef, giiftii keenya hojiin ishee raajiidhaan kennaa ilmoo kennuun arjaa kan taate jajachuun maaram faarsu.

Isheen maaramiin beektu
Laalleeshee cuftee hin teessu
Yoo maaree faarsuu baatte
Isheen ulfoofteyyuu hin deessu nooriyee

Jechuun maaree faarsu. Ergaan walaloo armaan olii kanaa dubartiin maaree irraa fayyadamtee oolmaa ishee beektu, maaree faarsuu qabdi malee callistee taa'uu hin qabdu. Yoo maaree faarsuufi kabajuu baatte ulfooftuyyuu hin milkooftu yaada jedhu qaba. Kana jechuun olaantummaa Maaree yookiin Aayyolee agarsiisa. Kana malees jechi "Maaree"jedhu mararsiifannaa Maaram kan agarsiisu ta'ee, jaalala namoonni Maaramiif qaban mul'isa.

### 4.3 Faaruu Haadhaa Yeroo Daboo

Faaruun yookiin weedduun af walaloo yeedaloon dhiyaatee, falaasama hawaasichaa ni mul'isa; tokkummaa hawaasaa ni cimsa. Safuu uummatichaa ni barsiisa. Hojiif nama kakaasuun jijjiirama amalaa ni fida. Akkasumas hanqina ofii fooyyeffachuun jireenya injifachuuf, wal qeequuf amala gadhee dhuunfaan mul'atu to'achuuf qooda guddaa qaba. Faruuwan yeroo hojii daboo dhiyaatan daawwannaa gaafa guyyaa 09/10/2011gaggeeffame irraa argitettetti akka armaan gadii yaa ilaallu.



***Suuraa 4: daboo irratti haadha manaa faarsan, ganda Reejjii Mokodaati hawaasa gandichaatiin***

Noor yaa buddeenaa……………………. Noor yaa buddeena
Buddeeenaaf waaqa saganna
Noor yaa buddeenaa
Buddeen yaa warqiikoo………………… Noor yaa buddeenaa
Farsoo yaa xajjiikoo………………………Noor yaa buddeena
Sumaaf lafa deema lubbuunkoo………… Noor yaa buddeena buddeenaaf

Yaa haadha farsoo naqxee
Yookaan ni faarsanii
Yookaan eebbisanii
Garaa asham godhanii

Faaruun kan namni miira itti dhagahame kan ittiin ibsatuufi uumaafi uumama isaa kan ittiin jajatu, ergaa gurguddaas kan ittiin dabarfatudha. Dhaamsi faaruu armaan olii kanaas akka daawannaa armaan oliirraa hubannutti, nyaanniifi dhuugaatiin hojjennee soorannu kun

kabajamuu akka qabudha. Sababni isaa namni kamuu kan waaqa sagaduuf bu'uurri buuddeena. Farsoonis midhaan irraa kan tolfamuufi jireenyaaf bu'uura ta'uu ibsa. Sababni isaa hawaasni keenya walitti dhufeenya isaa kan cimsatuufi jaalala waliif qabu kan ibsatu keessaa inni guddaan waliin nyaatee dhuguudhaani. As keessatti ergaan ijoon haati buddeenaafi farsoo kana qopheessite, faarsamuufi eebbisamuun gammaduu akka qabdu nu hubachiisa.

### 4.4 Faaruu Haadhaa Kabaja Ayyaana Foollee Keesatti

Faaruun haadhaa sirnoota yookiin ayyaaanota adda addaa keessatti akka isaan dhiyaatan armaan olitti kaasuuf yaaltee jirti. Akka daawwannaa ayyaana nafa dhiqaa deessuu irraa, daboofi foollee gaggeeffame irraa argitetti Hawaasa keessatti uummanni Oromoo faaruu fayyadamuuun akkuma wal jajan, jaalala ibsatan, bira qabuudhaan ittiin wal qeeqanii wal barsiisu. Isaan keessaa foollee keessatti warra dhiiraan, dubartootaan immoo sirna loon faarsuu booda eebba dubartoota ateetee dhaabbataniin goolabama. Sana booda dubartoonni dabareen sigabaa arrabsu. Sigabaan nama haadha warraa osoo qabuu yookiin immoo osoo hin fuudhiin haadha warraa abbaan warraa irraa du'e yookiin kan hiiktetti galudha. Kun immoo aadaa hawaasichaa keessatti safuudha. Dubartoonnis aadichaa bu'uura godhachuun sigabaa salphisu. Innis kan hawaasni ittiin wal barsiisuun safuu badaa ta'e qeequun itti dhimma bahu akka armaan gadiiti.

Foollee nooruu (2x)
Yaa dhirsa sigabaa kooruu
Waa butu malee hin oolu
Amma dhokattee dannii keessa teessu
Tokko fuutee qofforattee hin nyaattuu
Wadalicha manjii keessaa
Maa dhokattee gola keessa teessa
Foollee dhirsa si gabaa
Foolleen har'a si qaba
Hoo turunbullee foolleen qabe sigabaa
Yaa kormaa (2x) handaaqqoo yaa sagal iyyaa
Foolleen sigabaa balleesse biyyaa
Singiggittii sissiiqxittii warra hoboo kanaa
Manni warra hoboo eeesssa hantuutan qabee itti geessa

Faaruu armaan olii kana irraa wanti hubatamu foollee keessattii, ateeteefi sirna nafa dhiqaatiirratti dhiironniifi dubartoonni dabaree dabareen ol ka'anii sigabaa arrabsuun, abaaruufi itti dhaadachuun ibsatu. Sigabaan nama osoo haadha manaa qabuu yookiin ammo haadha manaa abbaan warraa irraa du'e yookiin kan hiiktetti kan galudha. Innis samaanaa yookiin waliigaltee tokko malee seeraan ala itti gala. Kun immoo aadaa uummatichaa keessatti safuudha. Dubartoonnis aaadicha bu'uura godhachuun warri foollee dhiichisanis haaluma kanaan sigabaa kana salphisu. Kanaaf ergaan waliigala faaruu armaan olii sigabaan salphina malee ulfina hin qabu. Ulfina sigabaa hantuutaan qixxeessanii kan ibsan yoo ta'u, akka aadaa hawaasichaatti foolleen dhirsa sigabaa gale manarra adeemee qabee salphisuufi rukutuuf aboo akka qabu ibsa. Akkasumas dubartittii sigabaan itti galame "Singiggittii, Sissiqxittii" jechuun hojiinkee kan hin tolledha. Sumatu fuula itti agarsiisee akka sitti galu taasise. Ulfina hin qabdu ulfinnikee ulfina hantuutaan qixxeedha jechuun gosa warra sigabaan itti seenamee arrabsu.

### 4.5 Qabiyyeewwan Faaruu Haadhaa

Faaruuwwan haadhaa qabiyyeedhaan qoqqoodamanii dhiyaatan akkauma armaan olitti ibsaman sirnoota kabaja ayyaana adda addaa keessaa guuraman akka armaan gadiitti dhaamsa isaan dabarsuu barbaadan irratti hundaa'uun qaacceffamanii jiru. Qabiyyeewwan kunis hawaasummaa, dinagdee, fakkoommiiwwan adda addaa ittiin haadha ibsanfi k.k.f of keessatti qabatu.

#### 4.5.1 Hawaasummaa

Haaluma armaan olitti daawwannaa irraa hubattametti, yaada kana cimsuufi dhugoomsuun ittti gaafatamtuun Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Ada'aa Bargaa Aadde Alamituu Yaadateefi Seenaa Camadaa gaafa guyyaa 5/7/2011 af gaaffii taasifameef deebii kennaniiru. Faaruun haadhaa haala adda addaa keessatti dhiyaatu waliin jireenya hawaasummaa keessatti faayidaa guddaa qaba. Waantota waaqni uumee gamtaadhaan jiraatan keessaa tokko ilma namaati. Jiruufi jireenya ilma namaa keessatti immoo gurmuudhaan jiraachuun wantoota hedduuf murteessaadha. Jireenya waliin jiraatan kana keessatti aadaa gammachuufi gadda waliin qooddachuu, hojii irratti wal gargaaruu, aadaa walii galanii waliin jiraachuufi k.k.f kan gaggeessan yoo ta'u, haaluma kanaan uummanni Oromoo aadaa waan qabuunis ta'e, hojiidhaan wal gargaaruun ni beekama. Aadaawwan armaan olitti eeraman kun immoo kan hawaasummaafi waliin jireenya cimsu waan ta'eef faaruun haadhaa hawaasummaa ibsus akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

**Warra baasu** **Warra jalaa qaban**

Eemmoolee yaa shuuraa gaada manni dhimmisee………………… Eemmolee yaa shuraa gaada

Daboo wal waammannaa yaa shuraa gadaa manni dhimmisee…… Eemmolee yaa shuraa gaada

Walitti birmannaa yaa shuraa gaada manni dhimmisee…………… Eemmolee yaa shuraa gaada

Wal malee maal qabnaa yaa shuraa gaada manni dhimmise……... Eemmolee yaa shuraa gaada

Yaa abaayyee maaloo…………………………………………………Yaa abaayyee

Yaa Immaa yaa Immaa

Makiinaat nafidee mannikoo Jimma

Yaa Abeeko intala ayyaanoo………..…………………Hoo hoo, hee hee

Yaa bareedduu nyaara jaanoo…………………………. Hoo hoo, hee hee

Yaa ijoollee oromiyaaa ………………………………... Hoo hoo, hee hee

Yaa ijoollee Lixa Shawaa …….………………………... Hoo hoo, hee hee

Yaa ijoollee Jimma keessaa……………………………. Hoo hoo, hee hee

Yaa ijoollee Baalee gubbaa…………………………….... Hoo hoo, hee hee

Eenyut walitti nujibba……...…………………………… Hoo hoo, hee hee

Ergaan seensa faaruu kanaa Oromoon gamtaan hojii wal gargaaree kan hojjetuufi kan wal tumsu, kan wal jaalatufi wal jaju tokkummaansaas kan naannoo tokkoon hin daangofne ta'uu isaa ibsa. Akkasumas, waliif jirra nu warri qomoo tokkoo wal malee homaa hin qabnu. Kanaafuu gamtaan taanee mana nurratti jigdee dhimmistu waliif ijaarra, qaawwaafi mudoo keenyaa waliif dhoksina; yaada jedhu dabarsa. Mammaaksa "qunceen wal gargaarteet arba hiiti" jedhuunis ni ibsama.

### 4.5.2 Diinagdee

Faaruun haala garaagaraa keessatti haadholii ykn dubartoota ibsuu ni danda'a. Faaruuwwan gama diinagdeetiin haadholii ibsan hawaasa keessatti akka jiraniifi ga'ee guddaas akka qaban ragaan odeef kennitootarraa argame ibseera. Faaruufi yaanni bal'aan armaan gaditti ibsame af gaaffii maanguddoo Abdii Tulluu waliin gaafa guyyaa 1709/2011 taasifameefi Aadde Baay'isee Cuukkoo irraa 20/08/2011tti argamedha. Faruuwwan haadhaafi abbaa daboo keessatti yookiin ayyaana qaammeefi masqalaa irratti kan dhiyaatan ta'ee, diinagdee mul'isan akka armaan gadiiti faarsama.

| Nama baasu | Warra jalaa qaban |
|---|---|
| Yaa Abeekoo abbaa kootii magaalaa …………………… | Isuma irra deebi’uun jedhu |
| Waaqayyo malee maaltu si caala | |
| Yaa abeekoo isa kootii naccii | |
| Mee birrii mee qarshii narraan galagalchi | |
| Yaa haadha Siisoole harkaan na bira koommee | |
| Ceetee ceetee gamana buluu feete……………………….. | Hoo hoo, hee hee |
| Mana haadha Siisuu dhaqi | |
| Yoo xajjii bishaaniffa dhuguu feete ceetee ceetee | |
| Yaa ijaarsa barbarree haadha mana kanaa……………..… | Isuma irra deebi’uun jedhu |
| Giiftii giiftii miila jamaree | |
| Yaa hantuuta dullattii haadha mana kanaa | |
| Giiftii giiftii fiixa dubbattii | |
| Boolee boolee kakachiise | |
| Abbaan mana kanaa | |
| Hoolaa hoolaa nu baachise | |
| Kan nuu kennanii ammam gaha?............................................... | Kunoo ammana gaha |
| Kunoo kabaa uffata…………………………………………… | Kunoo ammana gaha |
| Kunoo jaanoo uffatti………………..………………………… | Kunoo ammana geessi |
| Kanoo waaqaan dubbatti……………..……………………….. | Kunoo ammana geessi |

Ergaan faaruu kanaas akka walii galaatti faaruu daboofi faaruu goobee jedhama. Ayyaannii kunis yeroo baay’ee birraa yeroo naannoo masqalaa mana mana irra deemuuniifi daboo keessatti immoo yeroo hojii adda addaa gurmuudhaan wal gargaaranii hojjetan mana nama daboon oolameefiitti sirbama. Haalli itti sirbamus haadha warraafi abbaa warraa faarsuun jajuun, miidhagina isaanii, qabeenya isaaniifi waa namaa kennuu irratti Oromoon kan hin sassanne ta’uu ibsachaa faarsuun waan barbaadan irraa fudhatu. Isaanis waan argatan erga nyaatanii dhuganii booda warra mana sanaa faarsanii sirbu. Akkasuma sirbaafi dhiichisa daboo keessatti haala armaan gadiitiin abba manaafi haadha manaa faarsuun hojii harka isheefi qabeenya isaan qaban dabalataanis arjummaa isaanii ibsaatii faarsanii jaju.

Yaa giiftiitoo kan jedhan sumaaree
As waraabi Soddolbe hin dhumaaree
Soorettiikoo guuruma gad guurii
Yaa caammaan ejjettuuko faxuuli
Yaa tulluu dhagaarraa gooftaan galaana
Giiftiitu caala

Ergaan isaas sararri tokkoffaan waa'ee haadha mana sanaf durumaan odeeffannoo gaarii qabaachuu isaanii kan ibsudha. Sararri lammaffan immoo "soddolbe" laga yaa'u yoo ta'u, qabeenya haadha mana sanaa ittiin ibsuuf itti fayyadamani. Kanaaf osoo buusaa ooltee bulteyyuu farsoon naqame hedduu waan ta'eef hin dhumu yaada jedhu hubanna. Sararri sadaffaafi arfaffaan sorummasheedhaan jajuufi yoo uffattee kophee keewwattee keechummeessitu kan irraa miidhagu waan ta'eef booni ergaa jedhu qaba. Akkasuma sararri dhumaa lamaan kan ibsan "tulluu dhagaarraa" kan jedhu qabeenyi keessan beekamaadha, akka naannoo kanaatti hawaasa hundatu beeka kan jedhu yoo ta'u, "gooftaan galaana, giiftiitu caala" kan jedhu immoo abbaan manaa qotee dilbii galchuun sooressa. Haata'u malee midhaan gosa gosaan gale kana bilcheessee kan seeraan dhiyeessu, gurguree madda galii garagaraaf kan oolchu walumaa gala ga'ee hojii mana keessaa kan fudhattu irra caala haadha manaa ta'uu mul'isa.

### 4.5.3 Ogummaa yookaan Cimina

Yaada daawwannaan argameen dabalatatti, akka od-himtoonni Abdii Tulluu (af gaaffii gaafa guyyaa 17/9/2011)fi Kumaa Hundee gaafa guyyaa 11/10/2011 himanitti ga'een dubarrtoonni keesumaa haadholiin warri mana dhaabanii maatii horatan hawaasa keessatti qoodni isaan qaban kan lakkaa'amee hin xumuramne ta'uu odeeffannoon hawaasicha irraa argadhe ni ibsa. Innis hojii mana keessaa irratti gugguufaa, dadhabaa, oliifi gadi jechaa oolti; ijoollee haalaan guddisuurrattis ogummaan haati qabdu salphaa miti. Kana cinaattis hojii mana keessaa soorataafi dhugaatii qopheessituun ni madaalamti. Alaa dhiirota waliin bobba'uun ni hojjetti. Ciminaafi ogummaa dubartii kana ibsuuf mammaaksota Oromoo yoo ilaalle, "dubartiin beektuun mana ishee ijaarti, dubartii jechuun harka" jedhama. Mammaksonni kunis yaadota armaan olii kan cimsanidha. Innis dubartoonni beekumsa maatii ittiin bulfatan qabaachuu isaaniitiiniifi ga'umsa hojii isaaniin kan ittiin jajamandha. Dubartii jechuun harka yemmuu jedhamu dubartii ogummaa gaarii qabdu kan kaamettii taateefi kan hojiin ishee tolu jechuudha. Kanaaf ogummaafi

dandeettiin haadholiin qaban hedduudha. Faaruun ogummaa haadhaa yookiin haadha warraa ibsu haala armaan gadiin dhiyaata.

Fkn.1. Hayee Hayee yaa loon hayee …………………………Hayee yaa loon hayee
Qoraasumni muka
Farsoo aayyoon naqxe kan jarjare miti
Kan taa'etu dhuga yaa loon hayyee…………………. Hayee hayee yaa loon hayee
Waraabessi lafee karsham karsham godha
Haadha farsoo naqxe haadha mana kanaa
Yookaan weeddisanii yookaan eebbisanii
Garaan asham jedha yaa loon hayyee………..……. Hayyee yaa loon hayyee
Akkana sanyii mootii haati mana kanaa
Edaa midhaanuma xajjii gootii……………………..…. Hayyee yaa loon hayyee
Haaqottu haaqottu Bakar reefu camaddi
Haa elmattuu haa raafattuu giiftiin mana kanaa
Kuun horiitti taphatti yaa loon hayyee………………..Hayyee yaa loon hayyee

Dhaamsi faaruukanaa sarara jalqabaa irratti "Farsumni" gosa mukaati. Sarara lammaffaa irratti yaanni ibsame farsoon aayyoon naqxe baay'ee cimaa waan ta'eef suuta jedhanii, taa'anii yoo dhugan malee ariifatanii yoo dhugan nama maccheessa eergaa jedhu qaba. sararri sadaffaafi afraffaa immoo haadha farsoon ishee akkana gaarii ta'e kana gammachiisuuf faarsuun yookiin eebbisuun barbaachisaa ta'uu addeessa. Sararri shanaffaa hanga dhumaattti yaanni jiru kan ibsu haati mana kanaa ogummaa kana kan dhaalte sanyii ishee irraa ta'uu, kunis sanyii nama beeekamaa irraa waan dhalatteef farsoomti midhaanirraa hojjetamee akka daadhiitti mi'aaya. Dabalataanis kaamettummaafi ogummaa haadhaa ibsuuf yoo horii elman, yoo raafatan akkasitti kuun warri ogummaa akkasii hin qabne akkanumaan itti taphatti jechuun ishee qeequu mul'isa.

Fkn.2. Aannee golaa yaa dalacha golaa
Hin tolchite yaa obbookoo
Intala namaa fuudhuun gaafana tolaa
Yaa haadha biyyaa yoo naqan kunoo akkanatti
Yookaan yaa hafu midhaan manatti

Yaa aayyootoo guuruma gad guuri
Yaa caammaa nejjettuukoo faxuuli

(Baay'isee Cuukkoo af gaaffii gaafa guyyaa 20/7/2011fi Abdii Tulluu af gaafii gaafa guyyaa 17/09/2011 gaggeeffamerraa).

Jechuun erga farsanii booda bifuma faaruun haadha mana sanaa akkas jechuun eebbisu. Harki farsoo ykn xajjii kana naqe ilki yaa jabaatu ilki booru caba ilma yaa hammatu jeechuun farsoofi bookni sun bayeessa ta'uu isaa ibsuuf.

Ergaan walaloo olii kan agarsiisu sararri tokkoffaa hanga saaffaa bifa aannanii kan ibssuufi gola uummata Oromoo keessa aannan kan hindhibne ta'uudha. Dabalataanis jechoota "golaafi tolaa" jedhu keessatti birsagoota wal qixa qabaachuu, sagalee /g/fi /t/n qofa adda ta'uun jijjiirraa hiikaa uumuu danda'eera; kanaafis akka faaruun sun daran namatti tolu taasiseera. "In tolchite yaa obbookoo intala namaa fuudhuun gaafana tola" jechuun immoo dubartii ykn haadha manaa kaameettii, sanyii nama guddaa hawaasa keessatti beekamaafi kabajamaa fuute jechuun abbaa manaaf ergaa dabarsaniidha. Kanaaf intalli ati fuute ogeettii waan taateef akkasitti farsoo gaarii naqxee, qe'ee ishee seeraan qabatte yaada jedhu dabarsa. Yoo hojjetan akka haadha mana kanaatti, ta'uu baannaan minaaniin taphachuun hin barbaachisu dhiisuu wayya yaada jedhu qaba. Sararri ja'affaan kan ibsu nuu daddabalii buusi farsoonke dhugamee hin quufamu jechuu yoo ta'u, kan dhumaa immoo yeroo dur miila duwwaa deemu waan tureef ati kaamettiifi soorettiidha. Kanaaf deemichikee caammaan ta'uu qaba. Sirraa bareeda hojiike kanaan booni ergaa jedhu qaba.

Hawaasni akkuma biyya faarsuun, dachee faarsauuniifi wal faarsuun miira itti dhagahame, jaalala isaafi gammachuufi gadda qabu faaruutti dhimma bahee ibsatu, ciminaafi hanqina qaban illee faaruudhaan wal ibsaafi walis sirreessaa jiruufi jireenya ofii gaggeeffata. Akka Abdii Tulluu af gaaffii gaafa guyyaa 17/09/2011tti dubbatuufi kumaa hundee af gaaffii gaafa 11/10/2011 ibsutti, daboo, cidhaafi diggisii adda addaa irratti uummanni Oromoo dubartoota kaamettiifi boosettti haala armaan gadiitiin faarsa.

Aayyoon haatikoo samaa sukkuumti samaa karrashee
Aayyoon boosettiin reeffa luqquumti reeffa jagnashee
Yaa boosoo yaa boosoo

Boosoo manni uraadha
Kan raafattu bulaadha
Ilkaan muka qottoo gootee
Kan raafatte eessa goote?

Dhaamsi faaruu olii kanaa sararri tokkoffaan kan ibsu haati kiyya kaamettiidha. Kanaaf loon qe'eeshee seeraan kunuunsuun dhadhaa kuustee urgooftuu adda addaan sukkuumtee yeroo dheeraaf fayyadamti. Aayyoo boosettiin garuu waan kana raawwachuu mitiitii ilmoodhuma isheerree hin gorfattu; akka hojjetu hin jajjabeessitu. Akkuma reeffi maayii hin baasne, ilmi boosettiis akkasuma ta'uu nu hubachiisa. Sararri sadaffaadhaa hanga dhumaatti akka walii galaatti dubartii boosettiin mana ishee hin bareechattu, qabeenyatti haalaan hin fayyadamtu, kanaaf hawaasichi ilaalcha gaarii akka hin qabneef faaruu kanaan ibsata.

### 4.5.4 Fakkoommii Haadhummaa

#### 4.6.3.1 Faaruu Haadhaa Maareetti Fakkeessuun

Faaruuwwan haadhaa sirnoota adda addaa keessatti faarsaman haala gara garaatiin hadhatti fakkeessuun ykn haadha bakka buusuun ibsamee jira. Isaanis: maaree ayyaana deesssuufi ateeteetti, biyyaafi lafatti fakkeessuun dhiyaatee jira. Sababiin isaas gochoonni isaan raawwatan, dandeettiin isaanii, ogommaafi kabajni isaan jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti qaban wal isaan fakkkeessa. Faaruun haadhaa kun af gaaffii itti gaafatamtuu Aadaaafi Turizimii Aadde Alamituu Yaadateefi Seenaa Camadaa gaafa guyyaa 5/7/2011tti taasifameen argamedha. Faruuwwan kunneenis haala armaan gadiin dhiyaateera.

Ateetiyoo yaa ateetiyoo
Yaa aayyoo lagoo nooriyee
Yaa maaree yaa haadha addaamii
Mee qooqaan natti aggaamii nooriyee

Akkana jechuun namni faaruu baasu yoo jedhu warri jalaa qabanis isuma irra deebi'uun faarsu. Walaloo armaan olii toora lammaffaa "yaa aayyoo lagoo nooriyee nooriyee" jedhu keessatti jechi lagoo jedhu hiika yeroo hundaa kan waliin jiraatu jehu waan qabuuf, yaa haadha keenya ishee yeroo hunda nu waliin jiraattuu ol seeni ergaa jedhu dabarsa. Haadha nama deesse ishee yeroo

hunda namarraa adda hin baanettis fakkeeffamee ibsame. Toora sadaffaa “yaa maaree yaa haadha addaamii’ jedhu keessatti gaaleen “haadha addaamii” hiika namoota hortee addaam ta’anii hunda jedhu waan dabarsuuf Maareen namoota hundaaf akka haadhaatti tajaajiluu ishee hubachiisa. Toora dhumaa “mee qooqaan natti aggaamii” kan jedhu immoo mee waa’ee jireenyakoo natti dubbadhu najalaa hin callisiin ergaa jedhu qaba. Walumaa galatti akkuma ateeteen kabajamtu, haatis ulfoo waan taateef hawaasichi “haati ateeteedha.” jechuun fakkoommiin ibsa.

#### 4.6.3.2 Faaruu Biyyaafi Lafa Haadhatti Fakkeesssuun

Akka qorannoon waajjira aadaafi tuurizimii Anaa Ada’a Bargaa ibsutti, hawaasni Oromoo biyyasaa abbaatti, lafasaa ammoo haadhatti fakkeessuun ibsata. Kunis biyya abbaakoo, lafa haadhakoo jechuun waan gara garaa himata. Haata’u malee akkuma ilmoof abbaafi haati bu’uura ta’aniif, biyyiifi laftis walirraa adda ba’uu hin danda’an. Sababiin isaas kan waan hunda biqilchu sanyii horatu lafarraa biqila Kanaafuu fakkoommii biyyaafi lafaa kana keessatti hidda handhuuraafi lafa,ijoollee abbaa tokkoofi lafaafi firii isaa, biyyaafi haadhoo midhaanii waliin fakkeessuun ykn bakka wal buusuun ibsamee jira. Faaruun kunis bifa sirbaafi geerarsaan akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

| **Warra Baasan** | **Kanneen jalaa qaban** |
|---|---|
| Kororimaan baala baase (2x) ana garaakoo na kakaase…..………. | Kororimaan baala baase |
| Warreen Oromiyaatii ijoolleen abbootii……………...….………. | Kororimaan baala baase |
| Kan isaan haadha tokkoo………………………………………… | Kororimaan baala baase |
| Oromiyaan teenya handhuura fageenyaa……………………….. | Kororimaan baala baase |
| Kan abaabileerraa dhaala ijoollee keenyaa……………………… | Kororimaan baala baase |
| Koottu abbaakoo biyyi kafanaa maaf adda baana……………… | Kororimaan baala baase |
| Biyyi abbaadha kan nama baatu………………………………….. | Kororimaan baala baase |
| Biyyi haadhadha kan namaaf naatu……………………………… | Kororimaan baala baase |
| Jiituu lafaa marga birraa …………………………….……… | Ani ka’eeera biyyakoo guddisuuf |
| Qabeenya ofii hidda handhuuaa……………………….……… | Ani ka’eeera biyyakoo guddisuuf |
| Haarmee gaaffii seenaa situ nuu fura…………………….……… | Ani ka’eeera biyyakoo guddisuuf |
| Si’i hundeen situ bu’uura……………………………….……… | Ani ka’eeera biyyakoo guddisuuf |

Qe’ee booranaafi baarentummaa……………….…………… Ani ka’eeera biyyakoo guddisuuf

Madda gosaa iddoo ganamaa………………….………… Ani ka’eeera biyyakoo guddisuuf

Duraan dursa Oromummaa……………………….……… Ani ka’eeera biyyakoo guddisuuf

Sirraa kaane haadha gaaddisaa………………….……… Ani ka’eeera biyyakoo guddisuuf

Dirree jiituu magariisaa……………………….………… Ani ka’eeera biyyakoo guddisuuf

Haadha odaa haadha baddeessaa…………….…….…… Ani ka’eeera biyyakoo guddisuuf

Yaa Oromiyaa maal jedhee si faarsu…………….…………Ani ka’eeera biyyakoo guddisuuf

Madda horaa qe’ee bishaanii…………………………………Ani ka’eeera biyyakoo guddisuuf

Adii saawwaa biyya aannanii……………………………….. Ani ka’eeera biyyakoo guddisuuf

Ganda quufaa haadhoo midhaanii…………………………… Ani ka’eeera biyyakoo guddisuuf

Yaada walii gala yoo ilaallu, Oromiyaan biyya lalistuufi soorettii ta’uu, mukeeniin, bishaaniin, saawwaniifi midhaaniin beekkamtuu akka taate kan ibsudha. Hiikni al kallattii fakkoommii haadhaan ibsame immoo sarara lammaffaa irratti “qabeenya ofii hidda handhuuraa” kan jedhu hidda handhuuraa kan qabu nama. Namoota keessaa immoo haati karaa hidda handhuuraan ilmoo isheef soorata dabarsiti. Laftis midhaan facaafameen hidda horachuun midhaan sana sooraa firiin oomishamee ilmaan namaas soora. Kanaaf akkuma haati ilmoo isheeef bu’uura taate, laftis sanyii biqilchuufis ta’e nama fayyaduuf murteessaa ta’u nu hubachiisa. Dabalataanis akka aadaaa Oromootti handhuuraan kennaa dhuunfaa ofii kan namuu namarraa fudhachuu hin dandeenyedha. Kanaafuu haadha ofii akkuma eenyumtuu nama jalaa fudhachuu hin dandeenye, biyyaafi lafa ofiis homtuu fudhachuu akka hin dandeenye agarsiisa. Sarara dhumaa irratti” ganda quufaa haadhoo midhaanii” kan jedhu Oromoon midhaan dilbii kaa’uun beekama kanarraa kan ka’e midhaan walitti kuufamee argama waan ta’eef biyya quufaa akka ta’e ibsa. Haadhoo midhaanii kan jedhamu sanyii midhaanii yeroo jalqabaaf facaafamee irraa midhaan gale kan manaa hin dhumne sanyiif ol kaawwamu, kan hin gurguramneefi madda midhaanii kan ta’edha. Walumaa galatti maddi uumama lafa kanarra jiruu lafaafi biyya ta’uu haadha ishee nama deessetti fakkeeessuun ibsee jira. Kanaaf immoo fakkeenya gaarii kan ta’u, sarara “sirraa kaane haadha Gaaddisaa” kan jedhu isa tokkodha. Akkasumas malleen dubbii keessaa bakkoomsa ykn bakka buusatti fayyadamee ibsee jira. Oromoonis yoo mammaaku “Biyyi ofii haadha ofiiti.” jedhee kan mammaakuuf kanumaafi.

### 4.6 Faaruu Haadhaa Bifa Mararootiin yeroo Cidhaa Dhiyaatu

Akka od himaa Abdii Tuulluun (af gaaffii 17/09/2011) ibsetti, hawaasa Oromoo biratti faaruun haadhaa gama mararootiin jiru yeroo baay'ee shamarran yeroo heerumaaf ka'an jaalala haadha isaaniif qaban faaruu mararootti gargaaramuutiin haadha isaanii faarsu. Haatis bifa seenaa dhaamuutiin haala itti isheen bultiishee qabattu faaruudhaan dhaamtiif.



***Suuraa 5.Yeroo intalli heerumtu madda kana daawwadheera.***

Kulkuluuluu yaa iyya handaaqqoo
Yaa harmushee koo obboleettankoo
Lafti har'aa maaf bari'uuf kata
Bariinaan wal aanaa laata
Kaleessa guyyaa baane
Haadhakoo dharraa hin baane
Jaartii ijoollee korommii
Yaa ishee akka dhiiraa bultu
Yaa ishee dhiiraaf foon murtu
Haadhakoo dharraa hin baane

Faaruun armaan olii kunis akka ibsutti, durbi heerumaaf kaate haadha isheef jaalala guddaa osoo qabduu osoo isheen hin yaadiin guyyaan heeruma ishee waan jala ga'eef haadhaafi maatii isheerraa adda baatee deemuun ishee itti dhagahamuu isaa yaaddoo qabdu ibsatti. Dabalataan bo'oon "lafti har'aa maa bariif kaata, bariinaan wal aanaa laata?" kan jedhu immoo guyyaatu walirra aana ykn wal mo'aa laata jechuu barbaadeeti. "kaleessa guyyaa baane haadhako dharraa

hin baane.” kan jedhu immoo yemmuu heeruma jala geessu sana lafti yemmuu bari’ee dhihu waanuma garmalee fiigaa jiru itti fakkaateef dharraa haadha ishee akka hin baane ittiin ibsattte. Mararoon kuni bakka guddaa haati ijoollee isheerraa qabdu kan ibsudha.

### 4.6.1 Nagaa Dhaammachuu

Faaruu haadhaa ilaalchisee gaaffii marii garee hirmaattota Taabor Addunnaa, Xajjituu Dibaabaa, Kibbii Hurrisaa, Joobiruu Tolchaa, Baay’isee Cuukkoofi Tolasaa Dagguu waliin gaafa guyyaa 11/10/2011 taasiseen wal duraa duubaan haala gaafatamaniin deebisaniiru. Hawwaasa Oromoo birattti yemmuu intalli heerumtus ta’e, gurbaan fuudhu osoo guyyaan cidhaa hin ga’iin torban lama yoo hafu galgala galgala hiriyoonni intala heerumtuufi dubartoonni ollaa warra micayyootti waarisiisaa kan jedhamu kan warri cidhaa sun hanga isaan hojii hojjetanii xumuranitti ittiin waarisiisuuf kan faarfamudha. Kanaaf hiriyyoonni ishee kun intalatti nagaa dhaammachuuf gaafa cidha boorumtii isaa ittallii haadhaaf nagaa akka dhaamtuuf waan jedhanii faarsan qabu.

Yaa haamtuu maal haamta?
Ajjaaf galabaadha
Haadhakeef maal dhaamta?
Nullee alagaadha.
Yaa kusayee yaa shokoksituu x2
Haati Loomee tapha hin obsitu x2
Gadi baasaa haa dhommoksitu x2

Faaruun kunis ergaan inni of keessaa qabu haadha keetiif dhaamsa dhaammadhu nutillee silaa alagaadha. Haadha si dhalteef maal dhaamta jechuun gaaffii dhiyeeesuuf; yemmuu kana intallis dhaamsa haadhaaf qabdu akka armaan gadiitti dhaammatti.

Geeshoon waa hinulfaattu dalga galchii baadhu
Qal’oonkee deemuufii yaa aayyoo jabaadhu
Sinbirroo yaalamuu deeddee falaxaa hoomii
Yaa haadhakoo wal dhabuun geessee wal argaan yoomi?
Sinborrooko yaa afoo barii harmeeko nagaan taa’i, wal argaan guyyaa waaqi
Baala geeshee maraa daadhii yaa harmeeko nagaan taa’i.

Ergaan faaruu armaan olii kanaas durbi heerumaaf kaate kun haadha ishee dhiistee deemuuf waan jettuuf egaa adda baaneerra guyyaan gargar ba'uu keenyaa osoo hin beekiin waan dhufeef jabaadhu garaa kutadhu, gaaf tokko wal arguu dandeenya guyyaan isaa beekamuu baatus guyyaa waaqni jedhe wal argina hammasitti fayyaa naaf ta'i jettee yeroo itti nagaa dhaammattudha.

Haatis haala armaan gadiitiin akkaataa intalli ishee bultiishee qabattu ittiin gorsiti.

> Farduu jira <u>kooraa hin baatiinii x2</u>
> Haate jirttii, abbeenkee jiraa, gostuu siif jiraa
> homaa hin yaadiin
> Waanumtin si gorsu Eeboo teechumaati
> Galcha keechummaati Eeboo balbalaati
> Eelee galgalaati
> Ibiddi hin dhaamiin gandaa si hin waamiin
> Waamee si hin dhaaniin
> Ibiddi ni guba nama hin gubu seetee?
> Jechi haadha ormaa nama hin hubu seetee?

Ergaan faaruu kanaa sararri tokkoffaa hanga sadaffaatti fardi uummata Oromoo biratti kabaja olaanaa waan qabuuuf ittiin faarsu kan iddoo kennuu qabduuf iddoo akka kennitu ibsa. Kanarra kan darbee rakkina si mudateef haatikee, abbaankeefi qomoonkee siif jirra nuyii jiru homaa hin taatu yaada jedhu dabarsa. Sararri afreffaa hanga ja'affaa immoo, yeroo durii abbaan manaa eboo qabateet bobba'a. Yeroo galu immoo balbala duratti hirkiseet ol seena. Kanaaf eeboo kana alatti dhiisuu hin qabdu ol dabarsiteet kutaa ciisichaa kaa'uu qabdi. Akkasumas aduun osoo hin dhiyiin eelee dhaabdee tolchuufi keechummaa mana ishee dhufe haala gaariin keessummeessuun kaamettumaa ishee agarsiisuu akka qabdu agarsiisa. Sararri toorbaffaa hanga dhumaatti kan jiru immoo yeroo durii abiddi manaa hin dhaamu. Mukukkula furdaasaatiin dibamee, daaraadhaan ukkaamsamee taa'a. Dubartiin abidda barbaacha mandararra deemtu boosettiidha jedhama; kanaaf kana raawwattee akka hin dhaanamne ergaa jedhu dabarsa. Dabalataan gubaa abiddaafi jecha haadha ormaa walitti fakkeessuun ibsame. Kunis isa anarratti barte haaddha ormaa biratti dogoggortee ni miidhamata jechuun dhaammatti.

### 4.6.2 Haadha Duute Ittiin Yaadachuuf Guyyaa cidhaa Faaruu Dhiyaatu

Intalli heerumtu tokko guyyaa heeruma ishii sana akka carraa yoo haati duraan jalaa duutee jiraatte haadha ishee yaadatte gadditi. Yemmmuu kanas gadda ishee kana faaruu armaan gadiitiin ibsatti.

Gasoo naa fidaa
Awwaalan diiga
Kaabii irraa kaasa
Harmeen barbaada
Guddisa ishee cabde
Uwwisa ishee dhabde
Yaa illeetti xaddee
Yaa afaa boollarraa
Yaa iyyeechaa ni bannee
Warri haadha hin qabne
Kanaafan booya kaa

Ergaan faaruu kanaa intalli heerumaaf kaate kun haati ishee waan jalaa duuteef guyyaa heeruma ishee kanatti haadha ishee of biraa dhabdee yeroo itti seenaan haadha ishee itti dhaga'amu kan agarsiisudha. Kunis bo'oowwan buufata jalqabaarra jiran "gasoo naa fidaa awwaalan diiga kaabii irraa kaasaa harmeen barbaada."kan jedhu, awwaala haadha ishee sana kan ittiin biyyoo irraa diigdu gasoodhaan haatee akka waan haadha ishee argattuu kan ibsattudha. Akkassmas bo'oowwan" guddisa ishee cabde,uwwisa ishee dhabde." jedhu kunis kan ibsu na guddisuutti miidhamtee, dararamtee yeroo malee kan duute akka naaf kaatee booreeshee deebisun barbaada dhamsa jedhu qaba. Akkasumas akka aadaa Oromootti yemmuu intalli heerumtu haati osoo jiraatte intala isheerraa silaa uwwisaa waan uffattuuf isheen immoo gatii hin jirreef dhabde yaada jedhu dabrsa 'Duuti haadhaafii teessumni dhagaa turee namatti dhagahama.' jedhamee kan mammaakamuufis kanumaafi.

### 4.7 Faayidaa Faaruu Haadhaa

Tajaajila faaruun haadhaa hawaasa keessatti qabu adda baasuun haala armaan gadiin gosa gosa itti fayyadama isaaniitiin xiintalamee jira. Haaluma kanaan, faayidaawwan faaruu kanaa keessaa muraasni: leellisuuf, kabaja mul'isuuf, gadda ittiin ibsachuuf, eebbisuufi abaaruuf, qeequuf fa'i.

#### 4.7.1 Leellisuuf yookiin Jajuuf

Ayyaanni ateetee ayyaana dubartii ta'uu armaan dura akkuma ibsame guyyaa ayyaana kanaa dubartoonni wal faarsu. Faaruun kunis gama cimina qabaniin, midhaginaan, haala deemichaafi kan kana fakkaataniin wal faarsanii ergaa dabarfatu.

Daakiyyeen bishaan buute karaa jajjabaa yaate
Dashanii nadheen hoboo harkashe maldaan huute
Mudhii caccabsaan buute addashee shaashiin huute
Mormashee qaadii guute yennaa daddabaa yaatu
Lubbuun akkam haa taatu.Yaa maare caffeen sii afaa basaq godhee.

Faaruu armaan oliirraa wanti hubatamu dubartiin uffata miidhagaa uffattee miidhagdee adeemuun ishee hiika kallattii faarichaa ta'uusaati. Kana malees faayi miiddhagina dubartootaaf kan dabalu ta'uu hubanna. Ergaan gadi fagoo kan kanaan duuba faaruun kun qabu dubartiin faayamtee miidhagdee fuuldura namaa deemtu sun miidhagina isheerraa kan ka'e jaalala cimaa hanga lubbuudhaan jiraachuun illee gaaffii jala galutti nama qabsiisuu isheeti. Dabalataanis barreeffamni walaloo kanaa bifa barreeffama keeyyata addeessaan kan barreeffame ta'ee, jechoota suuraa sammuu namaa keessatti uumuu danda'aniin dhimma baheera.

#### 4.7.2 Kabaja Haadhaa Mul'suuf

Akka od himtuun Kabbabush Waaq Jiraafi hirmaattotashiin daawwannaa irratti faarsaniin waan nu hubachiiseefi od himaan Abdii Tulluu af gaaffii gaafa guyyaa 17/09/2011 jedhanitti addunyaa kana irratti wanti qixxee hin qabneefi kabajni guddaan kennamuufii qabu keessaa tokko haadha. Haati hawaasa keessattis ulfinaafi ga'ee olaanaa akka qabdu hojii harkasheen, beekumsafi hubannaa qabduun, haala mana ishee bulchituun, arjummaa isheedhaaan uummanni ragaa ba'aaf. Haati haadha siiqqeeti. Aadaa Oromoo keessatti immoo uleen siiqqee ulee ulfoodha. kanaafi kan

kana fakkaataniin wal qabatee faaruun kabaja haadhaa ibsu akka armaan gadii kanaan wal jalaa qabuun dhiyaata.

Ateetiyyoo yaa ateetiyyoo………………………Ateetiyyoo yaa ateetiyyoo
Si waamanii yaa aayyoo si waamanii……………Si waamanii yaa aayyoo si waamanii
Hunduu dhiyaatee yaa aayyoo si waamanii…… Si waamanii yaa aayyoo si waamanii
Yaa haadha siiqqee yaa aayyoo si waamanii … Si waamanii yaaa aayyoo si waamanii
Yaa haadha wandaboo yaa aayyoo si waamanii Si waamanii yaaa aayyoo si waamanii
Yaa haadha baksaa yaa aayyoo si waamanii……Si waamanii yaaa aayyoo si waamanii
Yaa haadha loonii yaa aayyoo si waamanii……Si waamanii yaaa aayyoo si waamanii

Akka yaada faaruu armaan olii kanaatti yaada gurguddaaa lamatu hubatama. Inni tokkoffaan kabaja ayyaana ateetee yookiin ayyaana dubartootaa keessatti maaree kan mul'isu yoo ta'u, inni lammaffaan immoo kabaja kan haadha ateetee dhaabbattu sanaa mul'isa. Sararri tokkoffaa hanga sadaffaatti jiru ayyaana ateetee sana yookiiin maaree haadhatti fakkeessuun yookiin bakka buusuun bifa kadhaatiin nuuf argami, nuuf owwaadhu, wanti barbaachisu hundinuu sirnicharratti dhiyaateera nuuf simadhu ergaa jedhu dabarsa. Sararri afraffaadhaa hanga dhumaatti yaanni jiru immoo haati ayyaana ateetee dhaabbattu sun waan isheen qabattu, waan isheen uffattuufi qabeenya ishee ibsuun kabaja isheef qaban kan miseensonni faaruudhaan ibsaniif agarsiisa.

Galli geese tumaa galli geese tumaa
Farsoo gondodaa kana naqxee
Yaa giiftii maaltu beekee dhuga
Dallaa jala marmaaranii marmaaranii
Xajjii aayyoo sagal waraabanii warabanii
Karaa ba'uu karaa galuu wallaalanii
Yaa aayyoo sagal ol deebi'anii
Teepha lookoo yaa teepha lookoo
Yaa aayyoo bullumoo galla…………… bullumoo galla
Nuuf keenni dhangaakeenya………………… bullumoo galla
Yaa giiftii mana kanaa……………………...bullumoo galla
Yaa ulfoo mana kanaa…………………….. bullumoo galla

Yaa daadhii mana kanaa……….bullumoo gallaa

(Abdii Tulluu Af gaaffii gaafa guyyaa 17/09/2011 gaggeeffame).

Ergaan faaruu armaan olii kanaa tokko tokkoon yoo ilaallu ‘galli geesse tumaa’ kan jedhu aduun sirrtti dhiite yeroon galaa waan ga’eef dafaa dafaa sirriitti dhugaa kan jedhu yoo dabarsu, ‘yaa giiftii’ kan jedhu maqaa mootittiif kennamu maqaa kabajaati. Sababiin isaas farsoo isheen naqxe baay’ee cimaa waan ta’eef hojii harkasheetu ishee kabachiise yaada jedhu dabarsa. Kanaafuu namoonni farsoo giiftiin haati mana sanaa naqxe dhuguun machaa’uurraan kan ka’e karaa ba’anii galuu wallaalanii takka gadi ba’anii dallaa jala naanna’anii deebi’anii ol seenaa kan deddeebi’an sababa cimina farsoo giiftii kanaa ta’uu mul’isa. Yaanni ‘teepha lookoo yaa teepha lookoo’ jedhu immoo faaruu sana miidhaksuuf kan gale yoo ta’u, teephni meeshaalee horii geejjibaatti ittiin fe’uuf kan akka wadarootti nama tajaajilu gogaa irraa kan ogeesaan tolfamudha. Dhaamsi walii gala faaruu kanaa haati mana kanaa ogummaa cimaa waan qabduuf kabajamtuudha, wanti nyaannee dhugne baay’ee nutti toleera. Kana dhiisnee gallamoo akka bullu nuuf eeyyamta jedhanii haadha mana sanaa eeyyamsiisuun yaada isaanii ibsatu.

### 4.7.3 Gadda Ibsachuuf

Yaada od himtoota armaan olii faaruu haadhaa cidha keessatti ibsamefi Guyyaa namni du’e keessumaa namni hawaaa keessatti beekamaa, kabajamaafi jaalatamaan yoo du’e uumanni ba’anii kan farada qabu fardaasaan garmaamuun ykn garee uumuun seenaa nama du’e ykn duute sanaa himuuf; gadda isaanis ibsatu. Namoonni sagalee bareedaa qaban gaafa kana bifa yeedaloofi walaloo qabuun walitti qindeessuun seeenaa nama du’ee namoota keessa deemuun himuuf. Namoonni kunis boochiftuu jedhamu. Faaruu isaan dudubbachaa himaniin imimmaan dhangalaasisu; kunis guyyaa sirni awwaalchaa raawwatu gaggeeffama.

Aayyoo harki warqii
Kan farsoon kee daadhii
Koottaa dhugaa, nyaadhaa,
Jechuu malee kan hinbeekne.
Har’a qee’een nutti qorree jedhan ollaanillee.                    Hoo…

Akka faaruu armaan olii irraa hubatamutti, gaafa haati duutu haala faaruudhaan ollaan, firri, boochiftuunfaa akkaataa itti ishee yaadachaa yookaan oolmaa ishee kaasaa ittiin gadda isaanii

ibsatan ta’a. Sarara tokkoffaafi lammaffaan cimina/kaamettummaa haadhaa kan ibsu yoo ta’u, sararri sadaffaafi arfaffaan immoo arjummaa ishee agarsiisa. Itti aansuun, sararri inni dhumaa haadha ofii dhabuun miidhaa inni qabu kan ittiin ibsatanidha.

### 4.7.4 Qeequuf

Akkuma kitaaba Wiirtuu Jiildii-10 (2005) keessatti ibsame, faaruun haadhaa qeeqa boosummaa yookaan hanqina haadholii kaamettuummaa yookaan cimina waliin wal bira qabsiisuun ni ibsa. Haala yaada kana deeggaruun, od himtootni Abdii Tulluufi Kumaa Hundee af gaaffii gaafa guyyaa 17/09/2011 fi 11/10/2011 himaniin, akkuma dhiira hojii isaatti cimaa ta’e tokko jajan ykn faarsan, dubartii hojii isheetti cimoo taate tokkos ni faarsu; ni jajjabeessus. Gama birootiin dubartii hojii hin jaalanneefi boosummaa qabdu tokko hawaasichi weedduu ykn faaruu looniitiin yoo balaaleffatu ilaalla.

Fakkeenyaaf:

- dubartii kaamettii, faaruu looniitiin haala itti aanuun jajjabeesu.

Hayyee yaa loon (2x)
Kaamettiin si tolchitee
Yoo teesssu ni sassaabbatti
Yoo deemtu ni haxaawwatti
Qodaashee ni qoraafatti
Diinqi ishee afaa qaba
Afaan ishees gabii qaba

- dubartii boosettii haala itti aanuun faaruu looniin qeequ.

Hayyee yaa loon (2x)
Boosattiin si yakkitee
Teessullee hinsassaabbattu
Beektee hin qoraafattu
Deemtullee hin haxaawwattu
Afaan gabii hin qabu.
Diinqi afaa hin qabu
Yoo elmitee kaatu okolee gombifti
Fuula wayyoo qabdi mogolee fokkifti

Itillee marmaree ittihimeen dadhabe
Ittinqarqabani obsi dhirsa boosoo giddiihin dadhabani
Itillee sukkuume akka waaqni ittuume
Jaartiin laga buute boosoon dura duute
Biyyeen maqaa fuute.

Faaruun loonii yookiin faaruun daboo armaa oliii kun kan nu hubachiisu boosummaan yookiin hojii wallaaluun hawaasa Oromoo biratti fudhatama hin qabu. Sababiin isaa boosummaa irraa kan ka'e dubartiin tokko qodaa aannan itti elmamu sirriitti dhiquufi qoraasuu dhiisuudhaan bu'aa aannan irraa argamu balleessuu ni dandeessi. Gochi akkasii ishee balaaleffachiisa; kanaaf callisanii bira hin darbani ni gorsu, ni barsiisu. Yaadonni maanguddootaa ykn hayyootaa armaan gadii kanaaf fakkeenya gaarii ta'a: hojiin madda beekumsaa, burqaa qaroomaafi bu'uura jireenyaati kanneen jedhan ta'a. Dabalataanis hiriyaadhaanis ta'ee firaan gorsanii yoo fooyya'uu didde faaruu olii kanaan qeequ. Itilleen gogaa irraa tolfamee kan irra taa'uuf yookiin irra ciisuuf kan tajaajilu ta'uufi itti himan kan hin fooyyofne uumama ishii waan taateef abbaa warraa obsi jechuun jajjabeessu. Boosoon gaafa duute boo'uu miti jiraan ishiituu du'aadha ergaa jedhu dabarsa. Akkasumas mammaaksi 'namatti himu malee itti hin hidhan.' jedhu fakkeenya gaarii ta'a. Karaa biraan, haati warraa (dubartiin) ogummaa, gamnummaa, hubannaafi k.k.f kan qabdu akka taate hawaasa keessatti ni hubatama. Kanaafuu hawaasni haadholii hojii isaaniitti cimoo ta'aniif kabaja olaanaa akka qabu karaa adda addaa ni ibsa. Kanneen hanqina qabaniifis bifa barsiisuu danda'uun qeequun sadarkaa dandeettiifi ogummaa dubartootaa ibsu.

### 4.7.5 Eebbisuuf yookaan Abaaruuf

Od himtoonni Kabbabush Waaqjiraa (af gaaffii 20/08/2011)fi Abdiisaa Tulluu gaafa 17/09/2011tti akka dubbatanitttti sirnoonni aadaa Oromoo faaruun haadhaa keessatti dhiyaatu baay'inaan eebbaafi abaarsa of keessatti qabaata. Guyyaa ayyaana nafa dhiqaa deessuufi maseena ni eebbisu. Guyyaa ayaana ateetee loonii deessuu, dhabduu, horiifi tiksee eebbisu. guyyaa ayyaana masqalaafi hojii daboo waan barbaadan yoo argatanii gammadan haadha manaafi abbaa manaa ni eebbisu. Gochoonni hawaasa keessatti hin barbaachifneefi akka hin babal'anne immoo faaruudhaan ateeteefi foollee keessatti abaaruun yookiin arrabsuun qeeqanii to'atu. Haala armaan gadiitiitiin deessuufi maseena eebbisu.

Baga Maaramiin nagaan si hiikte
Ilma shanan galaan siif haa ta'u
Intala shanan galaan siif haa taatu
Bakka bal'aatti ba'i
Ulmaa leencaa ciisi
Mutaa sammuukeerraa hin dhabiin
Maaramiin harka sihaa urgeessitu
Kan dhalate yaa guddatu
Daballis yaa dhalatu.
Ammas tari ammas da'i (x2)

Jedhanii erga eebbisanii booda marqaa nyaatu; ni ililchu; deessuufi dhabduus ni faarsu. Hiikni eebba armaan olii kunis 'akka shanaan galaan ta'i' jechuun hori sanyii baay'adhu, dagaagi akka ija aduu ba'eettti mul'adhu, beekami, iddoo gaarii iddoo aara galfii taa'i boqodhu kan jedhutti fakkeefffama. Kana malees mutaan sibiilaafi muka harbuurraa hojjetama. Kun ammoo sibiilli qarri kun hamaa deessuu eeggatu yaa Maaram ati waraani irraa ittisi waan jedhuttti fakkeefama.

**Eebba Maseenaa**

Kan ilmoo hin qabne iddoo deechuu teessisani………………………..Ameen
Bishaan nafa dhiqaa itti facaasani….…………………………………..Ameen
Garaatti ilmoo nuu baachisi……...…………………………………….Ameen
Dugdatti ilmoo nu deebisi………..…………………………………….Ameen
Harmishee aannan nu yaa ta'u…………………………………………Ameen
Mataarra mutaan yaa taa'u jechuun eebbisu…………………………..Ameen

Ergaan eebba armaan olii akka waliigalaati deessuufis ta'e maseenaaf akkasumas looniif irra caalaatti dhimma hormaataan kan wal qabateedha. Kunis deesssuun nagaan hiikamuushee maaree galateeffachaa nagaafi boqonnaa akka qabaattu hawwii isaanii ibsatu. Gochoonni isaan bakka deessuufi dhabduu wal jijjiiruun raawwaatanis akka dhugeeffannoo hawaasichaatti yoo akkas godhan dhabduun ni deessi jedhanii waan amananiif, Akkasumas ulfooftee daa'ima da'uun dugdattis haa baadhattu, hoosiftee haa guddiffattu kan hamtuurraa ishii eegu biraa hin dhabamiin dhaamsa jedhu dabarsa.

**Eebba ayyaana masqalaa, Ateetee looniifi foollee irratti dhiyaatu:**

Abbaan mana kanaa ammam ga'a…………………….………Kunoo ammana ga'a

Haati mana kanaa ammam geessi…………………...………Kunoo ammana geessi

Ayyaanni wagaa nagaan isinitti yaa naanna'u………...………Ameen

Kunoo haraqeefi hoolaa nu baachiftan……………………..……Ameen

Waaqni ayyaana waggaa ilmoo isin yaa baachisu…….………Ameen

Horaa bulaa…………………………………………………Ameen

Ooffachaa haa bobba'an…………………………...…..Elel

Dhalaa haa galan……………………………………Elel

Kormi cirri haa ta'u…………………………………Elel

Dhaltiin haphee haataatu……………..……..………Elel

Maseenni haadeechu……………………………..…….Elel

Deechuun haataadhomtu………………….……..……..Elel

Tikseen bobba'ee haa galu………………..…..…….Elel

Mortuun hin milkaa'iin……………………………….Elel

Uummanni Oromoo gocha gaarii raawwatameefi kan akka milkaa'uuf hawwan mul'isuuf eebbaan ibsata. Gochawwwan hawaasicha keessattti balaaleffattu immoo ni abaara. Fakkeenyaaf malkaa irrattis dubarttoonni harkatti coqorsa, ilillii birraa, siiqqeefi aannan qabeetti qabachuun bu'anii eebba fudhatu.

## 4.8 Sababoota Dagatamaa Deemuu Faaruu Haadhaa

Akka od himaan Abdii Tulluu (af gaaffii 17/09/2011) jedhanitti sababni faaruuwwan haadhaa sadarkaan isaa gadi bu'eefi qabiyyeefi yoomessi isaanii wal makanii dhiyaataniif sababoota lama kaa'u. Isaanis: tokkoffaan Amantii yoo ta'u, inni lammaffaan immoo Saayinsiifi teknoloojiidha.

### 4.8.1 Amantii

Akka odeeffannoon af-gaaffii ibsutti, od himtoonni Kabbabush Waaqjiraa (20/08/2011)fi Abdii Tulluu (17/09/2011) faaruun haadhaafi meeshaaleen aadaa yeroo ammaa sababii inni dagatamaa deemeef babal'ina amantiileedha. Akkasumas, dhaloonni haaraan barnootaan wal qabsiisanii akka aadaa boodatti hafaattti waan ilaalaniifidha. Dhaloonni durii aadaa isaatti boonaa ture. Dhaloonni ammaa garuu waan itti qaana'uuf dagataa dhufaniiru. Fedhiin isaan faaruu aadaaf

qaban baay’ee gadi aanaadha. Inni jirus aadummaa isaa gadhiisee bifa ammayyummaa qabateera. Yaada armaan olii deeggaruun boqonnaa tokko ka’umsa irratti akka ibsametti, faaruun ykn weedduun gosa ogafaanii keessaa tokko waan ta’eef jijjiirramaa (irraanfatamaa) kan dhufedha. Sababni isaa dhaloonni haaraa akka aadaa duubatti hafootti ilaalanii aamantii garagaraa waliin wal qabsiisaa deemuun irraanfattamaa (jijjiirramaa) dhufe.

### 4.8.2 Saayinsiifi Teeknoloojii

Od himaa Abdiisaa Tulluu (af gaaffiii 17/09/2011) akka ibsanittti faaruun yeroo dur namoonni itttiin wal faarsanii miira isaanii itiin ibsattu. Ittiin wal bohaarsaa wal barsiisu turan.Yeroo ammaa sadarkaa dagatamuu irra darbee badaa jira. Kanaafis sababa kanneen ta’an keessaa tokko saayinsiifi teknoloojiidha. Dhaloonni yeroo durii walfaarsuun, wal jajjabeessuun, walgorsuuf, hawaasummaafi kan kana fakkaataniif yoo faaruu haadhaa kanatti dhimma ba’an, kan yeroo ammaa garuu moobaayilii, kompiitara, televizinii, feesbuukii daawwachuufi dhaggeeffachuu irratti caaalaa gammadu. Kanaaf achirratti yeroo isaanii gubu. Kanneen kun immoo dagatamaafi jijjiiramaa deeemuu faaruu haadhaa kanaaf sababa olaanaadha.

## Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

Boqonnaan kun mata dureewwan xixiqqoo kanneen akka cuunfaa, argannoofi yaboo qaaccessa ergaa faaruu haadhaa Aanaa Ada'aa Bargaaa hammatee jira.

### 5.1 Cuunfaa

Qorannoon kun dameewwan gooroo fookiloorii keessaa afoola irratti kan xiyyeeffate ta'ee, gadi fageenyaan gooree afoolaa keessaa qaaccessa ergaaa faaruu haadhaa Aanaa Ada'aa Bargaa jedhuurratti fuulleffatee kan hojjetamedha.

Haaluma kanaan,achii as dhuftee hawaasaa Oromoo afoolasaa waliin aadaa, duudhaa, seenaa, safuu, hawaasummaa, siyaas diinagdee afaan, amantii, ilaalchaafi k.k.f. akka qabu ibsame. Haata'u malee, hawaasni kun dhiibbaa sirna siyaasaa, amantii, ilaalchaafi kkf saba biraatiin irra gahaa ture irraa kan ka'e, hawaasni Oromoo akka aadaa isaa dagataa deemu taasisaa turan ammas dagachiisaa jiru.

Kanaaf kaayyoon gooroo qorannoo kanaatis Afoola Oromoo godina Shawaa Lixaa keessaa ergaa faaruu haadhaa Aanaa Ada'aa Bargaa qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatu ture. Qorattuun kunis akka mataduree kanarratti hojjettuuf kan ishee kakaase, afoolli Oromoo hedduun isaa afaaniin dhalootatti kan darbaa jiruudha malee bifa barreeffamaatiin qindaa'ee hinturre. Kanaafuu ragaa barreeffamaan kaa'uun akka hin dagatamneef aadaafi afoolli Oromoo kun itti fufiinsaan dhaloota itti aanutti qabiyyeefi ergaa isaa qabatee akka turuuf qaaccessuun gama isheetiin waa gumaachuuf qorannoo kana gaggeessitee jirti .Qorannoo kana gosoota qorannoo keessaa qorannoo akkaamtaatti fayyadamttee jirti. Raga isaa immooo maa ibsaati. Maddi ragaa qorannichaa madda ragaa tokkoffaati. Kunis namoota aanicha keessatti faaruu haadhaa irratti muxannoofi beekumsa qaban irraa daawwannaa, af gaaffiifi marii gareedhaan odeeffannoo od himtootarraa argameen qaacceffamee jira.

Ragaaleen mala qorannoo keessatti meeshaalee addaaddaatiin funaannamanii qindeeffamanii seecca'amanii qaacceffamaniiru. Seeccaatiin qorannoo kanaatis faaruuwwan Oromoo Aanaa kanatti dhiyaatan hedduu yoo ta'anis qabiyyeen isaanii wantoota garagaraa kan of keessatti

qabataniidha, ogummaa, dandeettiifi ilmoo deeseee guddisuurratti kennaan isheen uumamaan qabdu kun namoota kaan irraa adda ishee taasisu. Faaruu haadhaa dubartoonni wal bohaarsuuf, wal jajuuf, wal barsiisuuf, wal qeequuf, hariiroo hawaasummaa uumuufi kkf fa'aaf kan fayyaduun yoo ta'u, gama biraatiin immoo haadha deessuu ga'ee ishee uumama birootti fakkeessuun ibsuu keessatti moggaasni haadha jedhu qooda olaanaa taphata. Akka falaasama Oromootti laftiifi Waaqni kabajamoodha. Lafa kana keessaa wanta dhuganiifi nyaatantu marga waantaateef ciicoodha. Malkaan kan bishaan kennitu, tulluun yoo irra dhaabbatan diina agarsiistu, odaa yoo jala taa'an gaaddisa namaa ta'u, loon aannan kennanis diinagdeedha waan ta'aniif kabajamuu qabu. Haata'umalee haalli dhuggeeffannaa Oromootaa kun sababa siyaasatiin, amantiitiin, ilaalchaatiin, diinagdeetiin, hawaasummaatiin sirnoota darban keessatti dhiibbaan irra gahaa ture irraa kan ka'e baay'ee laafee ture.

Hawaasni Oromoo dur irraa eegalee afoolaan fayyadamee waan yaadu tokko ibsuuf itti gargaarramaa ture. Kunis waan isa gammachiise, waan isa gaddisiise, waan isa yaachiseef waan kana fakkaatu fa'a. Haaluma kanaan Oromoon Ada'aa Bargaa faaruuwwan adda addaa fayyadamee jaalala haadhaaf qabu ibsuuf, hamilee deessuu cimsuuf, kan deesseef galateeffachuuf, dhabduudhaaf bifa komii of keessaa qabuun kadhachuufiif, afoola garagaraa fayyadamuun ofiifis bohaaranii nama biraatis bohaarsu jechuudha. Akkasumas afoola kana fayyadamanii beekumsa, ilaalcha, ogummaafi falaasama amantii isaanii kan ganamaa wal hubachiisu,wal jaju, wal barsiisu, wal qeequ, dhaamsa walii dabarsu, Kana malees dalagaalee adda addaa keessatti afoolaan hamilee walii jajjabeessu, Faaruuwwan funaanamanii xiinxalaman kana irraa uummanni ilaalchaafi amantaa dhimmmoota korniyaa irratti qabu karaa afoolaa akka ibsatu armaan olitti tarreeffamee jira.

## 5.2 Argannoo

Dhumarratti odeeffannoowan ibsaman kaayyoo qorannoo kanaa waliin kan walsiman ta'uunn kan hubatamu yoo ta'u, argannoowwan faaruun haadhaa af walaloofi yeedaloon dhiyaate irratti hundaa'uun akka armaan gadiitti kaa'amaniiru:

- ✓ Afoola hawaasa aanichaa keessatti faaruun haadhaa Af walaloofi yeedaloon, dhuunfaafi gareen kan dhiyaachuu danda'uufi sochii qaamaa kan dabalatu ta'uu bira gahameera

- ✓ Walitti dhufeenya yoomessaafi faaruu haadhaa ilaalchisee, kabajni ayyaana adda addaa kan akka da'umsaafi ateetee kallattiidhumaan haadha kan ilaallatu waan ta'eef bakkaafi yeroo haati argamtetti faaruun haadhaa ni dhiyaata. Karaa biraa, kabaja ayyaana adda addaa kanneen yoomessi isaanii haadha irratti hin xiyyeeffanne ta'an iyyu faaruun haadhaa garuu irratti dhiyaachuu ni danda'a. Fakkeenyaaf, foollee, cidha, daboofi kkf irratti ni faarsamti. Kunis hawaasa keessatti kabajaafi jaalala haati qabdu kan mul'isu ta'uu mirkanaa'eera.

- ✓ Afoola keessatti ilaalchi hawaasaa faaruu haadhaatti fayyadamuun fakkoommiiwwan haadhaan ibsaman kan akka lafaa, galaanaa, Maaram, Maaree yookiin Ateetee fi kan kana fakkaatan argachuu danda'ameera.

- ✓ Qabiyyeewwan faaruun haadhaa mul'isan hawaasummaa cimsuuf, dinagdee hawaasichaa mul'ifachuuf, akkasumas dandeettii, ogummaa, kabaja, jaalalaafi ofitti amanamummaa dubartootaa kan mul'isan ta'uu hubatameera.

- ✓ Faaruun haadhaa Aanaa Ada'aa Bargaa keessatti hawaasa naannoo sanaa kan jaju, kan bohaarsu, kan gorsu,yookiin kan qeequ, kan hojiitti kakaasuufi kan barsiisudha. Hawaasicha keessatti faaruun haadhaa jaalalaafi kabaja haadhaa karaa ittiin ibsatanidha. Akkasumas dhabduun akka deessu karaatti kadhatan ta'ee tajaajila. Kan deesseef immoo bifa galateeffannaan deessuu faarsaa maaree jajachuuf kan fayyadu ta'uu bira ga'amee jira.

- ✓ Akka Aanaa Ada'aa Bargaatti faaruun haadhaa dagatamaa jiraachuufi dhaloonni ammaa faaruu haadhaatti kan hin fayyadamneefi qorannoon gama kanaan gaggeeffamaa jiru laafaa ta'uu bira gahameera. Kanaafis sababoota kanneen ta'an amantiin babal'achaa dhufuu, ammayyummaan liqimfamuu, kunuunsa afoolaafi aadaatiif xiyyeeffannoon jiru gadi bu'aa ta'uufi dhiibbaa sirnoota darbaniifaatu ragaa argamerraa mirkanaa'eera.

### 5.3 Yaboo

Yaadota armaan olitti dhiyaatan ka'umsa godhachuun dhimmoota itti'aananii dhiyaatan kunneen haala faaruun haadhaa sirnoota garaagaraa keessatti dhiyaatan ittifufiinsaan osoo hin boora'iin dhaloota dhufuuf itti dabarsaniif murteessaadha. Yoo haala uumama ganamaa qabatee dhalootaa dhalootatti darbuu baate uummanni Oromoo aadaa, eenyummaa, jaalalaafi kabaja,oogummaafi dandeettii isaa, duudhaafi safuu sabasaa ittiin ibsatu keessaa tokko dhabuu ni danda'a. Kunis miidhaa baduu meeshaalee aadaa sirnoota ayyaanicha keessatti tajaajila kennanii, baduu jechootaa, yeedaloo faaruufi hurruubummaasaa fiduu ni danda'a. Kanaaf namoonni dhimmi kun ilaallatu osoo yaaddan armaan gadii kanneen raawwatanii guddinni walaloo afoolaa faaruu haadhaa hawaasa Oromoo bira darbee guddina biyyaatiif bu'aa olaanaa qaba.

- Waajjirri Aadaafi Turizimii aanichaa yeroo ammaa kana aadaa hawaasichaa babal'isuufi tursiisuuf sochii gaarii gochaa jira.Haata'u malee qabiyyeewwan kabaja ayyaana looniifi kabaja ayyaana nafa dhiqaa deessuu qabiyyeefi ergaan faaruu haadhaa sirnoota kana keessatti dhiyaatan sadarkaa baduurra gahuunsaa bu'aa qorannoon kun ifatti baase waan ta'eef, waajjirri kun xiyyeeffannoo addaa itti kennee faaruuwwan haadhaa sirnoota adda addaa keessaa walitti guuruun waraabee gara barreeffamaatti osoo jijjiiree dhaloota boriif olkaa'e gaarii ta'a.
- Faaruun haadhaa hurruubummaafi yeedaloo isaa eegee ykn qabatee akka turu gochuuf aartistoonni Oromoo sirba yeroo qopheessan, kitaabilee yeroo barreessan faaruu haadhaa irratti otoo hojjetanii.
- Afwalaloowwan faaruu haadhaa og barruu barsiisuuf sirna barnoota Afaan Oromoo keessa osoo galanii bu'aa buusu. Bu'aan kunis faayidaafi hariiroo haati uummata Oromoo keessatti qabdu waliin beeksisuudha.
- Namni qorannoo dhimma kanarratti gaggeessu meeshaalee viidiyoo waraabbiifi suur sagalee fayyadamuun barreeffamatti jijjiiree otoo kaa'ee bu'aa olaanaa qaba.
- Barsiisonni Afaan Oromoo akka barattoonni faaruu haadhaa sirnoota ayyaana adda addaa faaruun kun keessatti dhiyaatu keessatti argamu maanguddoota gaafatanii barreessanii akka fidan gochuun qindeessanii otoo ol kaa'an gaarii ta'a.
- Dhaloonni ammaa faaruu haadhaa afoola maatiifi hawaasa naannoorraa fuudhuun barreeffamatti jijjiiruun dirqama isaanii otoo ba'atanii jechuun qorannoon kun ni akeeka.

## Wabiilee


Abarraa Nafaa. (1993). *Afoola Oromoo: Sirba Warroommii, ..., Geerarsa*. Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaatti.

___________ (1995). *Wiirtuu Jiildii 6[ffaa] Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo.* Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa

Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee.

__________________ (2018). *Seemmoo Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*. Printed by Far East Ttading Plc.

Amos, B. D. (1982). *Folklore in Context.* New Delhi adras: South Assian Publishers.

Asaffaa Tafarraa. (2009). *Eela, Seenaa Oguma Oromoo*: Finfinnee printing by Far East Trading.

Baxter, P. T., Hultin, J., & Triulz, A. (1996). *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiries*. Uppsala: Nordiska Afrikainstitutet.

Bukegna, A., Kabira, W. M. & Okombo, O. (1994). *Understanding Oral Literature*. Nairobi: Nsirobi University press.

Creswell, J.W. (2002). *Research Design: Qualitative and Mixed Method Approaches.* (2nded). Thousand Oaks, CA: Sage Publishers.

Dastaa Dassaalany. (2013). *Bu'uura Qorannoo.* Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa Far East.

Dafaa Jamoo. (1983). *Safuu Biyya Keessaa*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Ceenteralii.

Delessa Guddisaa. (2008). The role of Gada Centers in Conflict Resolution Among the Kutaye Oromo of Western Shoa: A Social Reference to Booku Cittu. Addis Ababa University.

Dirribii Daamusee. (2007). *Ilaalcha Oromoo*. Finfinnee: D.G printing and publishing enterprise.

_______________(2012). *Ilaalcha Oromoo: Barroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo*. Finfinnee DG Ptinting and Pubilishing Enterprise.

Dorson, Rechard M. (1972). *Folklore and Folklife: An Introduction.* Chicago and London: The University of Chicago press.

Eshete Gemeda. (2007). African Socity and Egalitarian Values: Oromo Folklore Literature and Caltural Studies in a Contemporary Context. PhD Thesis, Syddansk University.

Farley, J. E. (2003). *Sociology*, ($5^{th}$ ed.).Upper Saddle River, NJ: Prentice Hall.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Subii: Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Subi Printing press.

Filee Jaalataa. (2016). *Beekumtaa Oromoo*. Raajii: Finfinnee.

Finnegan, Ruth. (1970).*Oral Literature in Africa*. Oxford: Oxford University Press.

Getaachoo Rabbirraa. (2005). *Furtuu Seerluga Afaan Oromoo.* Addis Ababaa: Kurraaz International Press.

Haayiluu Bantii. (1997). *Coraa Aadaa Oromoo Jimmaa.* Oromiyaa: Bole Printing Enterprise.

Huford. D. J. (1995). *The Scholary Voice and the Personal Voice*: Reflexvity in belief studies. Western Folklore.

Hussein, Jeylan W. (2004). A Cultural Representation of Women in the Oromo Society. *African Study Monographs*, 25(3). pp. 103 – 147.

Iteenesh Walda Rufaa'el. (2009). Seeccaatii Qabiyyee Walaloo Ateetee Godina Wallaggaa Aanaa Laloo Assabii. Waraqaa qorannoo eebbaa: Yuunivarsiitii Addis Ababaa.

Jiksaa Kabbadaa. (2009*).* Xiinxala Af-walaloo Haadhaafi Abbaa Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Qarsaa Maalimmaa: Waraqaa qorannoo eebbaa: Yuunivarsiitii Mattuu.

Kumsaa Boroo. (2009). *Jiruufi Jireenya*. The Red sea press.

Leach, Maria. (1996). Defnition of Folklore Source. *Joural of Folklore Research,* 33(3), pp.255-264. Indiana University Prass.

Maammoo Gadaa. (2002). *Duudhaa*: Finfinnee

Maraman, M. (2010). *Culture and Development Evaluation and Practice*, UNESCO Work in Papers, Nospain: UNESCO.

Masfin Tashoma. (1995). *Wiirtuu Jildii 7^ffaa^*. Finfinnee: Kurraaz International.

Melakenen Mengistu. (2006). *Fundamental of Literature*. Addis Ababaa: AAU.

Misgaanuu Gulummaa. (2011). *Dilbii: Bu'uura Afoolaa, Ogafaaniifi Af-walaloo Oromoo*. Finfinnee: Oromiyaa

Newman. L. W. (2007). *Basic social Research.Qualitative and Quantitative Approaches* ($2^{nd}$ ed.) Bost Peason Educailiral IC.

Okpewho, I. (1992). *African Oral Literature: Backgrounds, characteristics and Continuity.* Bloomington: Indiana University Press.

Punch.F. (1998). *Introducing to social research*.New Delhi: SAGE Pubilications Indian Pvt.Ltd.

Sims, M. (2005). *Living Folklore. An Introduction to the Study of People and their Traditions*. London: Utah State University press.

Sumner. C. (1997). *Oromo Wisdom Literature*: *Volume 2 Songs collection and analysis*. Addis Abeba: Gudina Tumsa Foundation.

Tashaalee Asaffaa. (2008). Qaaccessa Qabiyyee Faaruu Ateetee Godina Wallagga Bahaa Aanaaa Leeqaa Dullachaa.Waraqaa Qorannoo: Yuunivarsiitii Wallaggaa.

Trochim, W. M. K. (2015). *Research Methods: Knowledge Base*. http://www.socialresearchmethods.net/kb/statdesc.php

Waajira Aadaafi Turiizimii Aanaa Ada'aa Bargaa. (2008). Seenaa Aanaa Ada'aa Bargaa. Kan hin maxxanfamne.

Warquu Gaaddisaafi Nagarii Leencoo. (1993). *Wiirtuu Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*. (Jil. 6[ffaa]). Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beekisaa Oromiyaa.

Wasanee Bashaa. (2000). *Bantuu Haaraa: Caaslugaafi Og barruu Afaan Oromoo*. Finfinnee Oromiyaa.

William J. Thoms. (1846) Folk-Lore. *California Folklore Quarterly*, Vol. 5, No. 4, pp. 355-374

ፈቃደ አዘዘ:: (1991):: የስነ ቃል ማምሪያ፡፡ አዲስ አበባ ኢትዮ ጥቁር አባይ አታሚዎች፡፡

ዘሪሁን አስፋው:: (1992):: የስነ ጽሁፍ ማስረታዊያን፡፡ አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ፡፡

# Dabaleewwan

## Dabalee “A” Af-gaaffii

**Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Gaazexeessummaafi Sab-quunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Og barruufi Fooklooriitti**

1. **Af-gaaffii**

Naannoo Oromiyaatti Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ada’aa Bargaatti sirnoota garagaraa keessatti ergaa faaruu haadhaa ilaalchisee af gaaffii dhiyaatedha.

Akkam bultan? Duraan dursee, gaaffiifi deebii waliin taasisuuf kana dura waliin beellamannee turre irratti ana dursitanii asitti naaf argamuun eeyyamamoo ta’uu keessaniif onneerraan isin galateeffadha. Itti aansuun, Maqaan koo Wubaayyoo Olaanii jedhama. Kanan dhufe yuunivarsiitii Finfinnee Dhaabbata Qorannoo Afaaniitti Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu yoo ta’u, qorannoo bu’uuraa qopheessuuf mata duree ‘Qaaccessa Ergaa Faaruu Haadhaa mul’isan:Aanaa Ada’aa Bargaa irratti kan xiyyeeffate.’jedhu irratti qorannoo gaggeessaan jira waan ta’eef, deebiin isin naaf laattan galma ga’iinsa qorannookootiif faayidaa guddaa qabaatii odeeffannoo qabatamaa akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

**A. Odeeffannoo Waa’ee Od Himaa**

1) Maqaa 2) Umrii 3) Saala 4) Ganda 5) Hojii

1. Gosoonni faaruu haadhaa maal maal keessatti dhiyaata ? Eenyufaatu faarsa ? Maaliif faarsama ?
2. Faaruun haadhaa naannoo kanatti ni faarsamaa ? Yoo ni faarsama ta’e, yeroo akkamiifi eessati faarsama ?
3. Faaruu haadhaa kan beektu mee natti himi.
4. Faaruun haadhaa bara duriifi yeroo ammaa garaagarummaa qaba ? Yoo qabaate maaliif ?
5. Faaruu haadhaa jechuun maal jechuudha ?
6. Bu’aa faaruun haadhaa kun hawaasichaaf qabu maali ?

## Dabalee “B” Marii Garee Xiyyeeffannoo

**Yuunivarsiitii Finfinnee Koolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanota Gaazexeessummaafi Sab-uunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Og-barruufi Fooklooriitti.**

2. **Marii Garee Xiyyeeffannoo**

Akkam bultan? Duraan durseee, Marii Garee waliin taasisuuf kana dura waliin beellamannerratti naaf argamuu keessaniif hedduu galatoomaa. Itti aansuun, maqaankoo Wubaayyoo Olaanii jedhama. Kanan dhufe Yuunvarsiitii Finfinnee dhaabbata Qorannoo Afaaniitti Muummee Afaan Oromoofi Og barruu irraa yoo ta’u, qorannoo bu’uuraa qopheessuuf mataduree ‘Qaaccessa ergaa faaruu haadhaa: Aanaa Ada’aa Bargaa irratti xiyyeeffate.’ jeddhu irratti qorannoo gaggeessaan jira. Deebiin isin naaf laattanis galma ga’iinsa qorannookootiif faayidaa guddaa qaba. Kanaaf, marii ho’aafi hawwataa ta’e waliin taasisuun odeeffannoo qabataamaa akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

**B. Oddeeffannoo Waa’ee Od Himaa**

1. Hawaasni haadholii maaliin wal fakkeessee faarsa? Wantonni akka naannoo kanaatti ga’ee haadhaa fudhatanii faarsaman ni jiru?

2. Faaruun haadhaa haala kamiin dhiyaata? Sochii qaamaa ni dabalata?

3. Qabiyyee yookiin ergaan faaruu haadhaa isaan kami?

4. Faaruuwwan afaan Oromoo hadholii jajan, jajjabeessan, qeeqan, mararsiifatan, kabaja mul’isaniifi ogummaa ishee ibsan ni jiru? Yoo jiraatan mee na dhageessisa?

5. Uummanni Orommoo naannoo kanaa faaruu maaliif faarsa?

6. Sababni faaruun haadhaa dagatamaa dhufeef maali jettanii yaaddu? Furmaanni hoo?

7. Faaruu haadhaa aanaa kanaa ilaalchisee yaada addaa qabdu?

## Dabalee “C” Gaaffiilee Mul’istuu (Cheekliistii)

**Yuunivarsiitii Finfinnee Koolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa Gaazexeessummaafi Sab-quunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Og-barruufi Fooklooriitti.**

### 3 Gaaffiilee Mul’istuu (cheekliistii)

Gaaffiileen gabatee armaan gadii keessatti argaman akka mul’istuu daawwannaatti gargaaruuf kan qophaa’anidha. Haala raawwii qophiilee dhaqna dhiqaa,Foollee, Ateetee Loonii, Sirna Gaa’elaafi Sirba Daboo irratti mul’atan daawwachuun haala qabatamaa kabaja sana irratti dhiyaatuufi yaada mul’atu kan ittiin galmaa’u ta’a. Gaaffiileen kunis kanneen armaan gadiimti:

| | | Sadarkaa mul’istuu | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| T/L | Gaaffiilee mul’istuu Daawwannaaf qophaa’e | B.B | B. | G.G | M. | B.M |
| 1 | Sadarkaan raawwii faaruu haadhaa hawaasa naannichaa keessatti maal fakkaata? | | | | | |
| 2 | Sochiin qaamaa hammam raawwicha keessatti hammatamu? | | | | | |
| 3 | Raawwii sirna ayyaaneffannaa adda addaa irratti fayyadamni meeshaalee aadaa maal fakkaata? | | | | | |
| 4 | Qophiiwwan raawwataman keessatti hirmaannaan dhiirotaa maal fakkaata? | | | | | |
| 5 | Faaruu haadhaatiin hamman ergaa barbaachisaa dabarfatu? | | | | | |
| 6 | Raawwii ayyaaneffannaa keessatti haadha wantoota adda addaadhaan hammam bakka buusuun ibsu? | | | | | |
| 7 | Qabiyyeefi ergaan faaruu haadhaa sirna ayyaanota adda addaa keessattti maal fakkaata? | | | | | |

Agarsiistuu:

B.B – Baay’ee Bayeessa, M - Muraasa

B – Bayeesssa, B.M – Baay’ee Muraasa

G.G – Giddu galeessa,

**Dabalee “D” Maqaa Od-himtoota Af-gaaffiifi Marii Gareen Odeeffannoo Kennan**

| T/ L | Maqaa | Saala | Umrii | Ganda | Gahee Hojii | Guyyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Baay’isee Cuukkoo | Du | 60 | Reejjii Mokodaa | Haadha Manaa | 20/07/2011 |
| 2 | Xajjii Tarreessaa | Du | 55 | Reejjii Mokodaa | Haadha Manaa | 20/07/2011 |
| 3 | Abdii Tulluu | Dhi | 86 | Incinnii | Xoorramaa | 17/09/2011 |
| 4 | Dinqii Tolaa | DU | 68 | Caancoo Birrattee | Haadha Manaa | 15/08/2011 |
| 5 | Kabbabush Waaqjiraa | Du | 56 | Bishaan Diimoo | Haadha Manaa | 02/8/2011 |
| 6 | Addunyaa Guutamaa | Dhi | 77 | Caancoo Birrattee | Maanguddoo | 09/9/2011 |
| 7 | Joobiruu Tolchaa | Dhi | 65 | Reejjii Mokodaa | Qotee Bulaa | 09/9/2011 |
| 8 | Kibbii Hurrisaa | Du | 60 | Reejjii Mokodaa | Haadha Manaa | 09/9/2011 |
| 9 | Tolasaa Dagguu | Dhi | 40 | Caancoo Birrattee | Qotee Bulaa | 09/9/2011 |
| 10 | Alamituu Yaadatee | Du | 38 | Incinnii | I/G/W/Afi T | 5/07/2011 |
| 11 | Seenaa Camadaa | Du | 29 | Incinnii | Hojjettuu W/AfiT | 5/07/2011 |
| 12 | Taaboor Addunnaa | Dhi | 40 | Gaattiraa Nabee | Qotee Bulaa | 11/8/2011 |
| 13 | Xajjituu Dibaabaa | Du | 60 | Reejjii Mokodaa | Haadha Manaa | 09/9/2011 |
| 14 | Kumaa Hundee | Dhi | 51 | Gaattiraa Nabee | Qoteee Bulaa | 11/10/2011 |

## Dabalee “E” Suuraa Namoota Af-gaaffiin irraa Argame









## Dabalee “F”: Suuraa Yeroo Gareen Mari’atan Agarsiisu



## Dabalee “G”: Af walaloowwan funaanaman keessaa muraasa

Faaruu Deessuu fi Maseenaa

Sunqoo sunqoo jette maaramoo
Sunqoo barruu shan hammaarratte
Yeroo dhiphuu shan na waamatte
Dhiphuushee baanaan na irraanfattee jette maaramoo

Ulumaayewoo yaa ulumaayewoo
Qe’een deessuu natti urgaayewoo
Daadhii bookaa, waaddii coomaa natti caalewoo
Goree buluu nan kajeelewoo

Killoo bunaa killayyoo bunaa
Killoo bunaa baga hin soofinoo Shunburaa qabaa
Qe’ee maaree baga hin oodinoo kana hundaa qabayee
Killoo bunaa yaa killoo bunayee
Kan haadha bareechu ilmoo dhumayee
Deessuudhaaf jedhaa mee takkaa turaa yaa killoo bunaa

Hobishe coorishee maafan jechuu didee
Hooba abbaa warraa, coora abbaa marqaa
Maafan jechuu dide.
Habuubbii dallaatti hirkisuu nadheen hoboo
Kan dhuufuun randaa dirrisuu
Maafan jechuu dide.

Coorishee hoobishee
Maafan jechuu didee
Coorri malkaarra didicha
Hoboon marqaa shan liqimsa
Lukkuun sadii nidhalti
Reettiin lamituu dhalti
Ammasheen maal maal jette

Afaanshee banaa sana
Meexxii lamatu marse
Soogiddi qal’aan mandureerraan bu’e
Hoboo dhungannaan sigiggoodhaan du’e
Coora dhungannaan gammachuudhaan du’e
Singiggittii sissiiqxittii warra hoboo kanaa
Manni warra hoboo eesssa hantuutan qabee itti geessa

Yaa maaree siillee siillee
Deessuunoo da’uu hin jiillee
Baga hiikamtee
Deessuu dhiirsi hin jaalatu
Yaa tortortitttii jedhaa
Qomoon dhirsaa in eebbisaa
Yaa bor toltittii jedhaa
Baga hiikamte.
Yaa dhabduu siree goggogaa
Yaa deessuu siree corrooqaa
Siree goggogaarraa bu’ii
Siree corrooqaarra buli.
Maseena masoo dhirsaa
Deechuu naasistuu gosaa
Yaa deechukaa deechuutu fira baay’isaa
Yaa boochukaa boochuutu dhirsa baay’isaa

<u>Faaruu Haadhaa Ateetee Looniirratti</u>

Ateetiyyoo yaa ateetiyyoo
Ateetiyoo yaa haadha loonii
Halaalatti naa bahii
Si waammadhu naa nahii

Birraa birraa dhaleera ya loon ya loon

Yoggaa tikaa tikseet bira dhaabbataa
Lichee lama baatetoo
Yoggaa horaa gooftaatu hora buufataa
Saddeeta dachaasetoo
Yoo keessummaa giiftiitu bira maammadaa
Baksaa kana baateetoo
Haabaattukaa goosuun laga dhaabbataa
Loontuu kana jaalataa dhaleera ya loon ya loon

Faaruu Haadhaa Daboorratti

Noor yaa buddeenaa……………………. Noor yaa buddeena
Buddeeenaaf waaqa saganna
Noor yaa buddeenaa
Buddeen yaa warqiikoo………………… Noor yaa buddeenaa
Farsoo yaa xajjiikoo………………………Noor yaa buddeena
Sumaaf lafa deema lubbuunkoo………… Noor yaa buddeena buddeenaaf
Yaa haadha farsoo naqxee
Yookaan ni faarsanii
Yookaan eebbisanii
Garaa asham godhanii

Faaruu Haadhaa Foolleerratti

Foollee nooruu (2x)
Yaa dhirsa sigabaa kooruu
Waa butu malee hin oolu
Amma dhokattee dannii keessa teessu
Tokko fuutee qofforattee hin nyaattuu
Wadalicha manjii keessaa
Maa dhokattee gola keessa teessa
Foollee dhirsa si gabaa
Foolleen har’a si qaba

Hoo turunbullee foolleen qabe sigabaa
Yaa kormaa (2x) handaaqqoo yaa sagal iyyaa
Foolleen sigabaa balleesse biyyaa
Singiggittii sissiiqxittii warra hoboo kanaa
Manni warra hoboo eeesssa hantuutan qabee itti geessa

<u>Faaruu Haadhaa Cidharratti</u>
Farduu jira <u>kooraa hin baatiinii x2i</u>
Haate jirttii, abbeenkeejiraa, gostuu siif jiraa
homaa hin yaadiin
Waanumtin si gorsu Eeboo teechumaati
Galcha keechummaati Eeboo balbalaati
Eelee galgalaati
Ibiddi hin dhaamiin gandaa si hin waamiin
Waamee si hin dhaaniin
Ibiddi ni guba nama hin gubu seetee?
Jechi haadha ormaa nama hin hubu seetee?

Gasoo naa fidaa
Awwaalan diiga
Kaabii irraa kaasa
Harmeen barbaada
Guddisa ishee cabde
Uwwisa ishee dhabde
Yaa illeetti xaddee
Yaa afaa boollarraa
Yaa iyyeechaa ni bannee
Warri haadha hin qabne
Kanaafan booya kaa

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorattuun maqaafi mallattoonkoo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii Wdhuunfaakoo ta’uu isaa ibsaa hojiin kun kanaan dura Yuunversiitii kamiyyu keessatti kan hin dhiyaanne ta’uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa’uukoo mallattookootiin mirkaneessa.

Maqaa qorattuu: ______________________________

Mallattoo: _________________

Guyyaa: ___________________

Ani Dr. __________________________ barattuun kun hojiin ishee ofittisuuf dhiyaachuu danda’uu ishee mallattookootiin mirkaneesseera.

Maqaa gorsaa: ___________________________________

Mallattoo: ________________

Guyyaaa: ___________________